



Barumsa Sanbataa

Barumsa Sanbataa Ga'essota

Qajeelfama Qu'annoo Macaafa Qulquluu

Macaafa Hojii Ergamootaa

Barreessaan – Wilsan Paaroochi

*Afaan Orommotti kan Hiike – Gammachuu Faantaa
Areerii*

Maxxansaan:- *Mana Maxxansaa Waldaa Adveentistii Guyyaa 7ffaa,
Finfinnee*

Nuusa 3ffaa

Adoolessa – Hagayya – Fuulbana

2018

Macaafa Hojii Ergamootaa

Qabeentaa

1ffaa. Dhuga-baatota Koo in Taatu—Waxabajjii	30—
Adoolessa 6.....	3
2ffaa. Guyyaa Pheenxeqoosxee —Adoolessa	7-13
.....	13
3ffaa. Jiruu fi Jirenya Waldaa jalqabaa Keessatti —	Adoolesa 14-20.
.....	23
4ffaa. Hoggantoota Waldoota Angafaa —	
Adoolessa 21-27.	33
5ffaaJijiiramuu Phaawuloos—Adoolessa	28—
Hagayya 3.....	44
6ffaaTajaajila Pheexiroos—Hagayya	4—10
.....	55
7ffaa. Ergama Imala Phaawuloos Isa	
Jalqabaa—Hagayya 11-17. 65
8ffaa. Mana Maree Yerusaaleem—Hagayya	18-24
.....	76
9ffaa. Ergama Imala Lammataa—Hagayya	25-31
.....	86
10ffaa. Ergama Imala Sadeessoo—Fuulbana	1-7.
.....	96
11ffaa. Yerusaalem Keessatti—Fuulbana	8-14
.....	107
12ffaa. Qeesaariyaa Keessatti Daangeffamuu—	15-21. .116
13ffaa. Imala Gara Roomaatti—Fuulbana	22-28.
.....	125

Dhuga-Baatota Koo In Taatu

SANBATA WAAREE BOODA

Qo'anoo Torban Kanaaf Heertuulee Kanneen Dubbisi:
Ho.E. 1:6–8, Luqaas. 24:25, 12 Luqaas. 24:44–48, K. Deebii.
19:15, Ho.E.1:9–26, Fakk. 16:33.

Yaadannoo:-
Heertuu

“Isin garuu, Hafuurri Qulqulluun
yammuu isin irra bu'u, humna in
godhattu, Yerusalemitti, Yihuudaa
hundumatti, Samaariyaatti hamma
andaara laffattis dhuga-baatuu
koo in taatu” (Ho. E. 1:8).

Ergami Yesus lafa irraa akkuma raawwateen, Waaqayyo dafee Hafuura Qulqulluu isaaniif erge, Innis hojji isaanii akka rag-gaasisuuf, mallattoo fi dinqii adda addaaa wajjin. ergami bartootaa humna godhatee andaara lafaa akka ga'uuf. Yesus fooniin hamma bara baraatti isaan wajjin turuu hin danda'u. Haala ergama guutummaa addunyaa keessatti foon uffachuu Isaa qofatu Isa daangesse miti, gara waaqaatti ol ba'uu fi ol fudhatamuun Isaa bu'atii Hafuura Qulqulluuf barbaachisaa ture.

Hamma Yesus du'aa ka'utti, bartooti waa'ee waan ta'aa jiruu sirriitti hin beekne, yeroo waan qaban hundumaa dhiisuudhaan Isa duukaa bu'an, akka bilisa baasaa siyaassaatti Isa fudhatanii turan, gaaf-tokko warra Roomaa biyya isaanii keessaa ari'ee kan baasu, mootummaa sanyii Daawwit kan haareessuu fi Isiraa'elin guddummaa isee duriitti kan deebisu nuuf ta'a jedhanii yaadan. Hojji Ergamootaa 1 keessatti akka dhimma ijootti waa'ee kanaaf Yesus bartoota Isaaf qajeelfama keennuu Isaa fi abdachiisamee kan ture Hafuurri Qulqulluun haala kanaan dhufe. Boqonnaan

kun Yesus gara waaqaatti ol deebi'uu Isaa ibsa, akkasumas waldaan jalqabaa akkamitti akka Phenxeqoosxeef qophoofta argisiisa.

Jalqaba Torbanii

Adoolesa 1

Iddootti Debi'uu Isiraa'el

Waa'ee Masihiichaaf Kakuu Moofaa keessatti waan lamatu raajame. Inni Isa bara baraan moo'uudha, (Faar. 89:3, 4, 35–37; Isaayyaas 9:6, 7; Hisq'el. 37:25; 7 Daani'eel. 2:44; 7:13, 14), fi inni biraan immoo, Masihichi cubbuu saba Isaaf in du'a, (*Isaa. 52:13–53:12; Daan. 9:9; 26*). Raajiiwwan akkasii wal hin morman. Isaanis kutaa lamatti qoodamanii kan jiran tajaajila Masihichaa mul'isu: Jalqaba dhiphachuu irraa eegama, sana booda immoo mootii ta'a (Luqaas 17:24, 25; 24:25,26).

Jaarraa jalqabaa keessatti yaadni Yihuudoti waa'ee Masihummaaf qaban rakkoo qaba ture, innis yaada gam-tokkee dha. Akka isaan abdatanitti Masihichi mootii nuuf ta'a, furmaata siyaasaa fida kan jedhu Kunis immoo Masihichi dhiphachuu fi du'uun isaa akka sirriitti hin hubatamne godhe.

Jalqaba irratti, bartooti yaada Masihichi mootii nuuf ta'ajedhu in qooddatu turan. Yesus akka Masihi ta'e in amanu turan (Maatewoos 16:16, 20), yammuu Inni teessoo Isaa irra taa'u, eenyutu mirga yookaan bitaa Isaa taa'aa jedhanii yeroo tokko tokko yaada waa'ee hin baafnetti qabamu (Maariqoos 10:35-37). Gara fulduraatti carraan maalii akka Isa eeggatu yoo isaan akeekkachiise iyyuu, bartooti maal akka Inni jechuu barbaade hubachuu hin dandeenye. Kanaafuu, gaafa Inni du'u in joonja'an, abdii kutatan, jechoota mataa isaaniin, "Nuyi garuu kan Isra'eli Isa jennee abdannee turre; . . ." (Luqaas 24:21).

Ho.E. 1:6 dubbisi. Waa'ee waan isaan amma iyyuu hin hubatin jiranii gaaffiin kun maal jedhaa? Hojii Ergamootaa 1:7 keessatti Yesus akkamiitti isaaniif deebii kennee?

Yoo du'i Yesus abdii kutannaa guddaa bartootatti fida ta'e, du'aa ka'uun Isaa immoo mootummaa siyaasaaf hawwii isaan qaban sadarkaa takkaa ta'ee hin beeknetti ol kaaseef. Mootummaa Masihiin hogganamu bu'uureessuuf du'aa ka'uun Isaa argisiistuu cimaa dha.

Yesus gaaffii barttotaaf yammuu deebii kennee, kaallat-tiidhaan hin deebisneef: Bu'uura gaaffii bartootaa duubaan jiruuf mootummaa guddaa isaan hawwan hin mormine hin fudhanes. Dubbichaaf utuu furmaata hin kennin darbe, yeroo Waaqayyo hojii Isaa hoijetu Waaqayyo qofatu beeka, sanyiin namaan bira ga'uu hin danda'u.

Akka Luqaas 24:25 keessatti ibsametti rakkinni qabata-maan bartootaa maalii? Waan amanuu barbaannu tokko amanuuun maaliif salphaa ta'ee? Macaafi Qulqulluun waan nu barsiisuun kan faallessu? Kiyyoo kana keessaa akkamitti baanaa?

Wiixata

Ergama Bartootaa

Hojii Ergamootaa 1:8 dubbisi. Tilmaama raajii dubbatamee kees-sa galanii qooda of gammachiisuu, bartoota irraa maaltu eegama-ture, kan gochuu qaban?

Adoolesa 2

Ergama bartootaa ilaachisee heertuu kana keessa tuqaalee bar-baachisoo ta'an afurtu jira.

1.Kennaa Hafuuraa: Saba Waaqayyoo keessatti Hafuurri yeroo hunda in hojjeta. Akka raajootaatti garuu, gara fuulduraatti kennaa hafuuraa adda ta'etu jira (Isaayyaas 44:3; Iyoo'eel 2:28, 29). Akkuma Yesus Hafuuraan dibameen, Hafuurri Qulqulluun bara tajaajila Isaa dурsee hojii irra ture (Luqaas 4:18-21) garuu hamma Kiristoos waaqaatti ol fudhatamutti ifa ba'ee hin lallabamne (Yoh. 7:39, Ho.E. 2: 33).

2. Shoora Dhuga-baatuu: Dhuga-baatuu ragaa jalqabaa ti. Bartooti dhuga-baatota akkasii ta'uuf madaallii in guutu (Ho.E. 1:21,22; 4:20; 1 Yohaannis 1:1-3 wal maddii qabii ilaali), har'as muuxannoo addaa Yesus waliin qaban addunyaa wajjin qooddachaa jiru.
3. Karoora Ergamichaa: Bartooti jalqaba Yerusaalem keessatti dhugaa ba'utu isaan irra ture, sana booda Yihuudaa fi Sa-maariyaa hamma andaara lafaatti. Karoorichi tarkaanfataa ture, Yerusaalem wiirtuu jirenya amantii Yihuudotaa ti, bakka Yesus itti hammeeffamee fi fannifamee dha. Yihuudaa fi Sa-maariyaan biyyoota olla Yesus keessa naanna'ee tajaajilaa turee dha. Bartooti garuu naannoo qofatti of hin daangessine, ergamni isaanii addunyaaawaa dha.
4. Ibsa Ergamichaa: Baroota Kakuu Moofaa keessatti, sabotatu gara Waaqayyootti dhufa (Isaayyaas 2:1-5 ilaali), Israa'el miti Waaqayyoon gara sabotaatti kan geessu. Wanti xiqqoon yaada kanaan alaa (fakkeenyaaaf, Yoonaas) yaada walii gala gatii hin dhabsiisu. Aamma tooftichi adda, Yerusaalem amma iyyuu wiirtuu dha, achitti jedhu hidda kan cimsatan. Bartooti achi keessaa ba'anii gara handaara lafaatti socho'utu irraa eegama ture.
- Luqaas 24:44-48 dubbisi. Ergaa ijoon bartooti lallabuu qaban maali?

Erga du'aa ka'ee guyyoottan afurtama Yesus bartoota waliin dabarse keessatti (Ho.E. 1:3), waa'ee dhugummaa mootummaa Waaqayyo ibseefii ture, amma iyyuu wanti isaan hin hubanne baay'een yoo jiraate iyyuu, akkuma gaaffiin isaanii Hojii Ergamootaa keessatti mul'isetti. Raajiilee raajaman duraanuu beeku, ifa haaraan isaan sana (raajiilee raajaman) ilaalan, ifa dhiiga fannoo irraa dhengala'ee fi awwaala duwwaa (Hojii Ergamootaa 3:17- 19) ifu.

Inni Deebi'ee In Dhufa

Hojii Ergamootaa 1:9-11 dubbisi. Gara waaqaatti ol fudhatamuu Yesus Luqaas akkamitti ibsee? Ergamoonni lama isaanitti dubbachuun maal fayyada (Keessa Deebii 19:15 ilaali).

Waa'ee ol fudhatamuu seenaa Luqaas dhiheesse gabaabaa dha. Yesus gaara Ejersaa irra bartoota wajjin ture, utuu Inni isaan eebbisaa jiruu, (24:51), sana booda gara waaqaatti ol fudhatame. Wanti ta'e haala dinqisiisaa ta'ee hin beeknee fi ija namaatti akka fakkateetti ibsame, akka inni dhugumaan ture utuu hin ta'in. Yesus biyya lafaa dhiisee deemuuf jedha, garuu karaan ija namaatti mul'atu hin jiru ol ba'uu malee.

Ol fudhatamuun Yesus hojii dinqisiisaa Waaqayyo guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti hojjete keessaa isa tok-koo. Kun akkaata ibsa Luqaasiin mul'ateera, hirmaannaa (hojii) malee (passive epērthē) (“Inni ol fudhatame” Hojii Ergamootaa 1:9). Kakuu Haaraa keessatti yoo as qofatti itti dhimma ba'an iyyuu, Kakuu Moofaa Aafaan Giriikiin iddo baay'eetti argama, hundi isaanii gochaa Waaqayyoo ibsu, akkuma Yesusiin warra du'an keessaa kaase, gara waaqaatti kan Yesusiin ol fudhates Waaqayyo (Hojii Ergamootaa 2:24, 332; Roomee 6:4; 10:9).

Erga Yesus duumessaan haguugamee, Luqaas waa'ee namoota lama uffata adii uffatanii bartoota duubaan dhaabbatanii qofa Hojii Ergamootaa keessatti ibse. Ibsi kun ergamaa uffata adii uffatee (Hojii Ergamootaa 10:30, Yoh. 20:12) keessatti argamu wajjin wal fakkaata. Yesus karaadhuma ol fudhatame deebi'ee akka dhufu bartootaaf mirkaneessuu dhu-fan. Yesus ija ergamoota duratti ol fudhatamuu kan ibsu Hojii

Ergamootaa qofa (Ho.E. 1:9).

Kanaaf, mul'inatti ol fudhatamuun Isaa mul'inatti deebii'uu Isaaf wabii ta.e, duumessa keessaan kan ta'u "humnaa fi ulfina guddaa dhaan" (Luqaas 21:27). Akka taatee dhokataatti utuu hin ta'in, "iji hundinuu Isa ilaaluuf jira"(Mul. 1:9), kophaa Isaa hin ta'u (Luqaas 9:26, 2 Tasa.1:7). Ulfinni deebi'ee dhufuu isaa harka baay'een isa ol fudhatamuu caala.

Dhugummaa fi kakuu dhufaati Isaa Lammataa yeroo hunda of duraa qabaachuu akkamitti barraa? Dhugaa inni guddaan sun akkamitti guutummaa jirenya keenyaa irraan dhiibbaa ga'aa,fakkeenyaaf, maallaqa, dursa kennuu, filannoo safuuf?

ROOBII

Adoolesa 4

Ayyaana Peenxeqoosxeef Qophaa'uu

Hojii Ergamootaa 1:7,8 keessatti deebii kenne keessatti waa'ee yeroo ilaachisee Yesus waan abdachiise hin qabu, garuu jechooti Isaa bu'atii Hafuuraa booddee bartooti hojii isaanii in xumuru isa jedhutti hiikama, Innis deebi'ee in dhufa (Maatiwoos 24:14 ilaali). Ergamootis dubbii isaanii (Ho.E. 1:11) keessatti dubbatan keessatti gaaffii mootummaan Waaqayyoo yoom dhufa isa jedhuuf deebii hin laatne, garuu akka fagoo hin taanetti hubatama. Kun maaliif bartooti, "gammachuu guddaadhaan gara Yerusaalemitti deebi'an (Luqaas 24:52) ibsuudhaaf. Kakuun Dhufaati Lammata Yesus yeroo hin beekamnetti ta'uun isaa, ergama bartootaaf jajjabina dabalataa ta'e, kana jechuun yeroon dhufaati Isaa ga'eera jechuu waan ta'eef. Wanti Hojii Ergamootaa keessatti itti fufee ta'es yaaduma kana argisiisa.

Hojii Ergamootaa 1;12-14 dubbisi. Kutaa isa ol aanu keessa eenyutu turee?, bu'atii Hafuuraaf haala kamiin of qopheessanii?

Gaara Ejersaa irraa erga deebi'anii, bartoonni mana keesummaa, kutaa isa ol aanu keessatti walitti qabaman(Afaan Laatiin, seenaakulam) mana dhuunfaa abba darbii lamaa Yesusaalem keessatti kan argamu ture. Bartoota waliin kanneen turan dubartoota (Luqaas 8:1-3, 23:49, 24:1-12) haadha Yesus fi obboloota Isaa fa'i.

Obbolooti Yesus (Maar. 6:3) lachuun isaanii quxisuu (dabaloo) Yesus yamuut ta'an, ijoollee Yooseefii fi Maariyaam turan(Maat. 1:25, Luqaas 2:7) yookaan utuu Yooseef Maariyaamin akka haadha waarraatti hin fudhin dura gaa'ela isaa duraa keessatti ijoollee Yoseef hore ta'uu danda'u. Bartoota gidduutti argamuun isaanii waan dinqisiisaa dha, yeroo hundaa ija shakkiin waan Isa ilaalaniif(Maariqoos3:21, Yoh. 7:5). Du'aa ka'uu fi addumaan Yaaqoobitti mul'achuun Yesus (1 Qoro.15:7) garaagarummaa hunda waan fide fakkata. Gara boodaatti hogansi hawaasaa Kiristaanaa Pheexiroosi irraa gara Yaaqoobitti darbe(Ho.E. 12:17; 15:13;21:18; 2:9,12).

Gaafa hundaa kadhannaadhaan(Ho.E. 1:14), gaafa hundaa mana sagadaa keessa ta'uun, maqaa Isaa jajachuu (luqaas 24:53), yeroo cubbuu ofii himachuu, yaada garaa geddarachuu fi cubbuu of irraa fageessuutti akka qabamanii turan shakkii hin qabu. Bu'aatii Hafurraa jechuun gara Dhufaatii Lammataatti akka geessu sammuu isaanii keessa waan tureef, ejjennaan Hafurraa isaanii immoo waan ta'uuf jiru wajjin guutummaatti tokkummaa qaba ture, akkuma Hafurri Qulqulluun deebii kadhanaa isaanii ta'ee olseenutti.

Filannoo keenya guyya-guyyaa keessatti, akka Hafurri jirenya keenya keessatti hojjetuuf karaaakkamiin qopheessuun gargaarrraa?

Bartoota Kudhalamaan

Hawaasa Kiristaana durii gara amantota 120 ta'an (Ho.E.1:15) tarkaanfii bulchiinsaa jalqabaa filannoo bakka Yihuudaa buusuu geggeeffamee dha.

Hojii Ergamootaa 1:21,22 dubbisi. Namni Yihuudaa bakka bu'uuf filamu ulaagaa akkamii guutuutu irraa eegamaa? Kun malif baay'ee barbaachisaa ta'ee?

Du'aa ka'uu Yesusiif dhuga-baatuutu barbaadama ture (Ho.E. 4:33n wal maddii qabii ilaali; kun baay'ee barbaachisaa dha, sababiin isaa du'aa ka'uunn isaa yeroo sanattis har'as Masi-hummaa Yesusii fi dhugaa guutummaa amantii Kirstaanaaf ragaa humna qabeessa.

Haa ta'u malee, filannoosun bartoota gidduutti geggeeffame, sababiin isaa namni filamu qabuu guutummaa bara tajaajila Yesus bartoota walin kan ture ta'uu qaba waan taa'eef. Phaawuloos yoo jalqaba Yesus wajjin hin turre ta'ee iyyuu, ta'us aboo ergamaa ta'uu qabaachuu isaaf karaa Damaasqoo irratti Yesusiin arguun isaa ulaagaa isa guuttachiisa, dhugabaatuu du'aa ka'uu Yesusiif (1 Qor.9:1). "Yeroo malee dhala-chuu" isaa yoo amane iyyuu (1 Qor. 15:8), Phaawuloos ergamoota warra kaanii gaditti of lakkauu hin dide (1 Qor.9:2) Warra kudhalamaanii fi Phaawuloos qofatu "ergamoota" turan. Jechi "ergamoota" jedhu aboo qabachuu kan ibsu, jila, . . . hojjetoota wangeelaa warra kaaniifis in fayyada (Ho.E. 14:4, Gal. 1:19).

Hojii Ergamootaa 1:23-26 dubbisi, Maatiyaas akkamitti filamee?

Karaa isaan Maatiyaasiin filuuf fayyadaman kan hin baratamne ture, garuu muka carraa buufachuun murtii kennuuf hoji-maata baroota dheeraa lakkofsisee dha (Leewwota 16:5-10, Seera Lakk. 26:55). Dabalataan, qaadhimaatooti filmaataaf dhiyatatan duraan kan beekamanii fi wal qixxee ulaagaa kan guutan turan, tarkaanfii jargiitti fudhatame miti. Amantoonni kadhan-naadhaan Waaqayyootti dhiheeffachaa turan (fakkeenya 16:33 wajjin wal maddii qabi ilaali). Murtoon filannoo sun gufachii-fameera yoo ta'eef, ragaan hin jiru. Guyyaa Pheenxeqoosxee booda muka carraa buufachuun waan hin barbaachisneef hafeera, sababiin isaa Hafuurri kallattiidhaan waan geggeessuuf (Hojii. E. 5:3, 11:15-18, 13:2, 16:6-9).

Utuu namni tokko gara kee dhufee, “ Fedha Waaqayyo jirenya koof qabu akkamittan beekaa? Jedhee yoo si gaafate deebiin kee maal ta’uu qabaa?, maaliif?

Jimaata

Adoolessa 6

Yaada Bal'inaan: “Guutummaan yeroo ce’umsaa Guyyaa Pheenxeqoosxee fi paaroosiyyaa (Dhufaatii Lammataa) gidduu jiru (dheeratus gabaabbatus) humna Hafuuraan ergamni waldaa yammuu guutummaa addunyaa ga’u raawwatama. Hordoftooti Kiristoos waan lama labsuu qabu: Bu’aa I/nni Dhufaatii I/saa jalqabaatti argamsiisee fi Dhufaatii I/saa Lammataaf qalbii jij-jirrachuun amananii akka Dhufaatii I/saa Lmmataa eeggataniif saba Waaqayyoof waamicha godhuu dha. Hamma handaara lafaatti I/saaf dhuga-baatoota ta’uu qabu (Hojii E. 1:8) fi ‘hamma dhuma baraattis.’ . . . Hamma fiixeen lamaan wal bira ga’amutti bilisummaa hin qabnu.” —John R. W. Stott, *The Message of 13 Acts: The Spirit, the Church & the World* (Downers 14 Grove: InterVarsity, 1990), p. 44.

“Wantoota Fayyisaan bartootatti kenne amantoota hundumaa hammata. Hamma dhuma baraatti Kiristoositti kanneen amanan hundumaa hammata. Hojiin lubbuu fayyisuu tajaajiltoota dibaman qofaan hojjetama jechuun dogoggora balaa guddaa

qabuu dha. Warri hafuurri waaqa irraa dhufeef hundi Wangeel-lii itti kennameera. Warri jirenya Kiristoos fudhatan hundi lubbuu obboloota isaanii fayyisuuf akka hojjetaniif dibamaniiru. Hojii kanaaf waldaan dhaabbate, warri kakuu qul-qullaa'aa fudhatan, warra Kiristoos wajjin hojjetan jedhamu.”

—Ellen G. White, *The Desire of 5 Ages*, p. 822.

Gaaffilee Maree:

Hojii E. 1:7 Maariqoos 13:32 nu yaadachiisa: “ Yeroo yookiis bara Abbaan Gooftummaa isaatiin dhaabe beekuun isiniif hin kennamne, . . . ergamoonni waaqa irraa; ilmis, namni tokko il-lees kana hin beekan.” Elam G. Waayit akkas jettii: “ Yeroo ir-ratti kan hundaa'e saba Waaqayyoof ergaan irra deebi’amee kennamu hin jiru. Yeroo adda ba’ee beekame kan Hafuurri dhangala'u yookaan dhufaatii Kiristoos beekuun nuuf hin kennamne.”

—*Selected 15 Messages*, vol. 1, p. 188. Itti Dabaltees: ”Namni kamuu yeroo, guyyaa, bara Kiristoos mul’atu ergaa qabatee yoo labsuuf ka’e yookaan ergaa Waaqayyo isaaaf hin laatne yoo labse waanjoo of irra kaa’e,” —*Advent Review and Sabbath Herald*, Sept. 12, 20 1893.

1. Ibsi kun har'a nuuf ergaa maalii dabarsaa?

Namni tokko yeroo tokko akkas jedhee: ”Waaqayyo habu-kaatota caalaa dhuga-baatota barbaada.” Waa’ee ibsa ka-naa maal yaaddaa?

2. Waldaa durii keessatti shoorri kadhannaan maalii? Yeroo rakkinni isaan mudatuu fi kadhannaan isaanii wali irra oolaa? (Hojii E. 1:24; 8:14-17; 9:11, 12; 10:4, 9, 30; 13:2, 3) Jirenya keenya har'aa keessatti kadhannaan shoora akkamii qabaa?

Barummsa 2ffaa Adoolessa 7-13

Pheenxeqoosxee

SANBATA WAAREE BOODA

Qo'anno torban kanaaf heertuuwwan kanneen dubbisi: Hojii E. 2:1-4, Yoh. 14:16, 11 Hojii E. 2:5-13, Iyyoo'el 2:28-32, Hojii E. 2:22-39, Faar. 110:1-3.

Yaadanno.: i Heertuu | “Yesus kana Waaqayyo du’aa kaaseera; nu hundumti keenya isa kanaaf dhuga-baatuu dha. Inni gara mirga Abbaatti ol fudhataame, Hafuura Qulqulluu isa abdachiifame ture abbaa biraa fuudhee erge; kan isin amma argtanii fi dhageessan kun isa”(Hojii E. 2:32,33).

Jechi “Pheenxeqoosxee” jedhu jecha “pentēkostē” jedhu irraan dhufe. Kunis immoo torban ayyaana Yihuudotaaf maqaa Afaan Giriikiin kennamee dha(Ba'u. 34:22). Aayyaana makariis in jedhama (Lakk.28:26).jechichi kudhashanaffaa jechuu dha, innis hoomisha midhaan garbuu jalqabaa aarsaaf jalqaba guyyaa bira darbaatti erga dhiyaatee kudhashanaffaatti kan ayyaneffatamuu dha. Guyyaan Pheenxeqoosxee guyyaa gammachuu fi galataa ti, guyyaa sabni Isiraa’el hangafa hoomisha midhaanii isa dura galfatu qamadii fuula Gooftaa isaanii duratti dhiheessanii dha (Ba'u. 34:22).

Guyyaan gammachuu fi galataa kun waldaa Kiristaanaaf immoo hoomisha hafuuraa wajjin wal simuun akka mallattootii fudhatame. Guyyaa kanatti takkaa ta’ee kan hin beekne,Hafuurri Qulqulluun baay’ee mirgisee dhangala’e, kan hordofe namoota kuma sadii kan ta’antu guyyaa tokkotti cuuphame

(Ho.E.2:41).Gara waaqatti ol fudhatamuu Yesus hordofee, bu'atiin Hafuuraa ta'e tasa ture. Humna adda ta'een kan ergamoota jijiire,aadaa wal xaxaa warra Galiilaa irraa gara namoota amantii fi seexaa jabaa qabaniitti jijiire, addunyaas jijiiruu kan danda'an ta'an. Pheenxeqoosseen guyyaa dhaloota waldaa ti, hordoftooti Kiristoos Yihuudotaa fi "booddee" immoo Ormooti akka saba Waaqayyoo lafa irraatti beekamtii itti argatanii dha.

JALQABA TORBANII Adoolesa 8

Dhufaatii Hafuuraa

Yesusiif abboomamuun,amantoonni (bartoonni) Hafuura isa abdachiisame eeggachaa Yerusaalem keessa turan, kadhannaa garaa rakutuun, qalbii jijiirranna fi jajannaan eggachaa turan. Yamuu guyyichi ga'u, "isaan hundumtuu iddo tokkotti walitti qabaman" (Ho.E.2:1).Tarii kutaa guddaa ol aanu keessa turan, Haa ta'u malee dafanii bakka wal gahii uummataatti argaman (Ho. E.2:6-13).

**Hojii Ergamootaa 2:1-3 dubbisi.Humna akkamiitu
bu'atii Hafuura Qulqulluu wajjin miiltoo ta'ee dhufee?**

Taateen sun baay'ee guddaa ture. Jalqaba irratti sagalee guddaatu waqa keessaa dhaga'ame, sagalee dho'insa volkanoo fakkaatu iddo hundumaatti dhaga'ame. Sana booda waan akka arraba ibiddaatu namaoota achi turanitti bu'e.

Barreeffama Qulqulla'a keessatti qilleensaa fi ibiddi mul'achuu Waaqayyoo wajjin hariiroo qabu (fakkeenyaaaf Ba'uu3:2, 19:18, Keessa Deebii 4:15). Dabalataanis qilleensaa fi ibiddi Hafuura Waaqayyoo bakka bu'u (Yohaannis 3:8, Maate-woos 3:11). Pheenxeqoosxee ilaachisee, hiikaan dhugummaa taateewan sanaaf kennaman hammam sirrii haa ta'uus, seenaa fayyinnaa keessatti isa abdchiisame bu'atii Hafuuraa yeroottii gabaabduu fi adda taate sana keessatti beeksisuuf ture.

Hafuurri yeroo hunda hojiirra jira.Kakuu Moofaa keessatti dhiibbaa inni saba Waaqayyoo irraan ga'u karaa baay'ee beekamaa ta'een ture, garuu, takkaa guutuu ta'ee hin beeku."Bara Phaaphaasotaa (Abbootaa)dhiibbaan Hafuura Qulqulluun argamuu akka danda'uttii mul'ata ture, takkaa guutummaan miti.

Sagalee Fayyisaa isaaniif abboomamuu dhaan,Bartooti kennaa Hafuuraaf kadhatan, Kiristoosis waaqa irraa araara Isaa itti dabaleef. Innis kennaa Hafuura gaafate saba Isaa irratti akka bu'uuf."—Ellen G. 19 White, *The Acts of the Apostles*, p. 37.

Yohaannis cuuphaa dursee dubbateera, dhufaatii Masihichaa wajjin Hafuuraan cuuphamuun akka jiru (Luqaas 3:16);Hojii Ergamootaa 11:16 wal bira qabii ilaali). Yesusis sia baay'ee waa'ee kanaa kaaseera (Luqaas 24:49;Ho.E. 1:8). Bu'aatiin Hafuuraa kun fuula Waaqayyoo duratti hojii araarsaa Kiristoos isa jalqabaa ti (Ho.E. 14:1626;15:26). Guyyaa Pheenxeqoosxeetti kakuchi in raawwatame.

Hafuuraan cuuphamuun guyyaa Pheenxeqoosxee adda ta'uun isaa mo'icha Kiristoos fannoo irratti mo'ee fi waaqatti ol fudhatamuun isaa waliin hariroo yoo qabaate iyyuu, muuxannoon Hafuuraan guutamuu fufinsaan jirenya amantootaa keessatti argamuu qaba (Ho.E.4:8, 31;11:24;13:9,52;Efe. 5:18).

**Hafuurri jirenya kee keessatti hojjechaa jiraachuu
isaaf ragaan ati dhiheeffattu maali?**

WIIXATA

Adoolessa 9

Kennaa Afaanii

Hojii Ergamooaa 2:4 keessatti akkuma ibsametti, kennaan Hafuuraa karaa afaan gara garaa dubbachuun mul'ate. Amma illee, kennaan kun karaa addaa danuu Hafuura mul'isan keessa isa tokko qofa (Ho.E.10:45,46;19:6). Warri kaan immoo waan

gara fuulduuraatti ta'uuf jiru raajan (Ho.E.11:28), mul'ata (Ho.E. 7:55), geggeessaa Hafuuraan dubbachuu (Ho.E.2:8, 28:25), fayyisuu (Ho.E.3:6, 12; 5:12, 16), kennaajila (Ho.E.6:3,5).

Guyyaa Pheenxeqoosxeetti kennaan afaanii bu'aatii Hafuuraaf ragaa barbaachisaa waan ta'eef miti. Ergama waldattiin addunyaaf qabdu jalqabuuf mul'ate. Kanaaf waamichi Hojii Ergamootaa 1:8 ta'e kennaan afaanii kan barbaachiseef. Utuu ergamoonni ittisa aadaa cehanii wangeela qabatanii andaara lafaas ga'anii, namoota achitti argatanitti wangeela isaan labsan, barsiisa isaani akka dhaga'aniif kennaan afaan haaraa kanatti fayyadamu.

Hojii Ergamootaa 2:5-12 dubbisi. Guyyaa Pheenxeqoosxeetti ergamoonni afaan biyya bira keessatti dubbatamu dubbachuu isaaniif ragaa akkamiitu jira?

Jaarraa jalqabaa keessa Yihuudota miliyoona saddeetii hanga kudhan ta'antu addunyaa kana irra ture jedhame tilmaamama. Isaan kana keessaa 60% biyya Yihuudaa jedhamtuu ala jiraatu. Kanaaf, namooti baay'een Yerusaalem keessatti argaman biyya alaa irraa dhufan, kanaaf afaan Armaayiki, afaan Yihuudotaa bara sanaa, dubbachuu fi dhaga'uu hin danda'an turan.

Gaafa Pheenxeqoosxee kan amanan irra caalaan Yihuudota biyya adda addaa irraa dhufanii dha, wangeela afaan isaanii jalqabaan kan dhaga'an. Ergamoonni afaan biyya bira keessatti hojjachaa jiruun dubbatan, miiraan guutamanii afaan hin beekamne utuu hin ta'in. Knaaf jechi "dialektos" jedhu ragaa dha (Ho.E. 2:6,8), kana jechuun afaan sabaa yookaan naanoo (Ho.E. 21:40, 22:2, 26:14 wal maddii qabii ilaali). Ifumatti afaanota garaa garaa kanaan dubbatan. Wanti dinqisiisaan namni Galiilaa kamuu afaan

armaan dura, saa'atii gabaabduu dura,kan dubbatee hin beekne amma garuu dubbachuu danda'uu isaanii ti. Yihuudoti naannoo waa'ee afaan haaraa kanaaf dhugaa ba'an garuu afaanichaan dubbachuun kan hin kennamneef, ibsi isaan kennuu danda'an, ergamoonni in machaa'an jechuu qofa, kanaafis sagaleehaaraa hiika hin qabneen dubbatan." Isaan keessaa gam-tokko ergamootatti kolfan, akkasis jedhan 'wayinii baay'ee dhuganiiru' " (Ho.E.2:13).

Humna guddaan mul'achuun Waaqayyoo ija isaanii duratti ta'e, namooti sun akka isaan machaa'anitti yaadan, maaliif? Ofii keenyaaf Hafuuratti akka jaamota hin taaneef akkamitti of eegganna?

KIBXATA

Adooleessa 10

Lallaba Pheexiroos

Hafuuraan guutamuun akka Pheexiroos waa'ee waan ta'aa jiru dubbatuuf carraa kenneef. Dubbii isaa keessatti, Ergamichi jalqaba irratti gara sagalee Waaqayyootti yaada namoota deebisee (Ho.E. 2:16-21), bu'aatiin Huafurraa raawwatamuu raajii dubbatamee ta'uu isaa ibse.

Hojii Ergamootaa 2:17 Yo'el 2:28 waliin wal maddii qabii ilaali. Yeroo raajiin Yo'el itti raawwatame Pheexiroos akkamitti hubatee?

Raajiin Yo'el fayyina dhaloota egereef kan ta'u ture (Yo'el 2:32), addunyaa uumamaa keessatti amala mallatoolee hedduun dabaalamuu fi dhangala'uu Hafurraa hamma maleE (Yo'el 2:28 -31). Taateewwan guyyaa Pheenxeqoosxee gidii-seennaa ifa raajii akkasiin, Pheexiroos haala yeroottii sanaa seenaa wajjin wal qabsiisuu barbaade. Garuu haalli inni itti Yo'el keessaa luqqifate garaagarummaa guddaa qaba. Isa Yo'el seensa irratti

“kana booda” jedhee (Yo’el 2:28) bifa walii galaan gara fuula duraa kan argisiisu yammuu ta’u, qooda kanaa Pheexiroos akkas jedhe, “guuyyoota xumuraatti” (Ho.e. 2:17), fayyina keessatti gochi guddaan xumura diraamaa jalqabameera. Dhuguma kun taateewwan bara raawwataa hin ibsu, garuu raga miira hatattamaan waldaa durii adda godhudha. Barri raawwataa yoom akka ta’e hin beekan garuu akka yeroo dheera hin fudhanne amananiiru.

Hojii Ergamootaa 2:22-32 dubbisi. Wangeela yammuu barsiissee qabxii ijoon barsiisa Pheexiroos maali?

Erga barbaachisummaa raajummaa Pheenxeqooxee ibsee booddee, Pheexiroos waa’ee taateewwan as dhiyootti deebi’e, innis waa’ee jirenya Jesus, du’a Isaa fi du’aa ka’uu Isaa. Du’aa ka’uu Isaa ti kan xiyyeeffanna argate, seena wangeelaa keessatti shoora murteessaa waan qabuuf. Du’aa ka’uun Isaa Pheexiroosiif mirkanoeffanna isa xumuraa ture (Ho.E. 2:22-27), waa’ee hiika du’aa ka’uu ibsuuf, Pheexiroos Caaffata qulqullaa’aa luqqifanoo fudhate.

Yesus waan Masihichii ta’ef du’aan hidhamuu hin danda’u. Kanaaf Pheexiroosii fi barreessitoota Kakuu Haaraa hundumaaf, du’aa ka’uun Yesus ragaa humna-qabeessa ture, Yesus, Masihicha qofaaf utuu hin ta’in, ergaa fayyinnaa Kiristaanota hundaaf ta’aa.

Bakka du’aan marfamnee jirruu hundaatti, yeroo hunda nu sodaachisa yookaan kanneen nu jaallatanis, du’aa ka’uun Yesus hammana maaliif dhugaa barbaachisaa ta’ee?

OI Fudhatamuu Yesus

“Inni gara mirga Waaqayyo Abbaatti ol fudhatamee, Ha-fuura Qulqulluu isa abdachiifamee ture Abbaa biraan fuudhee erge; kan isin amma argitanii fi dhageessan kun isa” (Ho.E. 2:33).

Dubbii isaa kutaa sadeessoo keessatti, Pheexiroos gara dhimma afaaniitti deebi'e, sadarkaa jalqabaatti saba achi ture kan hawwate. Bartoonni machaa'aniiru jechuun hin danda'amu, ganama yeroo sadafkaatti machaa'anii argamuu hin baratamne waan ta'eef (Ho. E. 2:15), amantoonni afaan haaraan kan dubbatan Hafuurri Qulqulluun waaqa irraa amma waan dhangala'eefi.
Hojii Ergamootaa 2:33-36 dubbisi. Walitti hidhamiinsi Yesus ol fudhatamee mirga Abbaa taa'uu fi bu'atii Hafuuraa gidduu jiru maali?

Garri mirga Waaqayyoo iddoor aangoo ti (Faar.110:1-3). hun-deen dubbiin Pheexiroos Caaffata Qulqulluu dha, Yesus iddoor aangoo qabeessa sanatti sababa ol fudhatameef Hafuurri Qul-qulluun hordoftoota Isaa irratti bu'e. OI fudhatamuun Yesusiif aboo Inni duraan hin qabne hin laatneef (Yoh. 1:1-5). Mirga Abbaa taa'uun beekamtii Abbaa isa ol'aanaa, Yesus aboo addaa akka Gooftaa fi fayyisaatti qabaachuu Isaa mul'isa (Ho. E. 2:56). Taatee kun dhugumatti gara yaada ijoo Caaffata Qul-qullaa'aa keessatti baay'ee barbaachisaa ta'eetti nu fida:innis lola waaqa irraa isa waan gaarii fi hamaa gidduutti ta'e. Qabxiin as irratti ka'uu qabu, utuu Yesus ol hin fudhatamne ta'ee, Ha-fuurrri guutummaatti hin dhufu ture (Yoh. 7:39), Yesusi ol hin fudhatamu ture utuu fannoo irratti hin mo'anne ta'ee (Yoh. 17:4, 5). Jecha biroon, ol fudhatamuun Yesus bu'atii Ha-fuuraaf haala-duree ture sababiin isaa waan Yesus fannoo irratti raawwate, seexanicha isa biyya lafaatti gad-darbatame mo'uu

dalatee, mirkaneessuu Waaqayyoo mul'ise (Yoh.12:31).

Cubbuun biyya lafaatti galuun Waaqayyo irra gaaddisa buuse. Barbaachisummaan du'a Yesus furamuu ilmaan namootaa qofaaf utuu hin ta'in, qajeelummaa Waaqayyoo mirkaneessuu fi waliin dha'aa seexanaa saaxiluufis akka ta'utti malee. Bara tajaajila Yesus keessatti, hojjiin fayyinaa hojjetamaa tureera (Luqaas 4: 18-21). Yammuu Inni seexana baasee yookaan dhifama cubbuu godhe, warra garbummaa sexanaa jalatti kufan irratti hubannaa qaba ture. Ta'us, sana godhuuf fannootu aboo guutuu kennaa. Yammuu aarsaa of godhuun Yesus waaqa irritati raggaasifamu, badiisa murteessaatu seexana irra gahe, Ha-fuurri in dhangala'e saba Waaqayyoo dhufaatii Kiristoos isa Lammataaf akka qophaa'aniif.

KAMISA

Adoolessa 12

Fiiriwwan Jalqabaa

Barsiisi Pheeexoos onnee dhaggeeffattota isaa in cacabse. Isaan keessaa gam-tokko torban muraasa dura akka Yesus fannifamuu warra gaafatanii dha (Luqaas 23: 13-15). Aamma akkas jedhani, Yesus, Naazireetichi, dhuguma Waaqayyoon kan mudame Masihi dha, garaa gaddaai in iyyan: " Yaa obboloota nana maal goonu ree?" (Ho.E. 2:37).

**Hojii Ergamootaa 2:28 dubbisi. Dhiifama gochuuf
ulaagaaleen bu'uura lama maali?**

Qalbii jijiirrachuu jechuun kallattii jirenyaa irratti jijirama bu'uuraa fi cubuu irraa deebi'uu jechuu dha (Ho. E. 3: 19, 26:20), malee salphaadhumatti gaddaa fi gaabbii miti. Amantiidhaan wajjin qalbii geeddaranaan dhugaa kennaa Waaqayyoo ti. Akkuma kennaa hundaa fudhachuu yookaan dhiisuun in danda'ama (Ho. E. 5:31-33, 26:19-21, Roomee 2:4).

Bara Yohaannis cuuphaa irraa jalqabee qalbii geed-darachuun cuuphaa wajjin walitti hidhame (Maariqoos 1:4). Kana jechuun cuuphaan qalbii jijiirrannaa argisiisa, mallatoo ay-yaana cuubbuu dhiqachuu, burqaa safuu Hafuurri Qulqulluun mijeessee hoomishee dha (Ho. E. 2:38, 22:16; Tiitoos 5:5-7 wal bira qabii ilaali).

Hojii Ergamootaa 2:38 dubbisi. Warra yaada garaa isaanii geeddaratanii cuuphamaniif kakuun addaa isaaniif kenname maali?

Sabni Pheenxeqoosxee irratti argame dhiifame cubbuu qofa utuu hin ta'in, guutumma Hafuraa guddina matayyaaf (dhuunfa, nam-tokkee), tajaajila waldaa keessaa fi addumaan ergamaaf. Tarii kun ebba hundumaa irra isa guddaa dha. Sababiin jirenya waldaa inni guddaan misiraachoo wangeelaa hiruu dha (1 Pheexiroos 2:9). Yeroottii kanaa jalqabanii mirkaneeffnnaa fayyinaa, humna Hafura Qulqulluu in qabaatu. Kun immoo ergama waldaan Kiristaanaa itti waamamte fiixaan baasuu isaan dandeessisa.

Waan "cubbuu kee siif haqu" qabda yaada jedhu hubachuun maaliif nama wangeela labsuu barbaadu hundumaaf baay'ee barbaachisaa ta'e? Yoo ofii keetii kana hin qabdu ta'e, karaa Kiristoos abdii akkamii isaaniif qabdaa?

JIMAATA

Adoolessa 13

Yaada Bal'inaan: Guyyaa Pheenxeqoosxeetti bu'aatiin Hafura Qulqulluu waan waaqa irratti ta'ee fi Waaqayyo Abbaan aarsaa Kiristoos cubbuu addunyaa kanaaf baase fudhachuu Isaa argisiisa. Dhangala'uun Hafura Qulqulluu bakka bu'aa keenya ta'ee hojji waaqa irratti Kiristoos hojjetu, aarsaa lafa irraatti baase irratti hundaa'uun hojjetu, innis amma kan jalqabame ta'uu isaa argisiisa. Taateewan dinqisiisoon kunniin caalaatti waa'ee dhugaa dinqisiisaa waaqa fi lafti karaa nuuf galuu hin dandeenyeen walitti hidhaman isaanii mul'isu.

“Ol fudhatamuun Kiristoos hordoftooti Isaa ebba abdachiisaman fudhachuuf mallattoo ture... . Yammuu Kiristoos karra waaqa keessa darbee seenu, ulfina ergamootaan marfamee teessoo irra taa’ee. Akkuma sinri kun raawwateen Hafuurri Qulqulluun safara malee bartoota irratti dhangala’ee, dhugma Kiristoos in jajame, jajanna Inni Abbaa Isaa biraq qabu bara baraa jalqabee. Bu’aatii in Hafuuraa guyyaa Pheenxeqoosxeetti ta’ee kakuun furee raawwachuu isaaf ergaa waaqa irraa dhufee dha. Akkuma abdachiise mallatto haa ta’uuf Hafuura Qulqulluun waaqa irraa bartoota Isaaf erge, , akka lubaa fi mootiitti, waaqa irrattis ta’ee lafa irratti aboon hundumtuu kan Isaa ti., saba isaa irrattis kan dibame.” — Ellen G. 5 White, *The Acts of the Apostles*, pp. 38, 39.

Gaaffiilee Maree:

1. Waldaan Pheenxeqoosxee irraa maal eegdi jirenya isee har’aa keessatti kan shaakaltu? Maaltu irra deebi’amuu danda’aa? Maaltu hin danda’us?

Pheexiroos lallaba isaa gaafa Pheenxeqoosxee lallabe keessatti barbaachisummaa du’aa ka’uu Yesus maaliif ijoo ergaa isaa godhatee? Kana irratti caalaatti mari’adhaa. Yeroo Yihuudoti Masihiid huma ta’ee eeggachaa jiran sanatti du’aa ka’uun Yesus dinqisiisaa ta’aa. Masihiin wrra du’an keessaa ka’a jedhee kan yaade tokko illee hin turre.

2. Sun raadarii hafuuraa nama kamii iyyuu miti; waan warri dhufaatii Masihiit egaa turanis miti, akkasittis hin yaadne, kana irraa barumsa akkamii argannaa , Isa macaafi qulqulluun barsiisus akkamitti hubachu qabnaa? Faallaa barsiisa ammayyaawaa, fudhatamaa . . . yeroo ammaa?

3.Hojii Ergamootaa 2:38 waa’ee barbaachisummaa cuuphaa dubbata. Namni kamuu Yesusitti amanee, garuu utuu hin cuuphamin dursee yoo du’e, baduun isaa dirqamaa, baay’ee barbaachisaa dha? Deebii kee sababaan dhugoomsi.

Barummsa 3ffaa

Adoolessa 14-20

Jiruu fi Jirenya Waldaa Jalqabaa Keessatti

SANBATA WAAREE BOODA

Qo'anoo Torban kanaf Heertuuwan armaan gadii dubbisi:
Hojii Ergamootaa 2:42-46; Ho.E. 4:34-35; Ho.E. 3:1- 26 Ho.E.
4:1-18; Ho.E. 5:1-11; Ho.E. 5:34-39.

Yaadanno.
Heertuu
I

“Guyyaa guyyaatti yaada tokkoon mana qulqullummaatti deebi'anii, manuma mana isaanniittis buddeena cabsatanii, gamma-chuu dhaan, garaa qulqulluudhaanis nyaata isaanii waliin ga'anii in nyaatu turan. Isaan Waaqayyoon in galateeffaran, saba hundumaa irrattis ayyaana argatan, gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyiyyan amantoottatti in dabale”(Ho.E. 2:46,47).

Mootummaa Yesus isaaniif dhaabu arguuf,ariifachuun waldaa durii humna kan hin qabne ture. Gaaffii mootummaa Masihichaa dhaabuu ilaachisee dhiyaateef, Yesus yeroof banaa godhee dhiisuun (Ho. E. 1:6-8), wanti hundinuu bu'aatii Hafuraa fi raawwatamu ergama ergamootaa irratti hundaa'a akka jechuutti hubatamu danda'a. Kanaaf, Yammuu guyyaan Pheenxeqoosxee ga'e, amantoonni durii wanti hundinuu in raawwatame jedhanii yaadan: Hafura fudhataniiruu, wangeela addunyaa waliin quoddataniiru. Ergamoonni Yerusaalem keessa ba'anii gara addunyaa dhaqan utuu hin ta'in, addunyaatu gara isaanii dhufe Ho.E. 2:5-11).

Wanti kanatti aane ta'e, waldaan wantoota biyya lafaattii addaan ba'uu iseeti. Yeroochi waan gabaabbateef, waan qaban

hundumaa gurguranii aarsaa mataa isaanii barsiisuu fi obbolummaa irra oolchan, waa'ee Yesusis dhugaa ba'aa, garuu Yerusaalem keessa qofatti. Jirenyi waliinii dagaagee ture hiyyessota gargaaruuf, ga'umsa yoo qabaate iyyuu, utuu hin turin rakkina godhate, Waaqayyo immoo giddu seene tokkummaa eeguuf. Kun kan ta'e yammuu mormiin isaan mudatetti ture. Wanti fedhe yoo ta'e iyyuu, amantiin isaanii kan hin raafamne ta'e argame.

Jalqaba Torbanii

Adoolessa 15

Barsiisuu fi Obbolummaa

Pheenxeqoosxee booddee, Luqaas bifa walii galaan jirenya keessa Yerusaalem seenesisutti naannesse. "amantoonnis barsiisa ergamootaatti, tokkummaa isaanii cimsachuutti , budeena cabsachuutti, kadhata godhachuuttis qabamanii jiraatan" (Ho.E.2: 42). Qabxiileen kunniin afuran bu'uura barsiisa isaanii fi shaakala obbolummaa isaanii turan. Akka lakk. 46 irratti ibsametti, barsiisichi mana sagadaa keessatti kennama, obbolummaan garuu manneen matayyaatti (dhuunfaatti) godhatu turan. Mooraa mana sagadaa keessa gaardiffoon (baarandaa) bantii qabu jira ture, yeroo heeduu qajeelfama barsiisaa irraa darbuuf akka fayyaduuf kan tolfamee dha. Amantoonni ergamoota irraa baruuf murteeffachuun isaanii kennaan Hafuuraa gara yaadaatti isaan hin geessine, garuu ergamoota jalatti adeemsa barumsa guddaatti qabamanii turuu isaanii mul'isa. Barumsi ergamootaa aango-qabeessaa fi dinqii fi mallattoo adda addaan kan mirkanoeffamee dha (Ho.E. 2:43).

Amantoota durii wanti adda godhuu kan bira shaakala obbolummaa ti. Kana jechuun amantoonni dhaabbataan mana sagadaa keessa qofa utuu hin ta'in mana mana isaaniittis wal gahii in gadhatu, iddo waliin nyaata qooddatan, irbaata Goofta bakka itti ayyaaneffatanii fi kadhata godhatan (Ho.E. 2:42,46). Ayyaaneffanna guyya-guyya waliin qabaachuun, amantoonni durii abdii dafee deebi'uu Yesus mul'isan, yammuu michum-

maa isaan Yesus waliin qaban iddoosaa duraatti deebi'u mootummaa Masihichaa keessatti (Maat. 26:29).

Jirenya waldaa durii keessatti manneen dhuunfaa shoora guddaa taphataniiru. Amantoonni sagantaa waldaa irratti guyyuma guyyaan argamu (Ho.E. 3:1). Guyyaa Sanbataatti Yihuudota obboloota isaanii wajjin mana sagadaatti argamu (Yaaqoob 2:2), garu aarsaan Kiristaanota adda godhu manneetti geeggeeffama.

Hojii Ergamootaa 2:44,45; 4:34,35 dubbisi. Wanti barbaachisaan obbolummaa amantoota adda godhu maa-lii?

Xumurri biyya lafaa akka dhiyaate amanuudhaan, wantoota qaban "qabeenyaa dhuunfaa" (jecha ammayyaawaa fayyadamuuuf) kana boodee hamma kanatti barbaachisaa akka hin murteeffaffatan. Bifa walii galaan akkaataan fayyadama qabeenyaa isanii qajeelaa fakkaate. Waan boriif yaadda'uun hin jiru, akkuma Masihichi mootummaa Isaa keessatti waan isaan barbaachisu kennuufiif jiru (Luqaas 22:29-30). Waan qaban waltti fiduun waliif hiruun miira tokkummaa gadi fagaata akka qabaatanii fi arjummaa Kristaanaafis fakkeenyummaa addaa akka isaan qabaatan gargaare.

Waan Gooftaan siif kenne irratti akkamitti arjoom-taa- arjummaan kee hammamii?

WIIIXATA

Adeolessa 16

Namichi Naafi Fayyuu Isaa

Hojii Ergamootaa 3:1 keessatti, kadhataaf yeroo sagalaffaaf Pheexiroosii fi Yohaannis gara mana sagadaa adeeman. Kun immo amala amantii waldaa Yihuudotaa durii argisisa. Pheexiroosi fi yohaannis Yihuudota waan ta'aniif, yoo xinnaate

hamma yeroo sanaatti, aadaa amantii Yihuudotaa hamma tokko itti qabamanii wan turaniif (Ho.E. 20:16, 21:17- 26), ergamoonni mana sagadaa kan deemaniiif barsiisuu, lubbuu haaraa barbaaduu qofaaf miti. Isaan achitti dinqii gurguddaa hoijetan (Ho.E. 3:1- 10), kun immo Pheexiroosiif carraa lallabaa biraa umeeff.

Hojii Ergamootaa 3: 12-26. Lallaba Pheexiroos xiy-yeffannoo kanneen argatan maal fa'i?

Tuqaaleen shan amala barsiisa (lallaba) Kiristaanota durii ibsu: Kiristoos Masihicha dhiphataa dha (Hojii Ergamootaa 3:16); Waaqayyo Isa kaase (Hojii Ergamootaa 3:15); Yesuus waaqatti ol fudhatame (Hojii Ergamootaa 3:13); deebi'ee in dhufa (Hojii Ergamootaa 3:20); dhiifama cubbuuf qalbii jijiirrachuun baay'ee barbaachisaa dha (Hojii Ergamootaa 3:19).

Yoo haalli tokko tokko jijjiirameera ta'e iyyuu, karaa hedduun ergaan nuyi har'a qabannee gara biyya lafaatti baanuun wal fakkaata. Ergamoonni amma iyyuu haala jirenya Yihuudotaatti qabamanii jiru. Qooda amantii isaanii geeddarachuu sabichi Kakuu Moofaa irraa gara Kakuu Haaraatti "godaanuutu" isaan irra ture. Akka qaama saba Waaqayyootti , Msihicha simachuu fi lammata dhalachuu shaakaluu qabu, isa burqaa dhugaa ta'e Yesusiin simachuuf. Amma, yoo haalli garaagarummaa qabaate iyyuu, amma iyyuu ergichi sanuma: Kiristoos waa;ee cubbuu kenyaaaf du'e, du'aa ka'e, deebi'ee dhufuufis jira. Kana jechuun karaa Isaa fayyina arganna jechuu dha. Haala ergaa ergamoota sadanii Mul'ata 14 keessatti ibsameen, Yesus Kiristoos in fannifame, Yesus Kiristoos du'e, Yesus Kiristoos deebi'ee dhufuuf jira kan jedhu wiirtuu godhachuu ergicha labsuu qabna.

"Kiristaanota waan gara fuulduraatti ta'uuf jiruf mul'ata qaban hundumaa keessaa, Adiventistooti Guyyaa Torbaffaa Kiristoosiin biyya lafaa duratti ol qabuu keessatti iddo olaanaa qabu. Labsiin ergamaa sadafka dhugummaa Sanbataa barsiisuuwaamicha godha. Dhugaan kun, warra kaan ergicha keessatti

hammatamanii jiran wajjin labsamuu qabu; garuu, wiirtuu hawwataa guddichi, Kiristoos Yesus alatti hafuu hin qabu. Dhiifamaa fi dhugaan fannoo kristoos irratti wal argan, qajeelummaa fi naagaanis achitti wal dhungatan. Cubbamaan gara fannoo ilaalutti geeffamuu qaba; salphaadhumatti amantii mucoolii qabachuun gaarummaa fayyisaatti, tola Isaa fudhachuuuti, araara Isaatti amanuu qaba.” Ellen G. White, *Gospel Workers*, pp. 156, 157.

KAMISA

Adooleessa 17

Ka’umsa Mormii

Guddinaa fi milkaa’inni waladaa utuu hin turin hoggantoota Yerusalem tokko tokko keessatti mormii uumuuf sababa ta’e. Manni sagadaa Yerusaalem angafa lubaa fi gargaartota isaa, baay’een isaanii Saduqootaan geggeeffama. Lubichi angafni diura-taa’aa gumii maanguddootaa ture. Gumiin kun bara santi baay’inaan Saduqootaa fi Faarisota of keessatti hammata. Warri Saduqootaa waan du’aa ka’uuttu hin amanneef, Pheexiroosii fi Yohaannis immoo Yesus warra du’an keessaa kaafamuu Isaa barsiisan. Kun immoo Saduqootaa bay’ee jeeqe. Kanaaf, eegdoonni mana sagadaa hamma guyyaa itti aanutti ergamoota qabanii hidhan. Qabamanii guyyaa itti aanutti fuula gumii maanguddootaa duratti dhiyaatan (Ho.E. 4:1-7).

Hojii Ergamootaa 4:1-18 dubbisi. Aboo fi humna maaliin hojjettu jedhamanii yammuu gaafataman, Pheexiroos ak-kamitti deebisee? Ergaa Pheexiroos keessatti ijoo cimaan hoggantoota Yerusaalem naasise maalii?

Gaaffii aboo warri Yihuudotaa kaasan fedha aangoo isaan qaban argisiisa. Pheexiroos, garuu, maqaa Yesusiin dinqiin sana

qofa hijjetan utuu hin ta'in, fayyinnis Isa qofa biraa akka dhu-fu dubbate. Ergamoonni fuula gurguddoota Yihuudotaa dura jiru; ta'us, aboo guddaadhaan tajaajilaa jiru. Namoonnii kunni-in (ergamoonni) warra sadarkaa gadii irra turan, kan hin baratne namoota Galiilaa, qurxummii qabuu irratti kan bobba'an turan; seexaa fi dubbii hawwataa dubbachuun isaanii onnee namoota achi turanii rukuteera. Hoggantoota Yihuudaaf hin galle malee, sirriidhumatti akkuma Yesus dursee isaaniti hime, ergamoonni Hafuura Qulqulluun guutamanii dubbachuun isaanii tuqaa isa ijoo dha (Hojii Ergamootaa 10:16-20).

Namoota fayyanii fuula isaanii dura jiru ilaala, dinqii fuula isaanii duratti ta'e haaluun isaaniif hin danda'amne, ta'us gumiin maanguddootaa (Sanhedrin) barsiisi ergamootaa addaa cite akka dhaabbatu ajaja dabarsan. Sochichi fudhatama ar-gachaa waan dhufef, ergicha in sodaatan. Ergicha sirriitti xi-inxaluu waan dadhabaniif jibbi ergachaa sammuu isaanii keessa bule, hojimaata isaanii itti fusiisuuf fedhiin of irraa ittisuu qabaatan.

Ergaan Pheexiroos inni xumuraa sagale akka dhagaa baay'ee gat-jabeessa macaafa Hojii Ergamootaa keessatti ibsamanii dha: "Pheexiroossii fi Yohaannis isaaniif deebisanii, kan Waaqayyoo dhaga'uu irra, kan keessan dhaga'uun Waaqayyoo duratti qajelaa yoo ta'e, isinumti faradaa! Nauyi garuu ofii keenyaa kan arginee fi kan dhgeenye himuu dhiisuu hin daneenyu jedhan!" (Ho.E. 4:19,20).

Fedhiin aangoo, sadarkaa kamittuu, haala kamiinuu keessatti balaa akka fiduu danda'u yaadi. Akka Kiri-staanotaatti tajaajilaa akka taanuuf waamamne, hawwat-tummaa aboo (aangoo) irraa maaliif of eeguu qabna.

ROOBII

Adoolessa 18

Anaaniyaasii fi Safiiraa

Waldaa durii keessatti qabeenyaa gurguranii waldaaf galii godhuun dirqama miti, miseensummaaf haala duree hin turre. Ta'us, dhugumaan arjummaa fedhaa fakkeenyummaa guutummaa hawaasaa kakaasan hedduutu jiru. Fakkeenyi kana fakkaatu tokko Barnaabaasi (Ho.E.4:36,37), gara booda macaafa kanaatti shoora barbaachiisaa dha kan inni taphate.

Haa ta'u malee, fakkeenyi alta'aan tokkummaa waldaa keessaaf sodaachisaa ta'es tureea, yeroo dhuma sanatti haleellaan humna alaa waldaa irratti jalqabe.

Hojii Ergamootaa 5:1-11 dubbisi. Barunsi seenaa kana irraa barannu maali?

Yoo Luqaas hunduma isaa ibsuudhaa baate iyyuu, rakkoon bu'uuraa Anaaniyaassii fi Safiiraa maallaqa dhokfachuuf akka hin taane gaaffii hin qabu, yaalii shaakala hawaasa dogoggorsuu ti malee. Cubbuun isaanii waan tasa ta'e utuu hin ta'in, itti yaadamee fi karoorfamee , " Hafuura Gooftaa qoruudhaaf" yaalii ta'ee dha (Ho.E. 5:9). Dirqama qabeenyaa isaanii gurguranii maallaqa waldaaf kennuu jala hin turre. Kanaaf, yammuu kana godhuuf murteeffatan, akka fedha isaanii qofatti hojjetan, tarii obboloota biratti akka tola-ooltummaaf akka arjoomanitti kunis immoo akka gochaa gaariitti akka lakkaa'amuuf fedhaniiru ta'a.

Haalli amansiisaan kun maaliif Waaqayyo battalumatti adaba cimaa isaan irraan ga'eef ibsuuf gargaara. Jireenyi tokkummaa waldaa durii dafee dhufuu Yesus irratti amantii qaban irraa yoo ta'e iyyuu, gochaan Anaaniyaasii fi Safiiraa yeroo sanatti godhan Waaqayyoof amanamuu kan tuffachiisee fi amantootaafis fakkeenya badaa kan ta'ee dha. Anaaniyaas qalbii jijiirrachuuf dhuguma carraa hin arganne, kan Safiiraas akkasuma (Ho.E. 5:8), tarii sababa gabaabina seenichaaf ta'uu mala.

Jalqabaa hamma dhumaatti hojii cubbuun guute hojjetan, ija

Waaqayyoo duratti cubbuun dubbi cimaadha (Hisq'el 18:20, Roomee 6:23), yoo yeroo hunda battalumatti hin adabu ta'e iyuu. Dhuguma, Waaqayyo hammam ayyaana-qabeessa akka ta'e yeroo hundaa nu yaadachiisa.

Sararaa daangaa ayyaanaa darbanii dhiibuu irratti maaliif of eeggachuun nu irra jiraataa,akkuma miseensoti waldaa durii lama godhan?

KAMISA

Adoolessa 19

Qabamuu Lammataa

Ergamoonni firdii Waaqayyoo cubbuu irratti fiduf fayyadu danda'u ta'ee, akka kan Anaaniyaasii fi Safiiraa, Ayyaana Waqayyoo cubbamootaaf fiduuf in fayyadu turan. Tajaajilli fayyisuu humna-qabeessi kun (Ho.E. 5:12-16) Hafuurri Waaqayyoo isaan keessaan hojjechaa jiraachuu isaaf ragaa qabatamaa dha. Inumaa, gaadidduun Pheexiroos akka fayyisuu danda'utti amanu turan. Wangeela keessatti wanti dhiheenyaan kana fakkatu dubartittii uffata Yesus tuquun fayyitee dha (Luqaas 8:43,44). Haa ta'u malee, Luqaas, gaadidduun Pheexiroos dhuguma humna fayyisuu qaba hin gene, garuu namootatu akka sanatti yaade malee. Yoo yaadni amantaa namoota itti makate iyyuu, Waaqayyo amma iyyuu ayyaana Isaa in raabsa.

Ta'u iyyuu,yammuu ergamoonni caalaatti Hafuuraan guutaman, mallattoolee fi dinqiileen in hedдуммаатан, yammuu kan ta'u, angafoonni amantii hinaaffaan guutaman. Kun ergamoota lammata qabanii hidhuuf sababa ta'e (Ho.E. 5:17,18). Erga karaa dinqii bta'een mana hidhaa keessaa ba'anii booddee qofa (Ho.E. 5:19-24) dubbi ija-jabinaan Pheexiroos cimsee dubbate keessatti, "Nuyi namaaf abboomamuu irra, Waaqayyoof abboomamatu nu irra jira" (Ho.E.5:29), geggees-sitoota keessaa murni tokko humni uumamaa alaa akka hojjetaa jiru itti dhaga'amuu jalqabe.

Hojii Ergamootaa 5: 43-39 dubbisi. Gamaali’el gumii jaarsolii (Sanhedrin) akka ergamoota hin ajjeefne akka-miiti amansiise?

Gumiin maangudootaa Saduqootaan kan to’atame yammu ta’u, Faarisonni bicusun dhiibaa uumuu danda’nis miseensa gumichaa ti. Gamaali’el Faarisicha yammu ta’u, hayyuu (dooktaera) seeraa ti. Yihuudota giddutti baay’ee kan kabajee fi maqaan “barsiisaa keenya” jedhu kan kennameef, “Rabban” (our teacher) qooda salphaadhumatti “Rabii” (my teacher) jechuu. Phaawuloos bartoota isaa keessaa tokko ture (ho.E. 22:3).

Seenaa Isiraa’el dhiheenyaa keessatti Gamaali’el so-chiilee fincilaa namoota hedduu hawwatee fi walitti bu’iinsaaf sababa ta’an lama yaadata. Dura bu’ooti sochiilee yammuu ajjeefaman, miseensoti isaani in tamsa’an. Barumsi inni irraa argate, ka’umsi sochii Kiristaanaa nama biraa yoo ta’e, battalumatti dafee baduu danda’a. Harka biraan, akkuma ergamoonni jedhan, sochii Waaqayyo biraa dhufe yoo ta’e, akkamittiin dura dhaabachuu danda’uu? Gorsu Gamaali’el fudhatama argate. Ergamoonni reebamanii akka lammata maqaa Yesusiin hin dubbanne abboomaman.

Gargaarsaa fi barbaachisummaa gorsaa ilaachisee seenaan kun maal nu barsiisaa? Gorsaaf caalaatti ifa ta’uu akkamitti barannaa, yoo wanti nu dhaga’uu hin barbaanne illee keessa jiraate?

JIMAATA

Qo’anno Bal’inaan: ‘Nuyi soortoota, bakka nuyi hin argamnetti kan nutti kenname, akka maati Isaatti nu kunuunsuuf fedha Isaan gara biyya lafaa dhufe tajaajiluuf. Aboo nuuf kennee, ofii Isaa gara waaqaatti ol ba’e, mul’achuu Isaa akka eeggannuu fi daawwannu nu irraa eega. Waan Inni nutti kennetti amanamoo haa taanu, yeroo tasa dhufutti rafnee akka hin argamneetti.’—8 Ellen G. White, *Testimonies for the Church*,

Adoolessa 20

vol. , p. 37.

“Sabni qulqullummaa kakuu fi kennaan Waaqayyoo isaaniif kennetti kan gammadan ta’uu qabu.Kennaan akkasii kun walumaagalatti akka walii galtee namaa fi nama gidduu dirqama miti. Garuu hamma tokko qulqulluu fi kan raga’ee dha, sababiin isaa kakuu Waaqayyoof galamee dha. Sababiin isaa hanqina jechoota tooftaa waan qabuuf, humna seeraa qabaachuu hin danda’u, Kiri kakuu gale tokko in diigaa? Lakkii, walii galteen seeraa kennaan Waaqayyoo caalaa dirqma raawwachuu qaba.” —Ellen G. White Comments, *The SDA 20 Bible Commentary*, vol. 6, p. 1056.


Gaaaffilee Maree:

- 1.Wantoota baay’ee keessaa, Yesus dhaala (lagacy) battalaa lama bartootaaf dhiise: isaanis dafee deebi’uu Isaa fi ergama addunyaawaa dha. Tuqaaleen lamaan kun miira ergama keenyaa fi waamicha wangeela addunyaatti labsuuf waamamne irraan akkamitti dhiibbaa geessisuu danda’uu?
- 2.Namni tokko yeroo tokko akkas jedhe, “ Akka waan Yesus har’ a dhufutti qophaa’uu qabna garuu hojjechuu itti fufaa (ergama waldattii keessatti) akka waan Yesus dhufuuf waggoota dhibba isa fudhatutti.” Yaada kana keessatti ogummaa akkamitu argamaa? Jirenyaa waamichaa keenyaa keessatti akkamitti hojji irra oolchinaa?
- 3.Jirenyi, du’uun, du’aa ka’uun, deebi’uun Yesus lallaba keenya hundumaaf maaliif wiirtuu ta’ee? Yookaan akkasitti ilaali: Taateewwan kanaan alatti wanti gaariin nuyi lallabnu jiraa? Garaan namaa gaarii yookaan hamaa ta’uu beekuun ulfaataa akka ta’e seenaa Anaaniyaasii fi Safiiraa irraa maal baratnaa?
- 4.Kan ati beektu Gamaaleel ammyyaawaan eenyuu fa’ii? Yookaan, tarii, ati iddo sana qabattee jirta yoo ta’e warra kaan akkamitti gargaartaa? Gam-lachuunuu, daree keessatti waa’ee yeroo mari’adhaa, gorsa ogeessi kennuu yookaan fudhachuu waan gaarii hojjechuu isa jedhu waliif qoodaa. Seenaa kana irraa barnoota akkamii arganna?

Geggeessitoota Waldaa Jalqabaa

SANBATA WAAREE BOODDEE

Qo'anno Torban Kanaaf Heertuuwwan Armaan Gadii
Dubbisi: *HO.E.6, Ho.e. 7:48, ibiroota. 12 5:11–14, Miiki-yaas6:1–16, Ho.E. 7, Ho.E. 8:4–25.*



“Dubbiin Waaqayyoo itti fufee bal’achaa, baay’inni amantoota Yerusaalemitti argamanis ittuma dabalamaa adeeme; luboota keessaas baay’een amanticha fudhatan” (Hojii Ergamootaa 6:7).

Irra caalaan warra amanticha fudhatanii Yihuudota *Helenistoota* addunyaa Giriikoo-Roomaa irraa dhufanii amma Yerusaalem keessa jiraatanii dha (Ho.E. 2:5, 9:11). Yoo Yihuudota ta’an iyuu, Yihuudota Yihuudaa maqaa “Ibirootaan” Hojii Ergamootaa keessatti ibsamani irraa garaagarummaa qabu. Wanti isaan adda godhu tuqaa guddaan afaan Armaayik, Yihuudaa keessatti dubbatamu dubbachuu dadhabuu isaanii ture.

Garaagarummaan biroos jiru: isaanis garaagarummaa aadaa fi amantii dha. Biyyoota alaa keessatti waan dhalataniif duudha Yihuudotaa biyya Yihuudaa jiraataniitti hidda hin qabani, yookaan hiddi isaanii akka warra Yihuudota Yihuudaa keessa jiraatanii gadi fagoo miti. Sirna ayyaneffannaa adda addaa waldaan geggeessituu fi seera Musee isa Isiraa’el qofa keessatti hojjetu waliin hidhata hin qaban.

Irra caalaa jirenya isaanii naannoo Giriikoo-Roomaan keessatti waan dabarsanii fi ormoota waliin dhiheenyaan waan

jiraataniif amala Kiristaanaa isa hunda hammatu caalaatti barchuuf fedhii qabu ta'a. Dhuguma, Waaqayyo amantoota Helenistoota hedduutti fayyaadame guutummaa biyya lafaatti akka dhugaa ba'aniif, kanaanis abboommiin isaa raawwateera.

JALQBA TORBANII

Adoolessa 22

Fo'amuu Torbanii

Hojii Ergamoota 6:1 dubbisi. Guungummiin amantoota Helenistootaa maalii?

“Sababi ka’umsa guungummichaa haadhotiin hiyyeessaa Gi-riikotaa gargaarsa guyya-guyyaan argatan keessatti dagatamuu isaanii ti. Wal caalmaan immoo hafuura wangeelaan morma, ta’us isaan gidduutti shakkii uumuudhaan seexanni milkaa’eera. Rakkoo hundumaa furuuf tarkaanfiin ariitiin fudhatamuu qaba. Yoo kun ta’uudhaa baate, diinichi amantoota gidduutti addaan qoodamuu uumuun mo’achuu danda’a”—Ellen G. White, 18 *The Acts of the Apostles*, p. 88.

Warri Yihuudotaa akka namoota torba filataniif ergamooti yaada waxinee furmaataaf dhiheessan, kanneen fo’amanis haadha hiyyessotaa sooruun haa tajaajilaniif ‘diakoneo’ (Ho.E. 6:2), bartoonni immoo yeroo isaanii kadhataa fi lallabaan ‘diakonia’ (Ho.E. 6:4) haa dabarsaniif ture. *Diakoneo* fi *diakonia* garee jechoota wal faakkaatan jalatti waan argamaniif garaagarummaan jiru jechoota **soora** Hojii Ergamootaa 6:2 fi **sagale** Hojii Ergamootaa 6:4. gidduu qofa jiruu dha. Kun, maq-ibsii guyya-guyyaa (Ho.E.6:1) jedhutti dabalamee gara wantoota amaloota waldoota jalqabaa ibsan lama argisiisu: isaanis barsiisuu (sagalicha) fi obbolummaa (soora), inni booddanaa waliin nyaachuu, Irbaata Gooftaa waliin fudhachuu, fi kadhata hammata (Ho.Ergamootaa 2:42,46; 5:42).

Aakka abo-qabeeyyii bakka bu'oota barsiisa Yesusitti, ergamoonni yeroo isaanii barsiisa amantii fi kadhataan amantoo ta wajjin dabarsu, Warri Torbanii immoo hojiiwwan obbolummaatti manneenii fi waldaatti qabamu. Hojii isaan hojjetan hojii daaqunooti har'a hojjetan irra bal'ata. Isaan , dhuguma geggeessitoota waldaa jalqabaa turan.

Hojii Ergamootaa 6:2-6 dubbisi. Warri Torban akka-mitti filaman ? tajaajiluuf hammam of kennan?

Warri filannoof qaadhimaman safuudhaan, hafuuraan, hojidhaan adda ta'uun qabu, isaan maqaa gaarii kan qaban, hafuuraa fi ogummaan kan guutaman ta'uun qabu. Erga hawaasi fo'amuu isanii raggaasisee booda, harka isaan irra kaa'uun kadhati ta'eefii aboon hojii Gooftaa hojjechuu kennameef. Sirni waldaa keessatti ta'e warra fo'amaniif ifatti beekamtii kennuuf akka ta'e argisiisa akkasumas akka daaqunotaatti aboo hojii isaaniif kennuuf kan geggeeffamee dha.

Isaan gidduutti dubbii faccasuun salphaa dha, mitii ree? Humna Waaqayyo nuuf kennuun hundumaan walii keenya gidduutti akkamitti nagaa buusnaa? Qooda dubbii, qooda jibbaa, ergamicha irratti xiyyeeffanna?

WIIXATA

Adoolessa 23

Tajaajila Isxifaanos

Erga aboon kennameefii booda, Torbanuu hojii tajaajila waldaa qofatti qabaman utuu hin daangeffamin dhuga-ba'umsa milkaa'ee irrattis hojjechaa turan. Bu'aan dhuga-ba'unsa kanaa immoo tamsaasi wangeelaa bal'achuun itti fufe, lakkoofsi amantoo dabalaad adeeme (Ho.E. 6:7). Guddinni kun waldaa duriitti mormii fide. Seenichi Ixifaanos irraatti xiyyeeffata. Namni akka isaa hafuuratti cimaa muraasa.

**Hojii Ergamootaa 6:8-16 dubbisi. Heertuuleen kunniin
waa'ee amanti fi amala Isxifaanos maal nu barsiisuu?
Mormitoota kan baay'ee aarse lallabi Isxifaanos maal turee?**

Akka Yihuudaa Helenistootaatti, Isxifaanos manneen sagadaa Helenistootaa Yrusaalem keessatti wangeela tamsaase. Manneen sagadaa akkasii mandaricha keessa danuu dha; Hojii .Ergamootaa 6:9 tarii manneen sagadaa lama argisiisa: tokko isa gara kibbaa godaantota (Yihuudota Qareenee fi Iskindirriyaa) fi tokko immoo godaantota kaabaa (Qiliiqiyaa fi Asiyaa irraa kan dhufan). Yesus wiirtuu falmii isaanii akka ture shakkii hin jiru, qabxiin Isxifaanos ittiin himatame hubanno wangeelaa Isxifaanos amantoota Yihuudaa bira darbee waan argameeffii. Hadheessaan Isxifaanoos irratti dhiyaate Musee fi Waqayyoon arrabse jedhamee ti, seeraa fi mana sagadaa jechuu isaanii ti. Tuqaa tokko tokko irratti yoo faallaa hubatame iyyuu yookaan waan inni dubbate beekaa jal'isuun, isa irratti akka dhugaa ba'aniif ragaalee sobaa qopheessan, tarii himati isa irratti dhiyaate walumaagalatti soba ta'uu dhiisuu danda'a akkuma kan Yesus (Maar. 14:58, Yohaannis 2:19). Gumii maanguddoota mana sagadaa kessatti waaqa tolfamaaf sagadan duratti Isxifaanos ifatti himatamee dhiyaachuun isaa (Ho.E. 7:48) caalaatti gadi fageenyaan hiika du'a Yesus hubate, kallattii kam akka qabatu qalbifachuuf isa gargaara, yoo xinnaate mana sagadaa fi sirna ayyaana adda addaa keessatti geggeeffamu ilaachisee.

Jechoota biroon, tarii amma iyyuu irra caalaan amantoota sanyii Yihuudaa mana sagadaa fi shaakala sirna ayyaaneffannaatti baay'ee maxxanamii jiru (Ho. E. 3;1; 5:1,5; 21:17-24; dhiisuun ulfaataa akka ta'e bira ga'an (Gal. 5:2-4, Ibiroota 5:11 -14), Isxifaanosii fi akkasumas Helenistoti biroo du'i Yesus sirnoota waldaa hundumaa akka gara xumuraatti fide dafanii hubatan.

**Waan baay'ee gatii guddaa laatnuuf tokkoon kiyyoo
keessa galuun ifa haaraa dhufaa jiruutti akka babala hin
cufnetti maallif of eeggachuu qabnaa?**

KIBXATA

Adoolessa 24

**Gumii Maanguddootaa Duratti
Hojii Ergamootaa 7:1-53 dubnbisi. Warra isa himateen
Isxifaanos maal jedhaa turee?**

Hadheessaan Isxifaanos irratti dhiyaate gara hidhamuu fi murtii gumii maanguddotaatti isa geese. Akka aadaa Yihuudotaatti seeraa fi manni sagadaa utubaa lamaan addunyaan kun irra teessu yammuu ta'u, utubaa sadaffaan hojii gaarii dha. Amantii Yihuudaatti baay'ee qulqullaa'aa kan ture seera Musee booddeetti hafaa taasisuun, miidhaa dha, arrabsoo dhas (Ho.E. 6:11).

Deebii Isxifaanos kenne Hojii Ergamootaa keessatti dubbii isa baay'ee dheeraa yammuu ta'u, dheerinni isaa barbaachi-summaa isaa argisiisa. Jalqaba irratti yoo seenaa Isiraa'el isa nuffisisaa fakkaatee ture iyyuu, dubbicha abdii Kakuu Moofaa waliin wal qabsiisnee hubachuu qabana. Akka raajonni caasaa isaatti fayyadamanitti, yammuu haarestitoota amantii ta'anii Isiraa'eloota iddo barbaadamaniitti akka deebi'aniif waamuuf ka'anitti. Yamuu sun ta'u, yeroo tokko tokkoo jecha Ibirootaa "rīb" jedhutti fayyadamu, hiiki isaa inni sirrii ta'e "kakuu falmii" (covenant lawsuit) kan jedhu yammuu ta'u, kunis saba isaa kakuu eeguu didan tarkaannfii seeraa akka Waaqayyo isaan irratti fudhatu ibsuuf fayyadaman.

Miikiyas 6:1,2 keessatti, fakkeenyaaaf, 'rīb' bakka sa-diitti argama. Haaluma Kakuu Siinaa fakkaatuun (Ba'uu. 20:23) Miikiyas waan Waaqayyo humna Isaa isa guddaa sa-naan bakka saba Isaa bu'e godhe yaadachiisuuf (Miikiyas 6:3 -5), Kakuu jabeessanii eeguu fi irra daddarbuun (Miikiyas

6:6-12) inni xumuraa abaarsa irra daddarbaa ti (Miikiyaas 6:13 -16).

Kun tarii dubbii Isxifanosiif bu'uura ta'uu mala. Hojii isaa akka ibsuuf yammuu gaafatametti, dogoggora himata isa irratti dhiyaatee yookaan amantii isaa irraa faccisuuf hin yaalle. Qooda kanaa,akkuma raajonni durii yammuu murtii Waaqayyo Isiraa'elootatti fidan godhan, innis sagalee isaa ol kaase dubbate. Hariiroo Waaqayyo Isiraa'el waliin dabarse irraatti dubbii dheeraa dubbachuun isaa akka isaan Waaqayyoof ulfina hin laatnee fi hin abboomamne mul'isuuf yaadamee ti..

Dhuguma, Hojii Ergamootaa 7:51-53 Isxifaanos akka himatamaatti utuu hin ta'in akka Abbaa Alangaa raajii ta'ee Waqayyoon bakka bu'ee dura-buutota Isiraa'elitti firdii Waaqayyoo (murtii) fideeti malee. Yoo abbootiin isaanii yakka raajota ajjeesuu qabu ta'e, isaan immoo abboota isaanii caalanii argamuu danda'u. Jijiirraan "abboota keen-ya" (Ho.E. 7:11, 19, 38,44,45) irraa gara "abboota keetii" (Ho.E. 7:51) jedhutti ta'e barbaachisaa dha. Isxifaanos tokkummaa namoota isaa waliin qabu in cabse, Yesusiif ejjen-noo hin sochone fudhate. Gatiin isaa guddaa ta'uu danda'a; ta'us, dubbannaan isaa soda yookiin gaabbii hin qabu ture.

Yeroon dhumaa , Yesusiif jettee ejjennoo cimaa fi araara hin qabne kan fudhachuus si barbaachiise yoomii? Goote moo, yookiin qooda isaa dubbii waa'ee hin baafne dubbatee? Yoo inni gara boodaa ta'e, maaltu jijjiramuu qabaa?

ROOBII

Adoolessa 25

Yesus Mana Murtii Waaqa Irraa Keessatti

Erga hiikaan raajii (Afaan Ibriootaan, *nālī*) ta'ee, innis immoo nama Waaqayyoof dubbatu erga ta'ee, Isxifaanosis bat-taluma firdii "rīb" Waaqayyoo Isiraa'elootaa fide sanaa jalqabee raajii dha. Barri raajummaan tajaajiluun isaa gabaabduu dha.

Hojii Ergamoota 7:55, 56 dubbisi. Hiiki mul'ata Isxi-faanos maali?

Yammuu Isxifaaos tuqaa kana irra gahu, namooti wacaa, iyyaa ,turan. Yammuu inni Kiristoosii fi raajii dubbatame wal qabsiisee akkuma godhe waa'ee mana sagadaa dubbate, warri lubootaa waan naasuun dhiphatan fakkeessuun diriiba isaa ir-raa baafatan, sagaleen isaa bara baraan akka cal jedhu kun Isxifaanosiif mallattoo dha. Dubbii isaan akka morman argeera, dhuga-ba'umsa xumuraa kennaa akka jirus beekeera. Lallaba isaa qixxe-lamaanitti, tasa xumure.” —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 100.

Isxifaanos fuula geggeessitoota Isiraa'el dura dhaabate firdii Waaqayyo isaanitti himaa ture, yammuu kun ta'u Yesus mana murtii waaqa irraa keessa dhaabatee jira, kana jechuun mana sagadaa waaqa irraa keessa Abbaa Isaatti aane argama, firdiin lafa irratti kennname ibsituu firdii dhugaa isa waaqa irratti ta'uu sanaa dha. Waaqayyo barsiisota sobduu fi geggeesitoota Isiraa'eliif firdii kennuuf jira.

Dubbanna gara duraa keessatti qalbii jijiirrachuuf waamicha godhuun beekamaa ture (Ho.E. 2:38, 3:19, 5:31), asitti hin mul'atne. Mootummaan Isiraa'el iseenduboota (waaqa tolfamaan bultu) gara xumuraatti dhufte, hojiin araarsaa karaa Isiraa'el biyya lafaa dhufa jedhamee abdiin kennname hin hafa jechuu dha (Uum. 12:3, 18:18, 22:18), garuu karaa hordoftoota Yesus, Yihuudota fi Ormoota, warra amma Yerusaalem keessaa ba'anii biyya lafaatti dhugaa ba'an jiran in eebbifamu (Ho.E.1:8).

Hojii Ergamootaa 7: 57, 8:1,2 dubnbisi. Waa'ee du'a Isxifaanos Luqaas akkamitti gabaasee?

Dhagaadhaan rukutuun adaba arrabsoof kennamuu dha (Leewwata 24:14), Isxifaanos itti murteeffamee du'ee fi hoo-

maa namaota fiinxaaleyyiin fannifamee du'eera yoo ta'eef ifa hin taane. Waanuma fedhe yoo ta'ee iyyuu, Isxifaanos Yesusitti waan amanee fi sababii amantii isaa, jalqaba kan ajjeefame ta'uun nama duraa ta'ee galmee qabateera. Warri dhugabaattonni uffata isaanii miilla Saa'ol jala kaa'achuun isaanii inni geggeessaa garee Isxifaamosiin morman ta'uu isaa argisiisa; ta'us Isxifaanos yammuu warra isa ajjeesaniif kadhate, Saa'oliifis kadhateera. Nama amalaan ol aantummaa qabuu fi amantii hin raafamne qabu qofatu kana godhuu danda'a. Gochaan kun amantii isaa fi dhugumaan Kiristoos jirenya isaa keessa jiraachuu isaaf argisiistuu humna qabeessa.

KAMISA

Adoolessa 26

Tamsa'uu Wangeelaa

Mo'icha Isxifaanos irratti argatan ari'anna bal'aa amantoota Yerusaalem keessa jiraatan irraatti ibidda qabsiise. Kana kan godhan gareedhuma mormmitoota duraanii akka ta'an shakkii hin jiru. Geggeessaan garee kanaa Saa'ol ture, waldaa irraan miidhaa xiqqoo kan hin geessisne (Ho.E. 8:3,26:10). Haa ta'u malee, ari'annaan sun gara gaariitti jijjiirame.

Dhuguma, ari'atamanii Yihuudaa fi Samaariyaa keessa kan faca'an amntoonni wangeela lallabaa adeeman. Abboomiin Yihuudaa fi Samaariyaaf kenname in raawwate (Ho. E. 1:8).

Hojii Ergamootaa 8:4-25 dubbisi. Seena kana keessatti barumsa akkamiitu argamaa?

Warri Samaariyaa walakkaan isaanii Isiraa'elota, ija amantiin yammu ilaallu. Isaan Waaqa tokkicha kan waaqessanni fi macaafota shanan (Pentateuch) Musee kan fudhatan yammuu ta'u, seera dhagna qabaa kan shaakalanii fi Masihi eeggachaa kan jiran ta'uu isaanii ti. Yihuudotaaf, haa ta'u malee, amantiin warra Samaariyaa rakkoo qaba, kana jechuun war-

ri Samaariyaa kakuu araaraa Isiraa'el keessaa bifa kamiinuu qooda hin qaban jechuu dha.

Amanuun warra Samaariyaa kan hin eegamne waan tu-reef waldaa Yerusaalem in naasise, in dinqinsiise. Kanaaf, ergamoonni haala isaanii akka qorataniif Pheexiroosii fi Yohaannisin gara sanatti ergan. Hamma Pheexiroosii fi Yohaannis dhaqanitti, Waaqayyo Hafuura of harkatti qabate (Ho.E. 8:14-17) warri Samaariyaa akka miseensa guutuu hawaasa amantiitti (Ho.E. 11:1-18 ilaali) akka fudhatamaniif ergamoota amansiisuuuf jecha waan ta'e fakkaata, erga Pheexiroosii fi Yohhannis achi ga'anii immoo Waqayyo Hafuura isaan irratti dhangalaase.

Haa ta'u malee, achi irratti hin dhaabbaanne. Hojii Ergamootaa 8:26-39 seena Filiphosii fi Xuwaashii Itoophiyaa, isa erga Macaafa Qulqulluu qoratee booddee cuuphaa gaafate. "Namichi immoo konkolaatichi akka dhaabatuuf abboome; Filiphosii fi namichi bishaan kessa lixanii, Filiphos isa in cuuphe" (Hojii Ergamootaa 8:38).

Jalqaba warra Samaariyaa, namticha Itoophiyaa lammii biyya alaa ta'anii waaqeffannaaf gara Yerusaalem dhufan, amma garuu namtichi Itoophiyaa gara biyya isaatti deebi'aa jira. Wangeelli daangaa Isiraa'el ce'aa jira, sana booda akkuma du-raan dubbatame addunya wal ga'a. Kunniin hundinuu, jalaqba, akkuma amantoota Yihuudota durii gara kutaa addunyaa hun-daatti imaluuf jiran, imala isaanii keessattis oduu misiraachoo guddichaa – du'a Yesus labsaa imalu. Yesus kun, Isa gatii cub-buu isaanii isaaniif fi nama hundaaf sanyii namaaf baasee dha, bakka hundaatti abdi fayyinaa in kenna.

Pheexiroos "Yaadni hadhaa'aan akka si keessa guute fi cubbuun akka si hidhate nan arge" jedhee Simo'oonitti hime (Hojii Ergamootaa 8:23). Rakkoo isaaf furmaanni maali? Nama rakkina kana fakkaatu qabanifis maali furmaati isaa?

Qorannaa Bal'inaan: “Ari’annaan Waldaa Yerusaalem irratti ta’e babal’ina hojii wangeelaaf humna guddaa kenne. Naannoo gahan hudumaatti sagalicha labsuun milkaa’inni argameera. Achi baay’ee turuun bartoota immoo balaa fiduu danda’a ta’a, isa Kiristoos hamma andaara lafaatti dhaqaa jedhe hin hubanne. dhuga-ba’umsa jeequmsaan humna argameen hamaan mormuu irraanfatamee, asii hojii barbaachisaan hojjennu hin qabnu, haleellaa diinni waldaa Yerusaalem irratti aggaame faccisuu caalaa, jechuun bartooti yaaduu jalqaban. Qooda warra dhiheeny aamanan barsiisuu fi wangeela gurra hin dhageenye biraan gahuu, karaa gara balaa waan hojjetamaniitti quufuu hundumtuu akka qabatu godhe. Bakka bu’ooti Isaa gara biyyoota adda addaatti tamsa’anii akka warra kaaniif hojjetanitti, Waaqayyo ari’atamuun akka isaan irratti dhufu ehame. Yerusaalem keessaa kan ba’an amantooti ‘gara itti adeeman hundumaatti wangeela labsaa turan.’ ” —Ellen G. White, *The Acts of the 20 Apostles*, p. 105.

Gaaffiile Maree:

1. Luqqifannoo Elan G. Waayit olitti ibsame sirriitti dibbisi, innis waa’ee balaa waldaa jalqabaa mudate sababa mataa ofii fi hojii karaa isaanii hojjetametti quufaniif. Jalqaba, faallaa waan baratamee, kana jechuun, dhuguma Yihuudonni baay’een Yesusiin akka Masihiitti fudhatanii jiru. Garuu, wanti baay’ee barbaachisaan, nuti har’aa akka namootaatti kan irraa akeekkachiisa akkamii fudhannaa? Waan kanaan dura qabnu irraa faccisutti baay’ee qabamnee akka hin argamne akkamiitti mirkaneeef-fannaaa? Faallaa waan dhuguma hojjechuu nu irra jiruu-wangeela addunyaatti labsuu?
2. Bara ergamootaa sanatti, hariiroon Yihuudotaa fi warra Samaariyaa gidduu ture jaarrotaaf lola cimaan beekama. Filipoos, lammii Yihuudaa kan ta’e, Samaariyaa kees-

satti Yesusiif dhugaa ba'e. Kana irraa maal baratnaa? Nus akka Adiventistootaatti gara aadaa fi gosa ofiitti madaallii jigsuu irraa bilisa miti. Hundhmti keenya Waaqayyo duratti wal qixxee ta'uu keenya fannoona maal nu barsiisuu qabaa? Yesus hundumaaf du'uun Isaa waa'ee gatii nama isa dhuma hin qabnee maal nu barsiisaa?

3. Filiphooos namticha Itoophiyaa sanatti akkamitti dhiyaatee? (Ho.E. 8:27-30). Carraa argannu hundaatti fayyadamnee akkamitti wangeeala warra kaaniif hirraa?
4. Ergama waldaa fiixaan baasuuf kan nu gargaaru Hojii Ergamootaa (8:6-8) irraa maal baratnaa?


Barummsa 5ffaa

Adoolessa 28 –Hagayya 3

Amanuu Phaawuloos

SANBATA WAAREE BOODDEE

Qo'anno Torban kanaaf Heertuuwan kanneen dubbisi:
Hojii Ergamoota 26:9-11, K.Deebii 21:23, Ho. E. 9:1-20, 1
Qorontoos 9:1, Ggal. 1:1, Ho.E. 9:20-30.



“ ‘Dhaqi, inni mi’ a hojii kootii isa warra saba Waaqqayyoo hin ta’in duratti, mootota duratti, namoota Isira’el durattis maqaa koo beeksis-uudhaaf ani fo’adhee dha’ “ (Ho.E. 9:15).

Saa’ol, namni biyya Xarsees, (booda Phaawuloos kan jedhame) jijjiiramuun seenaa waldaa ergamootaa keessatti taateewwan ta’an keessaa isa baay’ee beekamaa dha. Haa ta’u malee, barbaachisummaan Phaawuloos jijjiiramuu isaa bira darbee fagaatee deemaa, Phaawuloos qofa miti yeroo tokkootti diina waldaa kan turee, booda immoo kiristaana dhugaa ta’e. Dhimmi ijoon, waan inni wangeelaaf hojjechaa jirenya isaa dabarse wajjin hidhata qaba. Phaawuloos kan hin sarmine mormituu amantoota jalqabaa ti, miidhaa inni waldaa xobbee irraan ga’uu danda’u baay’ee ture. Waldaa baalleessuuf murtoo fi deeggarsa abbootii taayitaa qaba ture. Ta’us, karaa Damaasqoo irratti waamicha Waaqayyoof amantii guutuudhaan deebii ken-nuudhaan ergamoota keessaa isa guddicha ta’uu danda’eera. “Ari’attota waldaa Waaqayyoo warra hadhaa’oo fi warra aariin isaanii hin qabbanoofnne keessaa eegumsa wangeelaaf humna jabaa kan qabuu fi wangeela labsuuttis baay’ee kan milkaa’e ba’e dha.” —Ellen G. White, *Sketches from the Life of Paul*, p. 9.

Wanti Phaawuloos ari'annaal waldaa duraa irratti godhe yeroo hunda yaadannoo miira gadi fagaataa dhaan inni mataan isaa akka nama gatii hin qabnetti akka ofii isaa ilaalu isa taasisa, yoo amma illee, miiruma gadi fagaataa sanaan Ayyaanni Waaqayyoo isaaaf kennname akkasumaan waan hin ta'iniif dubbata. Jijiirammuu Phaawuloos wajjin Kiristaanummaanis bara baaan jijiirame.

JALQABA TORBARNII

Adoolessa 29

Ari'ataa Waldichaa

Phaawuloos Yihudicha, Helenisticha. Biyyi dhaloota isaa Xarsees, magaalaa guddoo Qiliqiyyaa dha (Hojii Ergamootaa 21:39). Gara Yerusaaleemitti isa fidan, bakka inni Gamaali'el jalatti barunsa seeraa akka baratuuf (Ho.E. 22:3). Kana waan ta'efuu, utuu baay'ee hin cichin, yaada Helenistummaa isaa isa hin jijiiramne sana irraa dafee deebi'e. Gamaali'el, dhiibbaa geessisuu kan danda'u Faariisicha, barsiisaa baay'ee beekamaa bara sanaa ti. Yoo kuula makararsmmaa buufate iyyuu, akka Faariisichaatti, Phaawuloos, seera muka abbaa isaatti kan cichu ture. Kanaaffii, du'a Isxifaanos kan ajajee fi ari'annaal itti fufee dhufe keessattis geggeessaa furtuu ture.

Hojii Ergamootaa 26:9-11 dubbisi. Phaawuloos gochaalee isaa waldaa irratti raawwate akkamitti ibsaa?

Eessumattuu hojiin wangeelaa warra Yihudotaatti gufuu dha (1 Qor. 1:23). Kana malees, akka aadaa fi fedhii Yihuudsotaa mootummaa Masihi hawwaniif Yesus deebii isaanii waan hin taaneef, inni fannoo irratti du'e sun akka Masihi Waaqayyootti karaa kamiinuu in fudhatamu, akkuma caaffati Qulqullaa'aan jedhutti namni fannifamee du'e tokko abaarsa Waaqayyoo jala jira (K.Deebii 21:23). Kanaafuu, Yihuudotaaf, fannifamuun

mataan isaa wanta jibbisiiisaa wal faallessu yamuu ta'u, ragaan isaa inni sirriin wanti waldaan waa'ee Yesuus jedhaa turte soba ta'u isaa ti.

Hojii Ergamootaa 9:1,2 akkuma ibsu, Phaawuloos, namni Xarsees, gochaa amantoota ari'achuu irratti bobba'ee argama. Damaasqoon magaalaa barbaachistuu maayiloota 135 gara kaaba Yerusaalemitti kan argamtuu fi Yihuudonni hedduun kan keessatti argamanii dha. Yihuudoti biyya alaa jiraatan neetiworkii Yerusaalem keessa madheffateen (gumii maangudootaa/Sanhedrin) qindaa'u (ijaaramu), amannen sagadaa akka wiirtuu gargaarsa hawaasaaf hojjechuu wajjin. Hawaasa akkasii fi gumii manguddootaa gidduu quunnamtii xalayyaa dhaabbaataatu ture. Xalayoota kana kan deddeebisan *shaaliyah* jedhamu, jechuunis 'kan ergame' jechuu dha.(from the Hebrew *shalā'*, "to send") Kunis jecha Ibirootaa *shaalaah* jedhamu irraa kan dhufee dha. Shaaliyaahn Gumii maangudootaan kan muudamu yammuu ta'u hojii amantii baay'ee baka bu'umsaan hojjeta.

Yammuu Phaawuloos angafa lubaa, dura taa'aa maanguddootaa, gara manneen sagadaa Damaasqotti akka xalayaa fuudhee deemuuf gaafate, innis shaaliyaa ta'uun hordftoota Yesus hidhuu fi gara Yerusaalemitti fiduuf aboo argate (Ho.E. 26:12 waliin wal maddii qabii ilaali). Afaan Griikiin jecha *shaliah* jedhu wajjin kan wal fakkaatu jecha *apostolos* yammu ta'u, jechi ergama jedhu kana irraa dhufe. Kanaafuu, Phaawuloos utuu ergamaa Yesus Kiristoos hin ta'in dura ergamaa gumii maanguddootaa ture.

Waanta baay'ee hinaaftuuf tokko irraa yeroo xumuraaf yoom yaada (samuu) kee geeddartee? Muuxannoo sana irraa barnoota akkamii argattee?

Karaa Damaasqoo Irratti

Hojii Ergamootaa 9:3-9dubbisi. Yammuu Phaawuloos gara Damaasqootti dhiyaachaa adeemu maaltu ta'ee? Hojii Ergamootaa 9:5 keesatti kan argamu barbaachisummaan sagalee Yesus maali? (*akkasumas Hojii Ergamootaa 26:14 ilaal*).

Phaawuloosii fi milttoowwan isaa akkuma Damaasqootti dhiyaachaa adeemanii, wanti hin eegamne tokko ta'e: Walakkeessaa guyyaatti takkaa kan isaan hin shaakalle ifni hguddaan waaqa irraa isaaniiti balaqqessa'e, akkasumas sagalee dubbatu dhaga'an. Kun miira raajummaan mul'ata miti, garuu, mullachuu Waaqayyoo ti malee. Kunis addumaan Phaawuloos irratti kan xiyyeffate ture. Miiltonni isaa ificha arganiiru, ta'us, Phaawuloos qofatu jaame; isaan sagalicha dhaga'aniiru; ta'us, Phaawuloos qoftu hubate. Ifichi ulfina Yesus Isa du'aa ka'ee sanaa dha, yeroottii sanatti kan qaamaan Phaawuloositt mul'ate (Hojii Ergamootaa 22:14). Phaawuloos gara itti adeemu hundumaatti Yesusiin arguu isaa labsaa adeema ture, kunis immoo akka dhuga-baatota du'aa ka'u wal qabaa qaban kudhalamaan wajjin wal qixxee isa taasisa (1 Qor. 9:1, 15:8).

Dubbii inni Yesus waliin dubbate ificha caalaa hamma bara baraatti Phaawuloosiin waraane. Phaawuloos dhibba keessaa dhibba amane, hordoftoota Yesus Naazireetichaa irra miidhaa geessisaa turuun isaa amantii Yihuudotaa (Judaism) balaa jibbisii isaa faallaa amantii irraa qulqulleessuun hojii Waaqayyoo hojjetaa tureera. Haa ta'u malee, wanti isa abdii kutachiise, kan inni barate lubbuun jiraachuu Yesus qofa utuu hin ta'in, miidhaa fi gidiraa hordoftoota Isaa irraan ga'een Yesus mataa Isaa miidhuu isas beekkateera. Yammuu Phaawuloos wajjin haasaa'aa ture, Yesus fakkeenya ka'umsi isaa Afaan Giriik ta'een, kan Phaawuloos beekuun dubbate. " Hundumti keenya lafa dhoofne;

afaan warra Yihuudotaatiinins sagalee, ‘Saa’ol! Saa’ol! maaliif na ari’atta? Shukkaa qaramee dhaabbatu irra yoo ejjette si waraanana’ anaan jedhuun dhaga’e” (Ho. E. 26:14). Hiiki isaa, muka qaramee waanjoo (harqoota) qotiyyoo irratti hidhamu, akka qotiyyoo gara fuulduraatti malee asii fi achi hin jenne kan ittisu yammuu ta’u, qotiyyichi karaa lakkisee gara muka qaramaa santi atti yoo jal’atee adeeme, caalaatti ofii isaa miidha.

Kun wal’aansoo sammuu phaawuloos keessatti ta’u kan argisiisu yammu ta’u, Macaafi Qulqulluun akka hojii Hafuuraa ta’etti ibsa (Yohaannis 16:8-11) hamma waan Isxifaanos irra ga’ee yaadachiisutti gara duubaa deebi’uu danda’a ta’aa. “Du’aa Isxifaanositti murteessuu keessatti Phaawuloos qooqda ol aanaa fudhatee, Warra kitimaa ta’an waliin argamuun Waaqayyoo ragaa humna qabeessa yammu ta’u, qajelummaa warra hor-doftoota Yesus mormanii gara shakkutti isa geese. Dhiphina isaa kana keessatti warra qajeelummaa ogummaa fi murtii isaaniitti guutummaatti amanuutti iyyate. Mareen lubootaa fi maanguddootaa xumura irrate isa amansisee, Isxifaanos xureessituu maqaa Waaqayyoo akka ta’e fi waa’ee isaa kan inni lallabaa ture, Yesusis dogoggorsaa fi itti fakkeessaa ta’uu irattis walii gale, warri iddo qulqulluu irraa tajaajilan (dhugaa ba’an) sirrii ta’uu qabu.” —Ellen G.White, *The Acts of the Apostles*, pp. 112, 113.

Sammuu keef xiyyeffannaa kennuun maaliif ogummaa ta’ee?

KIBXATA

Daawwannaan Anaaniyaas

Kan haasa’aa jiru Yesus mataa Isaa wajjin ta’uu yammuu hubate, Saa’ol gaaffii gaafate. Gaaffiin isaa carraa Yesus eeggachaa tureef karaa saaqe. “‘Maal godhu, Goof-taa?’” (Ho.E. 22:10). Gaaffichi gochaa isaa hamma ammaatti gaabbuu isaa argisiisa, garuu, irra caalaa Yesus akka jirenya

Adoolessa 31

isaa geggeessuuf haala duree tokko malee fedha qabaachuu isaa mul'isa. Gara Damaasqootti kan geeffame, Saa'ol qajeelfamoota dabalataa eeggata.

Hojii Ergamootaa 9:10-19 keessatti, Kitaabi Qulqulluun akka ibsutti, Gooftichi Saa'ol, nama biyya xarsees, jirenya isaa isa haaraaf akka ergamaa Phaawuloositti qopheessuufakkamitti akka hojjete mul'isa. Yesus mul'ataan Anaaniyaasiif hoj-manee kenne, dhaqee akka Saa'oliin daawwatuu (ilaaluuf) fi iji isaa akka deebi'ee arguuf harka isaa akka isa irra kaa'uuf. Haa ta'u malee, Anaaniyaas eenyummaa Saa'ol duraanuu waan beekuuf, sababa isaa obboloota meeqatu dhiphate, lubbuu isaanii dhabe. Ammas immoo maaliif akka gara Damaasqoo dhufe odeeaffannoo gahaa qaba. Saa'oliin gagaa'amuuf nama jalqabaa ta'uu hin barbaadu. Mamuun isaa in hubatama

Ta'us wanti Anaaniyaan hin hubannee, Saa'ol qaamaan Yesus wajjin wal arguun isaa bara baraan jirenya isaa akka jijiire kan hin hubanne ta'uu isaa ti. Amma iyuu gumii maanguddootaaf hojjetaa jira ta'ee isaa hin beekne, Hojii Isaaf Yesusiin waamamuun Saa'ol Anaaniyaasiin in dinqe, kana jechuun kana booddee Saa'ol ergamaa gumii maanguddotaa miti, garuu, Yesusiif wangeela Yihuudotaa fi Ormootaa biraan ga'uuf fo'atameera.

Galaatiyaa 1:1,11, 12 dubbisi. Ergamaa ta'ee hojjechuu isaa keessatti, Phaawuloos waan adda ta'e maal jedhaa?

Galaatiyaa keessatti, ergaa fi ergamummaa kallattiidhaan Kiristoos biraa akka fudhate, sanyii namaan kam iyuu harkaa akka hin fudhanne dubbata. Kun waamicha isaa keessatti waan Anaaniyaas godhe hin faallessu. Anaaniyaas yammuu Saa'olin argu, karaa Damaasqoo irrati Yesus harkaa akka aboo hojii wangeelaa fuudhate mirkanoeffate.

Dhuguma, jijiiramni jirenya Saa'ol baay'ee diraamaa dha, namaan kan hin hojjetamnee dha. Mormituu cimaan kun aman-

tiisa itti cichu dhiisee, ulfina isaa gatee, ogummaa isaa isa bor
itti guddatu dhiisee tasa Yesusiin fudhachuun iccitaawaa dha.
Yesusiif kan ofii isaa kennee fi ergamaa kitaabota baay'ee bar-
reesse ta'uun tajaaluu isaa giddu-seentummaa Waaqayyo qofa-
tu iccitii kana ibsuu danda'a.

**Geddaramuun Saa'ol keessatti, ayyaanni Waaqayyo inni din-
qisiisaan hojjetaa akka jiru karaa kam fa'iin mul'isaa?** Seenaa
kana irraa maal barattaa, waa'ee namoota ati jirenya kee kees-
satti dadhabbi amantii qabu jettee shakkitu,dadhabbi isaanii
mo'achuun amantii dhugaa qabaachuu danda'anii?

ROOBII

Hagayya 1

Tajaajilli Phaawuloos Jalqabuu Isaa

Hojii Ergamootaa 9:19-26 Phaawuloos erga amane booda
yeroo muraasaaf Damaasqoo keessa ture utuu Yerusaalemiiti hin
deebi'in dura (Ho.E. 9:29) kan jedhu ibsa. Galaatiyaa 1:17 kees-
satti, haa ta'u malee, Phaawuloos itti dabalee uttu Yerusaalemitti
hin deebi'in gara Arabiyaa dhaqee yeroo murtaa'eef jirenya
kophummaa jiraachaa achi akka ture dubbata. "As irratti, kophaa
isaa gammoojiji onaa keessatti, phaawuloos qorannoo fi qalbii
jijjiirannaaf yeroo qabaachuuf carraa gaarii argate." —Ellen G.
White, *The Acts of the Apostles*, p. 125.

Hojii Ergamootaa 9:20-25 dubbisi. Luqaas tajaajila Phaawuloos
Damaasqoo keessatti godhe akkamitti ibsaa? Dhuga-ba'umsi isaa
hammam adeemee?

Phaawuloos Yammuu xalayaa angafa lubootaa irraa fudhatee
gara Damaasqotti qajeele, akeeki isaa amantoota Yihuudota
manneen sagadaa Damaasqotti baqatan ari'achuuf ture (Ho.E.
9:2). Amma, erga Arabiyaa deebi'ee, gara manneen sagadaa sana
dhaqee, amantoota hidhuuf miti, lakkoofsi isaanii akka dabaluuf
malee; Yesus akka waan dogoggorsaa ta'eetti maqaa Isaa bal-
leessuufis miti, akka Masihi Isiraa'elitti male. Warri waa'een

isaa dhaga'uu qofaan sammuu isaanii keessa adeemu ari'attoota isaanii keessaa akka isa tokkootti isa llakkaa'aa turan, amma utuu inni waa'ee Yesusiif dhugaa ba'uu gurra isaaniin dhaga'an? Maal godhuu danda'u ree, waan Phaawuloos, namni Xarsees ta'e fi waan inni waldaaf godhe dinqisiifachuu malee? (Namani haaraa amane kun dhiibbaa akkamii akka qabaachuuf jiru tarii quba hin qaban ta'a!)

Phaawuloosiin faallessuu kan dadhaban mormitooti isaa, lubbuu isaa baasuuf wal ta'anii koratan (dhoksaadhaan mari'atan). Seenaan Phaawuloos (2 Qor. 11:32,33) keessatti akka ibsutti bakka yaadan ga'uuf aboo fi taayitaa naannootti isa hadheessan qabu. Haa ta'u malee, gargaarsa amantootaan handaqiin maramee karaa foddaa magaalattii harkaa ba'uu danda'e.

Jalqabuma irraa kaasee akka mormiin isaa mudachuuf jiru Phaawuloos beeka ture (Ho. E. 9:16). Burqaa adda addaa irraa mormiin, ari'atamuun, dhiphifamuun dhuga-ba'umsa isaatti akka gufuu ta'u in hubata ture, garuu homtinuu amantii isaa raasuu hin dandeenye, jirenya haaraa yesusitti qabaate keessatti, tarnkaafii tokko yeroo inni gara fuulduraatti fufhatu, hammuma sana shaakkalli mormii fi yaaliin lubbuu isaa balleessuu irratti ta'a (2Qor.4:8,9).

Yoo qabsoo fi mormiin isatti cime iyyuu, Phaawuloos duubatti hin deebine. Yammuu gara amantiitti dhufnu, haala abdii kutachiisuu fi mormii cimu keessatti obsaan jabaannee ittuma fufnee hojjechuu akkamitti barannaa?

KAMISA

Hagayya 2

Yerusaalemiitti Deebi'uu

Mormitoota isaa harkaa ba'ee erga Damaasqoo ba'ee, Yerusaalemii akka ari'ataatti kan ba'e, Phaawuloos, yeroo jalqabaaf Yerusaalemtti deebi'e. Kun kan ta'e erga amanee waggoottan sadii booda (Gala. 1:18). Yerusaalemitti deebi'uun isaa salphaa hin turre, waldaa keessaas ta'ee alaa rakkoon waan isa mudachaa tureef.

Hojii Ergamootaa 9:26-30 dubbisi. Yammuu Phaawuloos Yesusaalemiin ga'e maaltu isa mudatee?

Yeroo sanatti erga kiristaana ta'e waggoota sadii yoo lakkoofsise iyyuu, Phaawuloos Yerusaalem keessatti ergamootaan wal arguu barbaadee ture, oduun amanuu isaa dinqisiifannaa guddaa argate, keessumaa ergamoonni, addumaan immoo warri akka Anaaniyaa waa'ee amanuu Phaawuloos dursanii kan beekan, ija shakkiin isa ilaalan. Shira of eeggannoo cimaan qophaa'e se'anii sodaatan. Barnaabaas Leewwichi, Helenistichi, Qophroos irraa kan dhufe (Ho.E. 4:36,37) mormii ergamootaa caphsuun Phaawuloosiin isaanitti beeksise. Isaanis waan Waaqayyo Phaawuloosiif godhe baay'ee dinqisiifatan, kanaanis jijjiiramuun Phaawuloos dhugaa ta'u isaa mirkanoeffatan.

Haa ta'u malee, mormiin akkasii raawwatee baduu hin danda'u, yoo hin danda'amu ta'e baroota darban keessatti Phaawuloos waldaa ari'achuun isaa, sana booda ammoo yoo xiqaate sababa wangeela lallabeef. Waa'ee Isxifaanosiin ilaachisee, amantoonni Yihuudaa, ergamoota dabalatee, bal'ina amantii Kiristaanaa baay'ee suuta jedhanii hubatan, amantii sirna ayyaana adda addaa, addumaan sirma aarsaa waliin kan wal qabatu shaakala Kakuu Moofaa irraatti kan hin hundofane,sirnooti akkasii Yesus fannoo irratti du'uu waliin gatii dhabanii jiru. Waldoota Yihuudaa keessatti michooti Phaawuloos yeroo hundaa amantoota Helenistoota, Baarnaabaas cinatti, Filiphoot, Torban keessaa isa tokko (Ho.E. 21: 8), fi Minaason, nama biyya Qophroos (21:16). Waaggoota hedduu booda geggeessitooti waldaa Yerusaalem amma iyyuu Phaawuloos waanuma Isxifaanos duraan lallabaa ture lallaba jechuun isa hadheessan (Ho. E. 21:21).

Yeroo guyyoota kudhashaniif Yerusaalem keessa ture (Gala. 1:18), Yihuudota warra hin amanne, kan Phaawuloos isaan wajjin Isxifaanos irratti golii kaasaa turan wangeela qooduu murteessee ture. Ifaajeen isaa mormii jabaa isatti kaasise, hamma lubbuu isaaf sodaachisutti. Nageenya isaaf jedhee, Yesus mul'ataan Phaawuloos akka Yerusaalemii ba'uu qabu isatti hime

(Ho. E. 22:17-21). Gargaarsa obbolootaan, gara magaalaa buufata doonii, Qiisaariyaatti gadi bu'e, achi irraa gara biyya isaa, Qiliqiyaa dhqe. Iddoo kana waggotaa hedduuf ture, utuu imala dhuga-ba'umsaa hin jalqabin dura.

JIMAATA

Hagayya 3

Yaada Bal'inaan: “Ajajaan waraana du'e tokko waraana isaaf miidhaa dha, gama kaaniin, du'uun isaa diinaaf jabina hin dabalu. Garuu, yammuu namni beekamaan tokko garee duraan mormaa turetti dabalamu, tajaajila isaa qofa dhaban utuu hin taane, garee inni itti dabalatee bu'aa murteessaa argata. Phaawuloos, namni Xarsees, karaa Damaasqoo irratti, akkuma salphaatti Gooftaan rukutamee du'uu danda'a ture, garee ari'at-tootaa irraas humna guddatu hir'ata. Garuu, Waaqayyo eegun-msa Isaan lubbuu isaa du'a oolchuu qofa utuu hin ta'in, in jijjiires, kanaanis mo'ichi gara diinaa irraa gara garee Kiristoositti darbe.” Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 124.

Bartooti Isaa dhaqanii macca hunda akka barsiisaniiif Kiristoos abboomeera, garuu, muuxannoon bariisa Yihuudotaa duraan qaban akka isaan sagalee gooftaa guutummaatti hin hubanne taasise. Kanaafuu, abboommicha hojiitti hiikuun suuta ture. Nuyi ijoollee Abrahaam ofiin jedhu, akkasumas dhaaltota abdii Waaqayyootti ofii isaanii lakkaa'u. Erga Yesus ol fudhatame waggoota danuu booda kan maalummaa sagalee sirriitti hubachuu danda'an, Ormootaa fi Yihuudota jijiiruuuf (amansiisuuf) hojjechuu akka qaban hubatan.” Ellen G. White, *Sketches From the Life of Paul*, p. 38.

Gaaffiilee Maree:

- 1.Gaaffiilee Yesus, “Maaliif na ari'atta” jedhee Phaawuloosiin gaafate irratti bal'inaan mari'adhaa (Hojii Ergamootaa 9:4). Kun Yesus, Naazireetichi, warra du'an keessaa ka'uu Isaaf Phaawuloosiif argisiistuu dha. Sana caalaa immoo, argisiistuu hafuuraa Yesusii fi waldaa gidduu jiruu dha (Maat. 25:34-45 ilaali). Hiiki isaa ifaa dha, miidhaan kamuu Wal-

daa irra ga'u, Yesus mataa Isaafis miidhama. Shaakalaan kan mul'achuu danda'u, har'a kun nuuf maalii?

2. Yesusiif dhugaa ba'uun Yesusiif dhiphachuu qaba. Jechi Afaan Giriikiin dhuga-baatuu "witness" jedhuuf hiiki isaa "martyrs" wareega jecha "martyrdom" wareegamtoota jecha jedhu waliin hariiroo qabaachuun isaa carraadhaan miti. Yesusiif dhiphachuu jechuun maal jechuu dhaa?


3. Mammaaksi Laatiin durii tokko akkas jedha, *Credo ut intelligam*, hiiki isaa "An kaniin amanuuf akkan hubadhuuf." Waan Phaawuloos nama xarsees irra ga'e hubachuuf yaadni kun akkamitti nu gargaaraa? Kana jechuun utuu hin geeddar-amin dura, utuu hin amanin dura hubachuun hin danda'u ture. Eraga muuxannoo argatee qofa hubachuun kan danda'e. Dhugaa nuuf baa'ee ifa ta'etti warra hin amanne irraa yamuu sadaan nutti dhufu, mammaaksa kana irraa barumsa akkamii argtnaa?

Barummsa 6ffaa Hagayya 4-10

Tajaajila Pheexiroos

SANBATA WAAREE BOODDEE

Qu'annoo Torban kanaaf kana heertuuwwan armaan gadii dubbisii: Ho.E. 9:32-43, 10:9-16, Efe. 2:11-19, Ho.E. 11:1-26, 12:1-18



“Yammus Pheexiroos jaratti dubbatee, ‘Waaqayyo akka nama wal hin caal-chisne amma hubadheera. Saba biyya lafaa hundumaa keessaa namni isa sodaatu, inni waan qajeelaa hojjetus isa birratti fudhatamaa dha’ ” (Hojii Ergamootaa 10:34, 35).

Phaawuloos Xarseesitti Yammuu deebi'uu, seenaa waldaa gara jalqabaa Luqaas barreesse keessatti Pheexiroos ammas ta'aa isa guddicha dha. Pheexiroos Yihuudaa fi naannoo isee keessa naanna'uun wangeela lallabaa tureera. Hojiin ergamootaa seenaa gaggabaaboo fi dinqisiisoo ta'an lama nutti hima, innis fayyuu Eneyaas fi du'aa ka'uu Xaabiitaa (Dorkaas/ Kuruphee) dha, kanatti fufee seenaa Qorneelewos dhuma boqonnaa 10 keessatti.

Seenaa waldaa bara ergamootaa keessatti jijjiiramuun Ormootaa dhimma ijoo ture. Erga Qorneelewos cuuphamee booddee mareen geggeeffame rakkoolee turan hundaaf furmaata hin laatne, dhangala'uu hafuuraa, waan guyyaa Pheenxeqoosxeetti ta'e yaadachuun Pheexiroosii fi Obbolooti ebbi wangeelaa Yihuudota qofatti akka hin daangeffamne akka hubatan isaan gargaare. Gama kaaniin, yeroo kanatti waldaan Anxooqiyaa gara Ormootaatti siquu jalqabdeetti.

Qo'annoontorban kanaa ka'umsa ari'annaa gabaabduu tokko dabalata—ari'annaan yeroo kanaa Mootii Heroodiin dur-

fama. Ari'annaa isaa kana keessatti ergamaan ari'annaa Saa'ol dandamate tokko irra miidhaan gaheera.

JALQABA TORBANII

Hagayya 5

Liidaa fi Yopheetti

Pheexiroos karaa qaqla galaanaa irra deddeebi'ee hawaasa amantootaa daawwataa (dubbisaa) ture. Akeeki isaa tarii qajeelfama barsiisa wangeelaa (doctrinal instructions) kennuuf ture (Ho.E. 2:42), dinqii Kiristoos mataan Isaa hojjete akka hojjetuuf Waaqayyo Pheexirositti humnaan fayyadame.

Hojii Ergamootaa 9:32-35 dubbisi. Dinqii Yesus Luqaas 5:17-26 keessatti hojjetee fi fayyuun Enyeas maaliin wal fakkatuu?

Seenichi gabaabinaan yoo ibsame iyyuu, dinqichi waa'ee namicha naafa beekamaa Qifirnaahom Yesus fayyise nu yaadachiisa (Luqaas 5:17-26). Haalli siree isaanii wal faakkaata. Wanti baay'ee barbaachisaan fayyuu Enyeaasi, Liidaa qofa keessa miti qarqara galaana Shaaroon keessatti dhiibbaa guddaa uumeera. Dhugummaa dinqichaa ofii isaaniitii erga mirkanoeffatanii booddee, namoonni hedduun gara Gooftaatti deebi'an.

Hojii Ergamootaa 9:36-43 dubbisi. Du'aa ka'uu Xaabiitaa irra deebi'ii ilaali. Asitti waa'ee isee wanti baay'ee adda ta'e maalii?

Hiikaan Xaabiitaa Afaan Armaayik—"kuruphee", Afaan Giiriikiin immoo doorkaas jechuu dha, amantu olloota iseen baay'ee jaallatamtuu dha. Sababiin isaa hojii gargarsa Kiri-staanummaa waan hojjettuufi. Seenaan du'aa ka'uu isee dinqii Yesus hojjete waliin deema: innis du'aa ka'uu hintala Yaayiros (Luqaas 8: 41,42, 49-56), Pheexiroos kanaaf dhugaa ba'eera.

Pheexiroos, Fakkeenya Kiristoos hordofuun, akka namooti hundumtuu gadi ba'an gaafate (Maar. 5:40 ilaali). Sana booda jilbeenfatee kadhate, kana booda isee dutee turt waame, “ ‘Xabiitaa ka’i’ ” (Ho.E. 9:40).

Ergamaan, Phaawuloos, dinqii danuu hojjete; ta’us, dhuguma kunnii hojji Waaqayyoo isa karaa harka ergamaa mul’atee dha (Ho.E. 512). Dinqii Yesus hojjete wajjin wal fakkaachuun tarii waldaa, har'a nus dabalatee wanti baay'ee barbaachisaan eenyummaa qodichaa miti, garuu, murteeffannoo isa/ isee Waaqayyootti ofii isaanii kennanii dha (Yohaannis 14:12 ilaali). Yammuu nuyi hojji wangeelaaf Waaqayyo guutummaatti akka nutti fayyadamu eeyyamnu, wantoota gurguuddatu ta'a. Pheexiroos Xabiitaa qofa fayyise miti, dinqiin ta'e Yophee keessatti namoonni hedduun akka jijiiramanifi sababa ta'e(Ho.E. 9:42).

Namoonni tokko tokko akkuma asi irratti ta'e, yoo dinqii dhugaa argine malee jedhu, sana booda amanu. Yoo yeroo tokko tokko dinqiin namoota gara amantiitti fide iyyuu, Macaaf Qulqulluun seenaa namoota dinqii arganii hin amanne baay'ee qaba. Erga akkas ta'ee, bu'urri amantii keenyaa maal haa ta'u ree?

WIIKATA Mana Qorneelewositti

Hagayya 6

Yopheetti, Pheexiroos namicha ogummaan isaa gogaa duuguut a'e, Sim'oon jedhamu bira ture (Ho.E. 9:45). Gama kaaniin, kutaa waraana Roomaatti angafa dhibbaa kan ta'e, maqaan isaa Qorneelews jedhumu Qiisaariyaa gara maayili digdamii shanii (km 40) Yophee irraa fagaattee argamtu keessa jiraata ture. Isaa fi maatiin isaa Waaqayyoon kan waaqessan turan, yoo haala ifa ta'een amantii Yihuudotaa hin fudhanne ta'e iyyuu, kana jechuun amma iyyuu Qorneelewos dhagna kan hin qabanne Orma. Mul'ata Waaqayyo bira kennameefiin, gara Yopheetti ergamtoota ergee akka Pheexiroosiin waamsisuuf qajeelfami kennameef (Ho. E. 10: 1-8).

**Hojii Ergamootaa 10: 9-16, 28, 34, 35 dubbisi.
Pheexiroosiin maaltu mudatee? Akkamittis hiikkatee?**

Mul'ati Pheexiroos waa'ee buddeenaan akka hin taane beekamuu qaba, garuu, mul'ati isaa waa'ee namootaa ti. Eyyee, Pheexiroos kan beela'ee waaree booda ture, ajjeesee akka nyaatuuf sagaleen isatti dubbatee ture; ta'us, bineeldota qul-qulluu fi xuraawaa gidduu garaagarummaan tureen akkuma adda hin baasine Waaqayyo sagalichatti fayyadame waa'ee hunda hammateessummaa amala wangeelaa Pheexiroosiin barsiisuu barbaade.

Mul'atichi mormii Pheexiroos Ormootaa irratti qabu cabsuuf akka ta'e baay'ee ifaa dha. Pheexiroos mana Qorneelewos seenee isaan wajjin yoo nyaate, ofii isaa waan xuressuuf mana sadadaa seenee waaqeffachuu fi fuula Waaqayyo doratti dhiyaachuuf ulaagaa hin guutu. Yihuudoti jaarraa tokkoffaa biyya Yihuudaa fi naannoo isee jiraatan warra dhagna hin qabanne, Ormootaa waliin hariiroo hin qaban.

Gamtaa Isiraa'eli ala ta'uun Ormootaa rakkoo barnoota amantii (theology) ammayyaa ti. Tuqaan kun akka sabaatti jiraachuu Isiraa'el yaada jal'isee yoo ta'e iyyuu, kan beekumsa Waaqa dhugaa biyya lafaan ga'u ture.

Dhagna qabaan mallattoo kakuu Abrahaam yammuu ta'u, warri dhagna hin qabanne addaan baafamanii, tuffiidhaan jiraatu. Hamma dhagna qabachuun Yihuudummaa hin fudhannetti, haala kamiinuu ebba kakuu keessaa qooda hin qaban. Yaadni kun du'a Yesus isa addunyaawaa waliin kan hin adeemne yoo ta'u, akka-ma amantooti durii turanii gara hubannaatti dhufan.

**Tiitoos 2:11,Galaatiyaa 3:26-28, fi Efesoon 2:11-19 dubnbisi.
Waa'ee ergaan wangeelaa addunyaawaa ta'u heertuuwaan
kunniin maal nu barsiisuu? Sanyii dhaan, gosaan gooduun
jibbuun Kiristaanotaaf hammam dogoggora akka ta'e maal
nutti himuu qabuu?**

Kennaah Hafuuraa

Hojii Ergamootaa 10:44-48 waldaa durii keessatti yeroo murteessituu argisiisa. Yeroo jalqabaaf Waangeelli ergamoota keessa isa tokkoon warra dhagna hin qabanne, Ormotatti, lal-labame. Faallaa amantoota Helenistootaa, ergamootaa fi kanneen biroo amantooti Yihuudaa Ormoota waldaatti simachuuf qophii hin turre. Yesus Masihi Isiraa'el waan ta'eef, wangeelli kan Yihuudotaa dhiyoo fi fagoo jiranii qofa se'an. Ormooti jalqaba amantii Yihuudotaa fadhachuu qabu, sana booda gara hawaasa amantiitti fudhatamu. Jechoota biroon, Ormoonni utuu Kiristaana hin ta'in dura, jalqaba Yihuudota ta'uu qabu. Kun yaada amantoota Yihuudotaa durii keessaa jijiiramuu qabuu dha.

Kennaan afaanii Qorneelewosii fi maatii isaaif kennname mallattoo yaadicha dhara taasisuu ifaa kan ta'e fi kan argamu dha. Waaqayyo gar-tokkeef hin loogu, fayyinni Yihuudotaa fi Ormootaafis fuula isaa duraatti wal qixxee dha.

Hojii Ergamootaa 11:1-18 dubbisi. Waldaan Yerusalem waan Pheexiroos Qiisaariyaatti hojjete akkamiiti ilaa-lan?

Yihuudoti bara dheeraaf Ormoota jibbaa turan. Kanaaf amantoomni Yrusalem waan saba dhagna hin qabanne waliin nyaateef Pheexiroosiin ceepha'an. Fayyina Qorneelewooss fi maatii isaa caala waa'ee sirna ayyaanaaf iddo kenu. Utuu haala kanaan jiruu yoo waldaa gargar cabe, amantii Yihuudotaa ballessa jedhanii sodaatan, yoo kun ta'es faara Waaqayyo nu dhabsiisa jedhanii yaada'an , hadheessaa Isxifaanosiin gara du'atti geesse, nus akkasuma Yihuudota obbolootaan in hadheeffaamna jedhanii sodaatan.

“Yeroo hojiin Waaqayyo walumaagalatti boqonna haaraa seenu dhufeera. Balballi amantoota Yihuudotaan Ormootatti cufame darbatamee baname. Ormooti wangeela fudhatan bar-toota Yihuudotaa wajjin wal qixxeetti ilaalamuu qabu, bar-baachisummaa sirna dhagna qabaan alatti.” —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 136.

Asittis, akkuma Guyyaa Pheenxeqoosxee, isaan afaan haaraa du-raan hin beekamneen dubbatan qooda afaan duraan beekanii. Ak-eeki isaa adda: Ergamootaa hiika ergama addunyawaa waldaa argisiisuu yammuu ta’u, Qorneelewosiif immoo ayyaanni Waaqayyo Ormoota keessatti akka hojjetu mirkaneessuu dha.

ROOBII

Hagayya 8

Waldaa Anxokiyaa

Geddaramuu Qorneelewosiin sababsatee, Luqaas jalqaba guddina wangeelaa Ormoota keessatti mul’isuuf jedhee, yeroo gabaabduuf seenaa tajaajila Pheexiroos addaan kutee ture.

Hojii Ergamootaa 11:19-26 dubbisi. Baqattoonni Yerusaalem yammuu gara Anxokiyaa dhufan maaltu ta’ee?

Hojii Ergamootaa kutaa 11 ari’annaa Pheexiroos isa boqonna 8 keessatti ibsame duubatti deebi’ee nu yaadachiisa. Taateen jalqabaa Yihuudaa fi bakka halletti utuu ta’aa jiruu, amantoota Helenistootaa keessa gam-tokko Yerusaalem keessaa dirqamanii kan ba’an wangeela daangaa Yihuudaa ceesisanii tamsaasan.

Sooriyaa keessatti kan argamtu, magaalaa guddittii, Anxokiyaa jedhamtuuf Luqaas xiyyeffanna addaa kenna. Iddoo kanatti baqattoonni Yihuudota abboleeyyan isaanii Yihuudotaa fi Helenistootatti wangeela lallabbuu jalqaban, baay’een isaanii amanticha in fudhatan. Wanti Yesus Hojii Ergamootaa 1:8 keessatti dubbate karaa ifaajee Kiristaanota Helenistoota Yihuudotaa dhugoome. Isaan kana dhugumatti ergama gara Ormootaatti warri bu’uressan. Kanaaf isaan bu’uressitoota jedhamu.

Hojiin waldaa Anxokiyaa keessatti waan milkaa'eef, ergamooti Yerusaalem keessa jiran Barnaabaas garasana dhaqee haala achi jiru akka madaaluuf murteessan. Caarrraa wangeela babal'isuu guddaan akka jiru waan qalbfateef, Barnaabaas Phaawuloos isa Xarsees jirutti namoota erge, gara Anxokiyaa dhufee hojii akka isa gargaaruuf.

Barnaabaas sirrii ture. Waggoota isaa fi Phaawuloos waliin hojjetan, namooti baay'een, irra caalaan isaani Ormoota kan ta'an wangeela dhaga'u danda'aniiru.

Miirri isaan ittiin waa'ee Yesus Kiristoos dubbatan adduma ture. Kanaaf amantooti achi jiran yeroo jalqabaaf "Kiristaanota" jedhamuun beekaman (Ho.E. 11:26). Kiristaanota jedhamanii warri isaan waaman waldaa ala warra ta'an isaanitti ga'isuuf jechichatti fayyadaman, garuu, amantooti "obboloota" (Ho.E. 1:16), "bartoota" (Ho.E. 6:1), yookaan "qulqullota" (Ho.E. 9:13). Yammuu hojii Ergamoota barreeffamu "Kiristaana" jechuun beekamaa ta'eera. Kanas Luqaas akkas jechuun mirkaneesseera: "Kiristaana" jechuun hodoftoota yookaan duuka-buutota Kiristoos jechuu dha.

"Kiristaana" jedhamtee hiika maalii siif qabaata? Jireenyi kee woo dhuguma Kiristaana? Akka sanatti warra Kiristaana hin ta'in irraa adda taatee jiraata- wantoota dhugumaan garaagarummaa uumuu danda'an irratti Kiristaana?

KAMISA

Hagayya 9

Ari'annaa Herod

Yammuu ammas fuula keenya gara Yihuudaatti deebisnu seenaa ajjeechaa Mooti Herood Yaaqoob irratti raawwate argina. Yaaqoob obboleessa Yohaannisii fi Zabdewos ture (Maark. 1:19). Pheexiroosi irrattis kanuma raawwachuu barbaade.

Ho.E. 12:1- 4 dubbisi. Heertuun kun waa'ee rakkina waldaa jalqabaa mudatee ture maal nu barsiisuu?

Mootichi Herod maqaa biraa 1 Agiriphaa, akaakayyuu Herood isa guddichaa ti (Maat. 2:1); inni Yihuudaa Dh.D. 40 – 44 bulche. Nama amantii ta’uu isaa waan mul’iseef sabota of jalatti bulchu akka Yihuudotaa biratti, addumaan Faariisota biratti fudhatama guddaa argate.

Ergamoota keessaa hamma tokko irratti miidhaa geggeessuun yaalii deeggarsa Yihuudotaa argachuuf raawwate, seenaa isaa barreeffama biroo keessatti beeknu waliin guutum-maatti wal sima.

Yaaqoobiin ajjeesuun karoora Agiriphaa fiixaan baasa, akkasuma Pheexiroosiinis ajjeesuuf karoorsee ture. Pheexiroos qabame darbarfamee gareewwan loltootaa afuritti kennname, ga-reen tokko loltuu afur qaba. Gareen loltootaa kunniin halkan isa eegaa bulu. Yeroo tokkotti loltoota afurtu Pheexoroosiin eega: bitaa fi mirgaan loltoota lamatti fuuncaan hidhama, loltooti lama immoo karra eegu. Dursanii of tarkaanfii eeggannoo cimaa fud-hachuun isaanii wanti Pheexiroosii fi Yohaannis irrattita’e akka hin dabalamneef ture (Ho. E. 5:17-20).

Hojii Ergamootaa 12:5-18) dubbisi. Deebiin kadhata obboloota maal turee?

Guyyaa Agiriphaa Pheexiroosiin ajjeesuuf karoorse dura halkan Pheexiroos ammas haala baay’ee dinqisiisa ta’een mana hidhaa keessaa ergamaan baafame. Kanatti fufee, Qiisaariyaa kees-satti seena du’a Agiriphaa (Herodis) ilaalla (Ho.E. 12: 20-23). Sababa du’a isaa adda baasuuf yaaliin ta’eera: (garaa gubaa,cawwee (ulcer), hadhaa); ta’us, ejjennoon Luqaas ifaadha, Mootichi akka du’u murtoo Waaqayoo ture.

Yaaqoob in du’e, Pheexiroos in furame, Herodis murtoo Waqayyoo argate. Dhimmota tokko tokko keessatti haqum-maa argina, iddo biraatti immoo hin arginu. Gaaffii keenya hundaaf deebii dhabuun, waan hubachuu hin dandeenye ilaachisee amantiin jiraachuun maaliif akka barbaachisee kun maal nu barsiisaa?

JIMAATA

Hagayya 10

Qu'annoobal'inaan: “Hojii Ergamootaa boqonnaa kudhan keessatti amma illee ergamaan Waaqayyo ijoolee Isaaf eeggannaa godhe kan biraa argina. Bu'aan kanaa immoo amanuu Qorneelosii fi maatii isaa dha. Boqonnaan kunniin (8-10) haa dubbifaman, xiyyeffannoos haa argatan. Isaan keessa waaqni Kiristaanotatti warra hojii lubbuu fayyisuutti qabamanii jiranitti baay'ee dhiyoo akka ta'e argina. Karaa isaanii eeggannaa Waaqayyo sanyii namaa hundumaaf akkuma godhe, nus oboloota keenyaaf mi'a hojii waaqayyootti ta'aniif akkasuma godhuu baratna, hojii Gooftaa biyya lafaa kana irraa fixuuf.” — Ellen G. White Comments, *The SDA Bible Commentary*, vol. 6, p. 1059.

“Yammuu waldaan kadhattu, hojiin Waaqayyoo gara fuul-duraatti adeema, diinonni Isaa harka duwwaatti hafu, kun immoo dhiphina waldaa fi wareegama hin hambisu, Luqaas mo'achuu wangeelaatti amantii inni qabu dhugaa yoo ta'ee iyyuu, hojiin Waaqayyo daangeffamuu akka hin dandeenye yoo beeke iyyuu, garboonni Waaqayyo dhiphachuu fi hidhamuun in ta'aaf.” —I. Howard Marshall, *The Acts of the Apostles* (Grand Rapids: Eerdmans, 1980), pp. 206, 207.

Gaaffiilee Maree:

- 1.Qorneelos akka, “Inni nama Waqayyoof bule, maatii isaa hundumaa wajjinis Waaqayyoon kan sodaate ture (Ho.E.10:2). Utuu Pheexiroosiin wal hin nargin yeroo dheeraa dura Hafuurri Waaqayyo akka Qorneelos hojjetaa ture beekamaa dha. Tarii jirenya of kennuu ta'innaa laata Waaqayyoof kan carraa kenne, ergaan wangeelaa akka isa dhaqqabu kan godhe? Seenaan kun barunsa akkamii nuuf qabaa?
- 2.Daree keessatti Wiixataatti duuba deebi'ii gra gaaffii isa xumuraatti, gaaffii kana ofii kee haafadhu: Aadaa, hawaasummaa fi haala siyaasaa kan ati keessa jiraattu muddama gosoota gidduutti kan fidu, Kiristaanoni itti hirmaachuu hin qabne maali? Jechoota biroon, barbaachisaa ta'ee yammuu argamu, akka Kiristaanotaatti aadaa keenyaan uttu hin

daangeffaman, akkamitti hundumti keenya wal faan ka'uu dandeenyaa?

- 3.Gaaga'ama yoo qabaate iyyuu, ifaajeen ari'annaa Phaawuloos gara gaarummaatti deebi'ee bu'aa guddaa buusuu jalqabe: baqattoonni gara Anxokiyaa dhufan Yihuudotaa fi Helenistootatti wangeela labsuu jalqaban. Daree keessatti, muuxannoo dhuunfaa—dhukkubbii fi dhiphinni gara ebbaatti kan jijiirameef yoo jiraate muuxanno waliif hiraa.
- 4.Yaaqoob Yesusitti baay'ee kan dhiyaatu ergamoota keessaa isa tokko (Maar.5:37, 9:2, 14:33); ta'us , dhiphinaan wareegamuuf warra kudha lamaan keessaa isa jalqabaa ti. Macaafa Qulqulluu keessatti fakkeenyaa namoota amanamoo ta'anii, garuu gochaan haqummaa hin kan ir-rattti raawwatame maal arginaa? Gaaffii dhiphinaan waliin ka'u maraaf seenaa kanneen irraa barumsa akkamii arganna?

Barummsa 7ffaa

Hagayya 11-17

Imala Ergama Jalqabaa Phaawuloos

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo Torban Kanaaf Heertuulee Armaan Gadii Dubbisi:
Ho.E.13, 2Qor. 4: 7-10, Room. 3:19, Ho.E. 14:1-26, Room.9:11.



“ ‘Kanaafis karaa Yesus isa du’aa ka’e kanaan dhiifamuun cubbuu isinitti in lallabama. Irra daddarbaa seera Museetiin itti hiikamuu hin dandeenye, hundumaattiis hiikamuun isumaan akka argamu isin biratti haa beekamu, yaa obboloota ko! Yesusitti kan amanu hundinuu hiikama in argata’ ” (Hojii Ergamootaa 13:38, 39).

Dhuguma, wangeelli gara Ormootaa akkasumas gara Yihuudotaa dhaquu qaba. Kun ergaa amantoonni Yihuudotaa suuta, garuu, dhugumaan hubachuu jalqabani dha.

Ormooti danuun amantiitti dabalamuu kan ibsu gabaasi ifa ta’e jalqabaa Anxokiyaa waliin hidhata qaba. Jechoota biroon, waldaan Ormootaa jalqabaa Anxokiyaa keessatti bu’uureffame, yoo amantooti Yihuudotaa hangi tokko keessatti argaman iyyuu (Galaa. 2:11-13). Sababa hinaaffaa bu’uuressitootaa, Baarnaabaasii fi Pheexiroos achi ga’uun humna haaraa waan dabaleef waldaan achi jirtu saffisaan guddatte, Yihuudaan alatti wiirtuu Kiristaanaa jaiqabaa fi beekamaa taate. Haala tokko tokkoon waldaa Yerusaalem in caalti.

Ergamoonni amma iyyuu Yerusaalem keessa buufatanii waan jiraniif, Anxokiyaan iddo dhaloota ergama Kiristaanaa taate. Phaawuloos achi irraa ka’uun gargaarsa amantoota naannoon argateen imala ergama isaa sadan raawwateera. Sababa of kennuu isaanii Kiristaanummaan akka Yesus barbaadetti ta’ee

argame: amantii addunyaa, karaa wangeelli, “. . . saba hundumaatti, gosa hundumaatti, afaan dubbatamu hundumaatti, nama hundumaattis, . . .” (Mul.14:6) lallabamu.

JALQABA TORBANII

Hagayya 12

Saalaamiisii fi Phaafos

Imala ergama Phaawulloos isa jalqabaa guutummaa boqonnaa (Hojii Ergamoota 13 fi 14) keessatti argamu beeksisuuf Luqaas xiyyeefannoo isa gara gara Hojii Ergamootaa boqonnaa 13 deebise. As irraa jalqabee hamma xumura macaafichaatti, xiyyeefannoo kan argate Phaawuloosii fi ergama isa Ormoota keessatti ta’ee dha.

Kun itti yaadamee waldaa dhuunfaa kan karoorfame hojii ergamaa isa jalqbaa dha. Ta’us, ibsa hojii ergamichaa keessatti Luqaas baay’ee of eeggataa dha, kaka’umsi hojii akkasii kun jalqabi isaa Waaqayyo biraa akka ta’e, kaka’umsa amantootaan miti. Ijoon dubbichaa, haa ta’u malee, Yammuu nuyi fedhaan akka Inni nutti dhimma ba’utti ofii keenya dhiyeessinu, Waaqayyo nu keessaan hojjechuu danda’a.

Hojii Ergamootaa 13: 1-12 dubbisi. Hojii Baarnaabaasii fi Phaawuloos Qophroositti hojjetan ilaalchisee, Luqaas tuqaa guddaan xiyyeefannoo kenneef maalii?

Utuu ergamoonni imala isaanii hin jalqabin dura yeroo hagabuun kadhatatti qabaman in jiraata, haala kana keessatti ayyana Waaqayyoo akka argataniif harka imaltoota isaanii irra kaa’uun ebbisu (Ho. E. 14:26) hojii hojjechuuf deeman irratti akka milkaa’aniif.

Biyyi bishaaniin marfamte, Qophroos, kaaba baha qarqara Ga-laana Mediteraaniyaa, Anxokiyaa irraa fagaattee argamti. Biyattiin gaarii dha, kan dursee achi gahe Barnaabaas isa biyya Qophroos qofa miti wangeellis dursee achi gaheera. Ta’us, amma iyyuu hojiwwan baay’eetu hojjetamuu qabu.

Barnaabaas fi Phaawuloos-Yohaannis Maariqos, durbii Barnaabaas al tokko erga Qophroos keessa jiraachuu jalqabanii (Ho.E. 15:39, Qolaa. 4:10), mana sagadaa Saalaamiisitti isaaniin wajjin kan lallabe, isaan waliin ture. Phaawuloos akka hojii idileetti hogga iyyuu kana godha: Utuu gara Ormootaatti hin deebi'en jalqaba mana sagadaatti lalaaba. Sababiin isaa Yesus Masihi Isiraa'el waan ta'eef, Yihuudotaaf wangeela dura hiruun baay'ee qajeelaa dha.

Salaamiisin booda gara lixaatti wangeela lallabaa hamma magaalaa guddoo, Faafositti adeeman. Seenichi namoota lama irratii xiyyeffata: Yihuudicha qoricha namatti godhu maqaan isaa Baar-Yesus, akkasumas, Iliimaas kan jedhamu, fi Sargiis Phawulaas, bulchaa biiyya sanaa dha. Seenichi wangeelli mormiin simatamuu keessatti faakkeenya gaarii kenna: gama tokkoon, mormii ifa ta'e, gama kaaniin, Ormooti, hamma namoota kabajamotti amanamummaan amanticha fudhachuu isaanii ti. Wanti Hojii Ergamootaa 13:12 keessatti ifa ta'ee jiru jijiiramuu Ormootaatti hiikma.

Me amma yaadi, Yihuudota warri dhugaadhaan morman yammuu Ormooti fudhatan. Warra hin amanne caalaa Kiri-staanota biroo “dhugaa yeroo” hubachiisuun ulfaataa maali-if ta'aa? Haala akkasii keessatti seenaan kunakkamiiti nu gargaaraa?

**WIIXATA
Piisiidiyaayaa Anxokiyaa: Kutaa 1**

Hagayya 13

Phaawuloosii fi miiltowan isaa waliin Qophroos irraa gara Pargaa, Paamfiliyaa keessatti argamtu, qarqara galaanaa kibbat-ti Tarkii har'aatti bidiruun adeeman. Utuu gara biyya Anxokiyaa keessatti argamtu, Piisiidiyaan hin deemin dura, Luqaas waa'ee jijiirama ciccimoo lamaa gabaasee ture: a) Phaawuloos gara geggeessummaatti dhufe (hamma ammaatti maqaa Baarnaabaastu dura waamama ture), b) Luqaas maqaa “Saa’ol” (maqaa Yihuudaan) itti fayyadamuu dhaabe,

“Phaawuloos” jedhees waamuu jalqabe (Ho. E. 15:9). Tarii kana booda Phaawwuloos naannoo Giriikii fi Roomaa keessa wan turuuf ta’uu danda’a.

Yohaannis Maariqoos gara Yerusaalemitti deebi’uu isaa Luqaas Hojii Ergamootaa 13:13 galmeesseera. Yohaannis Maariqos maaliif akka miliqe heertuuwwan mataan isaanii hin ibsine waan waa’ee odeeeffannoo hin qabnu. Ellan Waayit akka barreessitetti, haalli fuula isaa dura jiru ulfaataa waan ta’eef, haala kanneen sodaachuu fi, “ Yohaannis Maariqos doorsifamuun seexaa dhabuu fi abdii hunda kutachuun itti fufee fagaatee adeemuu diduun gara Yerusaalemiitti deei’eera.” —*The Acts of the 19 Apostles*, p. 170.

Waaqayyo hojiin wangelaa salphaa dha hin jenne, Phaawuloos jalqabuma irraa kaasee tajaajila inni Yesusiif godhu dhiphina akka hordofsiisu beeka ture (Ho.E. 9:16), garuu, raawwatee humna Waaqayyoo irratti hirkachuu bareera, iccitiin jabina isaa isa keessatti argama (2 Qor. 4:7-10).

Hojii Ergamootaa 13:38 dubbisi. Mana sagadaa Anxoki- yaa keessatti Ijoon dubbii Phaawuloos maal ture?

Kakuu Haaraa, Hojii Ergamootaa 13:16-41 keessatti, lallabooti jalqabaa Phaawulos lallabe galmaa’ee jira. Dhuguma lallaba jalqaba Phaawuloos lallabe miti, gudunfaa (summary) gabaabaa dubbii isaa kan bakka bu’uun ta’uun gaaffii hin qabu.

Lallabi isaa bakka sadiihti qoodama: Hirmaannaam amantaa (belief) waa’ee Waaqayyo Isiraa’eliin fo’achuu fi mootummaa Daawwiti (Ho.E. 13:17-23); kutaan kun qabxii hariiroo Yihudata dhaggeeffattoota isaa waliin uummachuuf kan yaadamee dha. Qaxiin lammataa, Yesus bakka bu’aa abdii Waaqayyoo ilmaan Daawwitiif kakatame, fayyina Isiraa’eliif kan fidu danda’uu dha (Ho.E. 13:24-37). Kutaan xumuraa akeekachiisa furamuu isa karaa Yesus kennameen mormuu dha (Ho. E. 13:38-41).

Fiixeen lallaba Phaawuloos lakk. 38,39 keessatti ijoon lallaba isaa ergaa qajeelummaa isa jedhuu dha. Dhiifami cubbuu fi qajeelummaan karaa Yesus qofa argama, seera Museen miti. Keewwaati kun seerri cabeera hin jedhu. Wanti seerri in godha jedhanii Yihuudoti eegan godhuuf kan humna hin qabne ta'uu isaa ti: innis qajeelummaa (Roomaa 10:1-4). Dandeettii addaa akkasii kun Yesus qofa biratti argama (Galaa. 2:16).

**Fayyinni karaa Yesus qofa jechuun maal jechuu dhaa?
Barbaachisummaa seera safuu Waaqayyoo eeguu fi seerri
qajeelaa nama godhuu hin danda'u isaa jedhu akkamitti
walitti firoomsitaa?**

KIBXATA

Hagayya 14

Piisiidiyyaa Anxokiyaa: Kuta 2

Yaada barsiisa amantii (doctrinal concept) isa barbaachisa ta'e, qajeela taasisuuf humna dhabuu seeraa Hojii Ergamootaa 13:38,39 keessatti ibsameera. Amala abboomuu yoo qabaate iyyuu, seerri qajeelummaa fiduu hin danda'u, sababiin isaa warri seericha eegan mudaa malee akka isaan abboomaman godhuu hin danda'u waan ta'eef (Ho. E. 15:10, Roomaa 8:3). Yoo seerri mudaa malee abboomamuun nu keessatti uume iyyuu, mudaa malee abboomamuun sun cubbuu darbeef dhiifama godhuu hin danda'u (Roomaa 3:19; Galaa. 3:10,11). Kanaafii kan qajeelummaan hin argamneef, walakkaan isaa illee. Isaa aarsaa cubbuu keenyaa ta'uun dhiifama cubbuu Isa nuuf godhe, karaa amantii Yesus qofa irraa qajeelummaa fudhanna (Roomaa 3:28; Galaa. 2:16), kennaa nuuf hin malle. Haa ta'u malee, wiirtuu jirreenya Kiristaanaa kan ta'e, abboomamuun fayyina nuuf fiduu hin danda'u.

Hojii Ergamootaa 13:42-49 dubbisi. Manneen sagadaa ergaa Phaawuloos akkamitti simatan?

Mormiin dura dhaabachuu waan dadhabeef Phaawuloos ergaa isaa xumure, gama kaaniin mormiin mannen sagadaa keessatti

ka'u irra caalaan isaa kan isa gargaaru turan. Haa ta'u malee, sanbata itti aanutti wantooti tasa jijiiraman, Yihuudonni warri ergaa wangeelaan morman geggeessitoota manneen sagadaa ti, warra amantii Yihuudaa isa beekamaa bakka bu'anii dha. Akka isaan Phaawuloosiif hinaaffaa gara-jabina qaban Luqaas in ibsa.

Addunyaa durii keessatti, amalooti amantii Yihuudootaa: akka Waaqa tookkotti amanuu, haala jireenyaa, fi Sanbata illee warra Yihuudota hin taane illee humna cimaan hawwate, baay'een isaanii amantii Yihuudotaa fudhatan, warri amantii kana fudhatan warra haaraa amanticha fudhatan (proselytes) jedhamu. Haa ta'u malee, dhagna qabaan gufuu guddaa ture, sababin isaa akka gochaa gara-jabinaa fi jibbisiisaatti waan ilaalamuuf. Ta'us Ormooti danuun Waaqayyoon waaqessuuf gara manneen sagadaa dhufan, garuu, ifatti utuu miseensummaa amantii Yihuudotaatti hin fudhatamin. Isaan kun "Waaqayyoon kan sodaatan"(God fearers) jedhamu, warra Waaqayyoon sodaatan akkasumas warra haaraa amanticha fudhatan (gara amantichaa dhu-fan) waldaa Anxokiyatti(Ho.E. 13:16, 43) saba Ormoota keessatti warra oduu ergaa Phaawuloos facaasan, kanaafis namooti lakkofsaan guddaa gara waldaa dhufan. Utuu amantii Yihuudotaa hin fudhatin fayyina shaakaluun shakkii tokko malee namoota baay'ee hawwateera.

Kun geggeessitoota Yihuudotaa hinaaffaa isannii ibsachuuf isaan gargaara. Karaa kamiinuu, wangeelaan mormuudhaan fayyina Waaqayyo keessaa mata isaanii baasaniiru, garuu immoo, Phaawuloosii fi Baarnaabaasiin bilisa baasan guutummaa xiyyeffanna Isaanii Ormoota irra akka godhaniif, warra Waaqayyoon jajatanii fi itiis gammadan, karoora fayyinaa Isaa keessatti waan isaan dabaleef.

ROOBBI Iqoniiyum

Hagayya 15

Kakaasa geggeessitoota Yihuudota Anxokiyaa keesatti argamaniin Phaawuloosii fi Baarnaabaas irratti shira xaxuun hook-kara isaan irratti uumuun magaalattii keessaa isaan baasan (Ho. E. 13:50). Haa ta'u malee, ergamoonni gammachuu fi Hafuura

Qulqulluun guutaman (H o. E. 13:52). Ergamoonni ergasii gara magaalaa Iqoniiyumitti qajeelan.

Ho.E. 14:1-7 dubbisi. Maal bu'aan hojii Phaawuloosii fi Baarnaabaas Iqoniiyumitti hojetanii?

Iqoniiyum keessatti Phaawuloosii fi Baarnaabaas shaakala isaanii itti fufan: jalqaba Yihuudotaatti sana booda immo Ormootatti dubbachuu ittuma fufan. Lallabi Phaawuloos Anxokiyatti lallabe (Ho.E. 13: 16-41) tajaajila isaanii keessatti maaliif akka Yihuudotaaf dursa kennan sababa dhiheessa: Fo'amuu Isiraa'el (Roomaa 3:2; 9:4,5), kakuun Waaqayyo abdachiise toora Daawwiti irraan raawwatamuu isaa ti. Yoo Yihuudoti baay'een wangeelaan morman iyyuu, Yihuudonni hedduun akka jijjiirmaniif Phaawuloos takkaa abdiin hin kutanne.

Roomaa Lakk. 9 -11keessatti, Phaawuloos ifa godheera, "sanyii Isiraa'el kan ta'e hundinuu Isiraa'el dhugaa miti." (Room.9:6). Araara Waaqayyoon Isiraa'elota keessaa hammi tokko amananiiru. Waaqayyo saba Isaa hin gatu, "Bara si'anaas immoo akkasuma hambaan warra Waaqayyo ayyaana Isaatiin fo'ate jiru" (Room. 11: 5). Phaawuloos wangeela Ormootatti lallabuu itti fufe, karaa Yesus Yihuudoti baay'een gaaf-tokko gara amantiitti akka dhufan yoo amane iyyuu.

"Roomaa 9 -11 keessatti tarsiimoo ergama isaaf ibsa bal'inaan kan kenu yammuu ta'u, seenaa Hojii Ergamootaa keessatti dhaloota Kiristaanaaf booree haa ta'uuf akka barsiisa amantiitti barbaachisummaa warra hin amanne, Yihuudotatti dhuga baa'uu dubbata." —David G. Peterson, *The Acts of 20 the Apostles* (Grand Rapids: Eerdmans, 2009), p. 401.

Haalichi kan Anxokiyaa irraa adda miti. Simanaan jalqabaa Yihuudotaa fi Ormoota irraa baay'ee gaarii ture, garuu, ammas warri hin amanne, bulchitooti Yihuudota naannoo Or-

moota kakaasuu fi sammuu isaanii hadhaan tuquun ergamoota irratti akka ka'aniif, akkasumas namoota gidduutti wal qoqooduu akka uumu godhan. Yammuu mormitoonni isaanii harka lafa ja-laan Phaawuloosii fi Baarnaabaasin ajjeesuuf karoorsanitti, ergamoonni lamaan magaalattii keessaa ba'anii gara biyya itti aanutti socho'uuf murteessan.

Warri Yihuudotaa wangeela dhaga'uu irra warra maqaa Yesus labsan gidduu taa'anii ilaaluu qabu. Yoo warra Yihuudotaa waliin michummaa qabda ta'e, dhuga-ba'umsaakkamii dhiheessitaaf?

KAMISA

Hagayya 16

Lissiraa fi Derbee

Biyyi itti aanu Phaawuloosii fi Baarnaabaas daawwatan Lisxiraa turte, ganda argami isee sirriitti hin bekamne, ta'us, maayilii kudha saddeeti (km.29) gara kibba lixa Iqoniyumitti argamti. Yoo yeroo isaanii hamma tokko achitti dabarsan iyyuu (Ho.E. 14:6,7, 15), Luqaas waa'ee seenaa tokko qofa fi wantoota seenichaan wal qabatanii dhufan gabaase: innis fayyuu namicha naafaa tokkoo ti, namni kun kadhattuu ture ta'a, dhaloota isaa irraa jalqabee kan dhukkubaa turee dha.

Hojii Ergamootaa 14:5-19 dubbisi. Haalli isaan dubbii Phaawuloos itiin simatan hammam wallalummaa gadi fagoo keessa akka jiranakkamii argisiisaa?

Namoonni hedduun dinqjin ta'e baay'ee qalbii isaanii fudhate, kanaafis Phaawuloosii fi Baarnaabaasin waaqoli se'an, Baarnaabaasiin zeos jedhan, waaqa Giriik guddicha isa Paantiyoom jedhamu yammuu ta'u, Phaawuloosiin immoo Hermees jedhan, miiltoo Zeos fi dubbi-himaa isaa jechuu dha. Dhu-guma namooti isaaniif aarsaa dhiheessuu barbaadanii turan.

Barreessaan walaloo Laatin Oviidi (Dh.k.D. 43—Dh.K.B.

17/18) waaqolii lamaan kana kan fakkaatan nama fakkaatanii magaalaa naannoo kanatti argamtu (“tulluu Fiirgiyaa”) keessatti aragamanii akka turan duraan walaleessaan kun galmeessee ture. Waaqoliin kun lamaan iddo boqotan barbaadaa akka turan seenaan kun in ibsa. Akka seenichaatti, maanguddoota gadi of deebisan lamatu gara-laafinaan isaan keessumusiise, namoonni warri kaan in morman. Keessummoota eenyummaan isaanii hin beekamne sana garraamummaan waan keessumusiisaniif, manni namoota lamaanii mana sagadaatti geddarame, namooti lamaan immoo lubootatti jijiiraman, gama kaaniin immoo guutummaan mandarattii in barbaadaa’e. (*Metamorphoses* 611–724).

Oduun akkasii naannoo sana keessa naanna’aa waan jiruuf, dinqiin Phaawuloos hojjete namoota achi turan hin dinqu. Hoomaan namootaa sun ergamoota akka waaqoliitti tilmaamuu isaanii ibsuuf seenaan kun in gargaara. Phaawuloosii fi Baarnaabaas isa isaan sobaan isaan waaqesson dhaabsisuu danda’aniiru. Xumura irratti, mormitooti tokko tokko Anxokiyaa fi Iqoniiyum irraa, haala ture raawwataniig gara hamaatti jijiiruu danda’niiru, kanaaf, Phaawuloosiin dhagaan dha’amee akka reefaatti achii fuudhame.

Hojii Ergamootaa 14:20-26 dubbisi. Phaawuloosii fi Baarnaabaas eessatti iamala isaanii xumuranii? Imalaam yamuu deebi’aa jiranitti karaa isaanii irratti maal faa hojjetanii?

Phaawuloos akkas jedhe, “ ‘Gidiraa baay’ee keessa darbuudhaan mootummaa Waaqayyootti galuun nuuf in ta’aa’ ” (Ho.E. 14:22).sana jechuun maal jechuu dhaa? Waan inni achitti jedhaa jiru, tarii, akkamiitti shaakaltee? Waanti baay’ee barbaachisaan, gidiraa irraa barachuun akkamitti amantiitti guddattaa?

Qu'anno Bal'inaan: “Kiristoos jirenya biyya lafaa keessatti Yihuudota saba addaa (kophummaa alatti) isaan geggeessuuf yaadee ture. Amanuun ajajaa dhibbaa sunaa fi dubartittii Si-irofenishaa hojii fakkeenyummaa qabuu dha. Inni kallattiidhaan beekamtii Isiraa’elotaan alatti kan hojjetee dha. Amma yeroon isaa in dhufe, yeroon Ormoota gidduutti walitti fufiinsaa fi ciminaan hojjechu, sabi Ormootaa hundinuu gammachuudhaan wageela fudhatan, Waaqayyo Isa ifa amantii isaaniif keenneefis ulfina kennan. Amanuu dhabuu fi hamminni Yihuudotaa akeeka Waaqayyoo karaatti hin hambisne, Isiraa’el haaraan muka ejersaa durii irratti waan biqileef. Manneen sagadaa ergamootatti in cufame, garuu manneen dhuunfaa akka isaan itti fayyadamaniiif banaa ture, gamoowwan Ormootaatti sagalee Waaqayyoo lab-suuf itti fayyadamaa turan.” —Ellen G. White, *Sketches From the Life of Paul*, p. 51.

“Guutummaa ergama isaanii keessatti, Phaawuloosii fi Baarnaabaas fakkeenyummaa Kiristoos hordofuudhaan amanummaa, aarsaa ta’uuf fedha qabaachuu, lubbuudhaaf jabaatanii hojjechuutti qabamanii turan. Dammaqina jabaan, hinaaffaan, utuu hin dadhabin, qananii isaaniif utuu gaaffii hin kaasin, kadhataan, hawiidhaan, hojii wal irraa hin cinne hojjechuun sanyii dhugichaa facaasaniiru. Sanyicha facaasuun, namoota fakkeenyummaa isaanii fudhachuu wangeelaaf dhaabbatan hundumaaf qajeelfama gatiin isaa hin dubbatamne kennuuf baay’ee kan of eegan turan. Hafuurrii kutannoon hojjechuu fi sodaan Waaqayyo sammuu bartoota haaraa waan qabateef barbaachisummaan ergaa wangeela hubannaa isaanii keessaa dafee hin badne.” Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 186.

Gaaffilee Maree:

1. Yohaannis Maariqos yammuu haalli isatti cime miliqueera, seenaa kana irratti bal’inaan mari’adhaa. Gara booddeetti Phaawuloosii fi Baarnaabaas waa’ee Yohaannis Maariqos irratti wal falmaniiru. Yammuu Baarnaabaas lammata

isatti fayyadamuu barbaadu, Phaawuloos immoo hin barbaanne. (Ho.E. 15:37 ilaali). Waggoottan booda Phaawuloos akkas jedhee barreesse: “Yammuu dhuftu Maarqoosiin of duuka fidi kotu, inni anaaf ergamuudhaan waa’ee anaaf in baasa” (2 Ximo. 4:11). Haalota tokko tokko keessatti seenaa warra waamicha isaaniif hin amanamne irraa barumsa akkamii argannaa?

- 2.Namooti Lisxiraa ergamoota akka waaqoliitti dogoggoraan fudhachuun isaanii ilaalcissee deebii Phaawuloosii fi Baarnaabaas irra deebi’ii ilaali (Ho.E. 14:14-18). Yammuu hojiin Waaqayyo nuuf lakkaa’amee, qorumsa keessa gallu, akkamitti deebii laatnaa?
- 3.Hojii Ergamootaa 14:21-23 dubbisi. Fakkeenyummaa Phaawuloosii nfi Baarnaabaas irratti hundaa’uun, namoota haaraa amanticha fudhatan akka dhuunfaattis ta’ee akka waldaatti akkamitti kunuunsinaa, jajjabeessinaa?
- 4.Akka geggeessitoota amantaa babal’ina dhugichaa gufachiisan, nus aadaa nam-tolcheen, yookaan amantaa baroota dheerraaf qabnuun hojii Goftichaa akka hin gufachisne akkamitti mirkaneeffanna?

Mana Maree Yerusaalem

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'anno Torban Kanaaf kana dubbisi: Hojii Ergamootaa 15, Gal. 2:11-13; Ba'u. 12:43-49; Room. 3:30; Leew. 18:30; Mul.2:14,20.

yaadannoo:
Heertuu:

“Nuyi garuu ayyaana Goof-taa keenyaa Yesusiin fayyuu keenya in amanna; isaan im-moo akkuma kanatti in fayyu’” (Ho.E. 15:11).

Waggoota lamaa ol booddee Phaawuloosii fi Baarnaabaas Sori-yaatti kan argamtu gara Anxokiyaatti deebi'an. Akka ergamoot-aatti isaan erguu keessatti walfoonni hundinuu qooda fudhataniiru, kanaaf, waldaaf gabaasa dhiheessuun qajelaa dha. Xiyyeffannaan gabaasichaa waan ofii isaanii hojjetan uttu hin ta'in, garuu waan Waaqayyo mataan Isaa isaan keessaan hojjete-ture.

Akeeki gabaasichaa, Ormoota gidduutti milkaa'ina ergam-ichaa ti, yoo Yihuudoti hedduun gara amantichaa dhufan iyyuu. Seenaa Qorneelewos irraa jalqabee, utuu dhagna hin qabatin amanuun dhimma xiyyeffannaargatee dha (Ho.E. 11:1-18), amma garuu, baay'een isaanii miseensummaan waldaatti simata-man, wantooti addumaan wal xaxoo ta'an. Haala kanaatti aman-tooti hedduun Yerusaalemitti argaman hin gammaadne. Isaaniif Ormooti jalqaba dhagna qabachuu qabu, Yihuudota haaraa ta'uu qabu, utuu dura qaama saba Waaqayyoo hin nta'in, kana boodaa

Yihuudota waliin hariroo obbolummaa qabaachuu danda'u.

Hojii Ergamoota boqonnaan 15 rakkoon Ormootaa sadarkaa murteessaa irra ga'uu fi walfoonni rakkoo sana furuuf gamtaan hojjechuu isaanii ibsa. Seena waldaa ergamootaa keessatti, ergama hamma andaaraa lafaa keessatti, Yaa'iin Yerusalem qaama murteessaa ol-aanaa dha.

**JALQABA TORBANII
Dhimma Xiyyeeffannaa**

Hagayya 19

Jalqaba irraa ka'ee, waldaan Anxokiyatti argamtu kan Yihuudota (Helenistootaa) fi kan Ormoota dhagna hin qabatanii (Ho.E. 11:19-21, Gal. 2:11-13) warra nageenyaa fi obbolummaan waliin jiraataa turanii ture. Haa ta'u malee, obbolummaa sun garee amantootaa Yerusaalem irraa dhufaniin caccabe.

Hojii Ergamootaa 15:1-5 dubbisi. Rakkoo waldaa mudachaa jiru maalii?

Akka aadaatti Yihuudota jedhamu, isaan kun namoota Yihuudaa irraa dhufan warruma lakk. 5 irratti ibsaman Fariisota amantoota. Akkuma Phaawuloos mataan isaa utuu hin amanin dura Fariisicha ture, Fariisoti waldaa keessatti argamuun hin dinqisiisu (Fili.3:5). Gareen kun kaka'umsa mataa isaaniin gara Anxokiyaa dhaquun isaanii hin oolle (Ho.E.15:24), seenaan kana booddee ta'e akka ibsutti, irra caalaan Yihuudotaa, ergamoota dabalatee, Ormooti dhagna hin qabatin waldaa keessatti argamuun isaanitti hin tolle (Gal. 2:11-13).

Xalayaan gara warra Galaatiyaatti barreesse keessatti, Phaawuloos waa'ee Yihuudota/Fariisota waan gaarii hin dubbanne, maqaa jeeqxotaa (Gala. 1:7, 5:10) fi "obboloota sobduu" (gal.2:4) jedhuun isaan waame. Ka'umsi isaanii bilisummaa hafuuraa isa karaa wangeelaa argatan gadi qabuu fi Ormoota amanan immoo garbummaa seeraa jala galchuu ture.

Qabxiin isaanii salphaa ture: Ormooti hamma dhagna hin qabatinitti, seera sirna ayyanota Yihuudotaa hamma hin ee-

gneetti, isaan fayyuu hin danda'an. Akka isaan amananitti, fayyinni karaa saba kakuu Waaqayyo qofa argama jedhanii amanu, akka Kakuu Moofaa keessatti ibsametti qaama saba Waaqayyo fo'ate ta'uuf karaa biraan hin jiru dhagna qabachuun malee (Uum. 17: 9-14, Ba'u.12:48). Gabaabinaan, Ormooti kan fayyuu danda'an yoo dura Yihuudota haaraa ta'an qofa jedhu.

Phaawuloosii fi Baarnaabaas ulaagaa akkasii irratti walii hin galan, hundee wangeelaan mormu waan ta'eef. Akkaataan dhiyaannaa Yihuudota Yerusaalemi dhufanii aariin wal makaa waan tureef maree ho'aa uume,wanti Hojii Ergamoota 15:2 keessatti ibsame haala "wal diddaa" fi "morkii" isaan gidduti uumamee ibsa. Ta'us, dubbicha sadarkaa naannoo qofatti ilaaluun baay'ee barbaachissa dha. Tokkummaan waldaa sadarkaa yaaddeessaa irra gaheera. Obbolooti Anxokiyaa furmaata barbaaduuf jila tokko, Phaawuloosii fi Baarnaabaas dabalatee gara Yewrusaalrmiiti erguuf murteessan.

Iddoo Yihuudotaa ofii kee kaa'i. Waan itti amantu sa-naaf akkamitti falmitaa?

**WIIXATA
Dhagna Qabaa**

Hagayya 20

Wal diddaa sana keessatti dhimmota ijoo keessaa inni guddaan dhagna qabaa dha. Kun dhaabbata namaan hundeffame miti (Maat. 15:2,9 mormisiisi). Akka mallatto kakuu Abrahaamii fi dhaloota isa boodeedhaan dhufaniif, akka saba fo'amaatti Waaqayyoon abboomamii isaaniif kennamee dha (Uum. 17:9-14).

Seera Ba'uu 12:43-49 dubbisi. Isiraa'el ta'anii dhalachuu irratti dabalataan, eenyutu dhagna qabachuu qabaa?

Ebbi karaa kakuu sanaa argamu warra Isiraa'el ta'anii dhalatan qofatti hin daangeffamu, nama kan ta'e eenyuufuu, garba yookaan keessummaa imala irra jiru hundumaaf, hamma dhagna qabaa shaakalanitti. Dhagna qabaa booda keessummaan sun

Waaqayyo duratti iddoor namni Isiraa'el ta'e dhalate qabu qabaaata: "... innis akkuma warra biyyaa in ta'a...." (Ba'u.12:48). Kanaaf, miseensa guutuu saba kakuu ta'uuf, dhagna qabaan dhiiraaf baay'ee barbaachisaa dha. Yesus Masihii Isiraa'el waan ta'eef, Yihuudoti warri amanan Ormi kam iyuu, utuu Yihuudaa hin ta'in fayyina Isaatii qooda hin qaban yaada jedhu babal'isu.

**Roomaa 3:30, 1 Qor. 7:18, Gal. 3:28, 5:6 dubbisi.
Phaawuloos dhhagna qabaa akkamitti hubataa?**

Utuu dura amantii Yihuudotaa hin fudhatin Ormi kam iyuu fayyu hin danda'an jechuudhaan, namoonni kun yaada adda addaa lama walitti makan: isaanis kakuu fi fayyina. Miseensa saba kakuu Waaqayyoo ta'uun fayyinaaf wabii hin ta'u (Erm. 4:4, 9:25). Dabalataan, Abrahaam kan fayye amantiidhaan, du-raan kan ta'e, waan inni dhagna qabateef miti (Roomaa 4:9-13). Fayyinni yeroo hundaa amantii dhaani, kakuun kennaa ayyaanaa karaa Waaqayyo mata Isaa fi karoora fayyina Isaa guutummaa addunyaatti beeksisuu dha. Isiraa'el dhimma kanaaf fo'amte (Uum. 12: 1-3).

Haa ta'u malee, rakkinihi, kakuu fi fayyina baay'ee walitti firoomsuun, amantoonni kunniin dhagna qabaa akka badhaasaatti ilaalaniiru. Ayyaanni fayyisuu Waaqayyoo bakka hojiin namaa lakkaa'amutti hin hojjetu. Ormoota amanan akka ulaagaa fayyinaatti dhagna qabaaf dirqisiisuun dhugaa wangeelaa bur-jaajessuu dha (Gal. 1:7,2:3-5), ayyaana Waaqayyo gatii dhabsiisuu dha (Gal. 2:21), dhagna qabachuudhaan Yesus eenyuufuu akka waa'ee hin baafnee dha (Gal. 5:2). Caalaatti, amala addunyaawaa fayyinaa haaluu dha (Qol. 3:11, Tiit. 2:11). Phaawuloos raawwatee yaada akkasiin walii hin galu.

Fayyinni miseensa waldaa sirrii ta'uun argama yaadi jedhu balaa akkamii qabaa?

Hojii Ergamootaa 15: 7-11 dubbisi. Falmii Yerusaalem keessatti taa'a keessatti Pheexiroos maal gumaache?

Dhuguma iyyuu, Luqaas adeemsa walgahicha hunda hin gabaasne. Falmicha irratti yaada deeggarsaa amantooti Fariisotaa dhiheessan (Ho.E. 15:5), akkasuma deebii Phaawuloosii fi Baarnaabaas beekuun gaarii dha (Ho.E. 15:12). Falmii kana irratti dubbii Phaawuloosii fi Yaaqoob qofatu ergamoota keessaa barbaachisummaa namoota kanaa argisiisa.

Dubbii isaa keessatti, Phaawuloos waggoota dura muuxanoo Qorneelewos waliin qabaate ergamootaa fi jaarsolii yaadachiise. Qabiyyeen falmii isaati isuma Yerusaalemitti-obboloota duratti dubbateen wal fakkaata (Ho.E. 11:4-17). Waaqayyo mataan Isaa jijiiramuu Qorneelewos mirkaneesseera (Yoo inni dhagna kan hin qabanne Orma ta'e iyyuu.) kenna Hafuuraa isa Guyyaa Pheenxeqoosxee ergamootaaf kenne isaa fi maatii isaaf kennuu dhaan mirkaneesse.

Kennaa Waaqummaa Isaa keessatti, fayyina ilaachisee Waaqayyo Yihuudotaa fi Ormoota gidduu garaa garummaan akka hin jirre Yihuudota amansiisuuf, Waaqayyo nama Pheexiroosii gadii hin fayyadamne. Yoo kan qulqulleessu seeraa fi dambii Kakuu Moofaatti hin fayyadamne ta'e iyyuu, Ormooti amanan kana booddee akka xuraa'ootti hin lakkaa'aman, sababin isaa Waaqayyo mataan Isaa onnee isaanii qulqulleesseera. Ibsi Pheexiroos xumura irratti kennewanta nuyi Phaawuloosi irraa eegnuun wal fakkaata: “ ‘Nuyi ayyaana Gooftaa keenya Yesusin fayyuu keenya in amanna; isaan immoo akkuma kanatti in fayyu’ ” (Ho.E. 15:11).

Hojii Ergamootaa 15:13-21 dubbisi. Rakkoo Ormootaaf furmaata haa ta'uuf wixinee Yaaqoob dhiheesse maalii?

Yaaqoob akka nama aboo qabuutti dubbate (Ho.E. 12:17; 21:18; Gal.2:9, 12 wal maddii qabii ilaali). Tarii deebiin isaanii ijaaruu mana sagdaa Daawwiti hubannaas inni qabuun faallaa, isaraajii Amos keessatti hidda dhaloota Daawwiti iddoo isaa duriitti deebisuu jedhu ilaallata (Amos 9:11,12), Akeeki Yaaqoob Waaqayyo Ormooti taaticha keessaa akka qooda qabaatan dursee akka godhe argisiisuuf ture, Waaqayyo “saba Waaqayyootti” isaan dhaabe, kanaaf, isaan Isiraa’elitti makamuu in danda’u.

Sababa kanaaf, warra lammii biyya alaa ta’an irraa wanti barbaadamu caalaatti, Ormoota amanan irratti ittis itti fufee akka hintaane murteeffate.

ROOBII

Hagayya 22

Labsii Ergamootaa

Hojii Ergamootaa 15:28-29 dubbisi. Wantooti jaarsoliin Ormoota amanan dhowwan afuran maalii?

Dhimmi jaarsoliin walga’aniif haala gaariin murtoo argateera. Sababiin isaa fayyinni ayyaanaani, Ormooti amanan dhagna qabaa male waldaatti akka simataman ta’e. Ta’us wantoota afur irraa of eeguu qabu. 1. Foon aarsaa waaqolii tolfamoof dhiyatian, sirnoota warra amantii hin qabnee fi waldaa keessatti nyaatamu, yookaan gabaatti gurguramu; 2. Dhiiga nyaachuu; 3. Foon horii hudhamee du’e, dhiigi keessaa kan hin dhangalaane fi 4. Sagaagalummaa bifaa halle.

Baay’een Kiristaanota har’aa waa’ee soorata dhowwamanii (1-3) akka seera yerootti fudhatu. Sababiin isaa wantooti sun ad-dumaan Yihuudota biratti jibbamaa waan ta’eef, waa’een dhowwaa isaan jedhan Yihuudotaa fi Ormoota amanan gidduutti akka riqichaatti akka hojjetuuf yaadamee ti. Seerri Kakuu Moofaa hundinuu, seera nyaataa Lewwotaa dabalatee (Lew 11) fi abboommii Sanbataa (Ba’u. 20:6-11), tarreeffamicha keessatti kan hin hammatamin, kana booddee Kiristaanotaaf hin hojjetan.

Labsii ergamootaa wanti jedhamu sunis, haa ta'u malee, kan yeroof hoijetu yookaan seera haaraa sansakkaa (ethics) Kiri-staanotaa wantoota Kakuu Moofaa waliin hidhata qaban hunda kan alatti hambisee miti. Dhuguma geggeessaa Hafuura Qul-qulluun (Ho.E. 15:28), ergamootaa fi jaarsoliin waldaa namoota lammii biyya alaa ta'anii Isiraa'el keessa jiraatan qofaaf seera Leewwotaa 17-18 tuman.

Leewwotaaf, dhorkaaleen kunniin Ormummaa dhiisuu ifatti beeksisuutti hiikama. Namni lammii biyya alaa ta'ee Isiraa'el keessa jiraachuu barbaade, shaakala Ormootaa, aadaa isaa godhatee isa itti guddate dhiisuu qaba (Leew. 18:30). Akkasuma Ormi amane kamuu gara waldaa dhufuu kan fedhe shaakala Or-mootaa irratti ejjennoo cimaa fudhachuutu irraa barbaadama.

Haa ta'u malle, kun tarkaanfii jalqabaa dha. Erga si'a tokko waldaatti simatamee booddee waan fedha Waaqayyoo hoijechuu qaba, abboommota waliigalaa, warra Musee duraa abboomamuu, fi dhugaa kan hin taane sirnoota ayyana adda addaa akka Sanbataa (Uum. 2:1-5), garaagarummaa nyaata qulqulluu fi xur-aa'aa giddu jiru (Uum. 7:2) eeguutu irraa barbaadama.

Labsichi kan yeroo akka hin taane ifaa dha, fakkeenyaaaf, Mul'ata 2: 14, 20 irratti dhowwaan jalqabaa fi xumuraa irra deebi'ameera, warra kaan lamaanis karaa baay'ee ifa ta'een ibse. Bara Kakuu Haaraa, waaggoota dheeraa booddee ragaan seenaa akka mul'isutti labsichi amma iyyuu akka ibsituu Kiristaanaatti ilaalamia.

**Yammuu walitti bu'umsi ka'u, akkamiiti waliin teenyee,
wal dhaggeeffachuu barannaa? Hafuura ulfinaa fi gadi of
deebisuun dhimmicha irratti hojjennaa?**

KAMISA

Hagayya 23

Xalaya Yerusaalem Irraa Dhufe

Hojii Ergamootaa 15: 22-29 dubbisi. Murtoo jaarsolii wal-daa ilaalcisee, jaarsoliin waldaa Yerusaalem tarkaanfii dabalataa akkamii fudhatanii?

Tarkaanfiin jjalqaba fudhatame amantoota Ormootaaf xalayaa barreessuun maal akka murteeffame isaaniif ibsan. Xalayichi maqaa ergamootaa fi jaarsolii Yerusaalemin kan barreeffame yammuu ta'u, innis xalayaa seera-qabeessa olaantummaa waldaa Yerusaalem kan calaqqisiisee dha, sababiin isaa ergamoontti hawaasa kiristaanootaa wiirtuu sana irraa ka'uun waan geggeessaniif. DH. K. B.49 kan barreeffame xalayichi yeroo jaarsoliin walgahii itti godhatan yeroo sirrii ta'uu danda'a. Xalayichi sanadoota durii keessaa sanada kiristaanni of harkaa qabuu dha.

Waldaan Yerusaalem jila lama muudde, Yihuudaa Baarsaabaas fi Silaas, Phaawuloosii fi Baarnaabaas duukaa gara Anxokiyaa akka adeeman yammuu ta'u, hojiin isaanii xalayicha geessuu fi qabiyyee isaa ibsuu dha.

Hojii Ergamootaa 15:30-33 dubbisi. Waldaan Anxokiyaa xalayichaaf deebii akkamii keennitee?

Yammuu xalayichi dubbifamuu, waldattiin gammachuu guddaan guutte, ergichi jajabeeessa waan ta'eef. Ormoota amanatoota irraa dhagna qabaan hin barbaadamu. Waan xalayichi isaan gaafaatus hin mormine (Labsii ergamoota afuran). Gargar cabuu guddichi waldaa jalqabaa keessatti ta'e ture araaraan furame, yoo xinnaate tiyooriin.

Golobbii walgahii jaarsolii jala, wangeelli Phaawuloos guutummaatti beekamtii jaarsolii Yerusaalen argate, warra harka mirgaa obbolumaa isaa fi Barnaabaasiif diriirsan akka mallattoo walii galuutti (fudhachuutti) fi wal amanuutti (Gala. 2:9). Ta'us, kutaan Yihuudota Kiristaanaa warra ittuma fufanii seera Yihuudaan buluu jaallatan Ormota waliin nyaachuu akka rakkina cimaatti ilaalu.

Dhimmi kun, fakkeenyaaaf, taatee Galaatiyaa 2:11-14 keessatti taa'een mul'ate. " Warri ergamootaa ille, jetti, Ellan G.Waayit, "Murtoo jaarsolii fedhaan fudhachuuf hundumti isaanii hin qophoofne." —*The Acts of the Apostles*, p. 197.

Mataa keef amanamaa ta'i: amantoota sanyii biraan irraa dhufan, aadaa biraan, gita hawaasummaa (sooressaa fi hiyyeessa) jireenya obbolummaa shaakaluun hammam sitti ulfaataa? Ilaalcha farra wangeelaa ta'e kana keessaa akka-mitti ofii kee baasuuf murteeffattaa?

JIMAATA

Hagayya 24

Qorannoo Bal'inaan: "Yihuudonni warri amanan hamma Waaqayyo carraa banaa isaaniif kenne sanatti saffisaan adeemuuf fedha hin qaban. Hojii ergamoonni Ormoota gid-duutti hojjetaniin bu'aan argame: Lakkos Ormoota amananiii kan Yihuudota amananiii baay'ee caalee argame. Yoo daangaa fi seerri ayyaana adda addaa eeguun Ormootaaf dirqama ta'e malee, akka sabaatti addummaan Yihuudotaa, kanaan dura eegamee ture Yihuudota saba warra kaan hundumaa irraa adda isaan godhe, akka kanaan yoo itti fufe, xumura irratti addummaan sun Yihuudota ergaa wangeelaa fudhatan irraa in bada, Kun isaan sodaachise. Kanaaf daangessuun barbaachise."—Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 189.

Yihuudota Kiristaana ta'an, waldaatti dhiheenya kan qaban, akka sabaatti addummaa isaanii irraa bu'aa addaa argatan irratti sammuu isaanii hidhaniiru. Waldaan seera sirna ayyaanaa fi aadaa amantii isaanii irraa yammuu maqanii ar-gan, qulqullinni addaa kan aadaan Yihuudota qabatee ture amantii haaraa kanaan dafee bada jedhanii yaadda'an, baay'een isaanii jijiirama kana kan fide Phaawuloos jechuun isatti aaran. Ergamooti iyyuu, murtoo jaarsolii fud-hachuuf hundmti isaanni qophaa'oo miti. Gareen tokko seera sirnootaaf hinaaffaa qabu, kanaaf Phaawuloosiif jibba qabu, addeemsi isaa keesatti seera Yihuudotaa dirqama god-huuf dantaa hin qabu." —page 197.

Gaaffiilee Maree:

Akkaatan Ormoota dhagna hin qabatin gara hawaasa mantiitti simachuun dhimmoota bulchiinsa waldaa jalqabaa keessaa isa baayy'ee beekamaa dha.

- 1.Daree keessatti gaaffii xumuraa wiixataatti deebi'i. Miseensa waldaa "sirrii" ta'uun fayyinaaf wabii hin ta'u isa jedhu akkamitti hubannaa? Dhuguma, waldaan Isiraa'el durii "waldaa sirrii" dha. Garuu kana jechuun waldaa keessa kan jiru hundinuu fayyeera jechuu miti. Waldaa dhugaa keessa jiraachuun fayyinaaf erga wabii hin taane, qaama sanaa ta'uun maal bu'aan isaa?
- 2.Akkataan Ormoota dhagna hin qabatin gara hawaasa amantiitti simatan dhimmoota bulchiinsa waldaa jalqabaa keessaa isa baayy'ee beekamaadha. Dhimmooti waldaa keenyaar har'aa kana maddii qabanee kan ilaallu mallii? Rakkoolee kana fakkaataniif furmaata kennuuf fakkeenyummaan Hojii Ergamoota 15 maal nu barissiaa?
- 3.Daree keessatti, namoota akka Yihuudota Ormooti utuu waldaatti hin simatamin dura amantii Yihudotaa fudhachuu qabu warra jedhan kan bakka bu'an, isaan kan jedhan abdii kakuu isa Isisraa'eliif kennamee dha jedhu. Falmiin isaanii maalii , akkamitti deebistaa? Falmiin kana fakkaatu akkamitti, dhimmooti har'a baayy'ee ifa ta'an, garaagarummaa yeroo keessatti, caala ulfaatoo fakkaatu, amma nuuf kan salphatu?

Barummsa 9ffaa Hagayya 25-31

Imala Ergama Lammataa

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'anno Torban Kanaaf Heertuuwan Kanneen Dubbisi:
Ho.E. 16, Room. 3:28, Gal. 12 2:16, Ho.E. 17, 1 Qor. 1:23,
Ho.E. 18:1–10.



“ ‘Hin sodaatin dubbadhu malee calluma hin jedhin!, ani sii wajjin nan jira, homtinuu sitti bu’ee si hin miidhu, anoo mandaraa kanaa namoota baay’ee qaba’ ”(Ho.E.18:9,10).

Phaawuloosii fi Baarnaabaas erga Anxokiyaatti deebi'anii amantoota kunuunsuu fi hojii wangeela babal'isuutti qabamanii turan. Kun yeroo xumuraaf kan isaan waliin wajjin hojjetan fakkaata, wal diddaa cimaan isaan gidduu ture gara gargar ba'utti waan isaan geesseef. Sababn Phaawuloosii fi Baarnaabaas walii galuu didaniif Maarqos isa durbii Baarnaabaas turee dha (Qol. 4:10). Yammuu Phaawuloos imala isaanii duraa keessatti naannoo itti hojii wangeela hojjechaa turaniitti, Baarnaabaasin erguuf jedhetti, Baarnaabaas immoo durbii isaa wajjin adeemuu barbaadee ture. Sababa Maarqos armaan dura hojii dadhabee miliqeef (Ho.E. 13:13), Phaawuloos morme.

Gargar ba'umsi Phaawuloosii fi Baarnaabaas ebbatti garagale. Kutaa naannoo bal'aa keessa ga'anii waan hojjetaniif hamma duraan karoorfatanii olitti hojjetan. Baarnaabaas Maarqqosiin fuudhe gara Qophroositti deebi'e,biyya dhaloota Baarnaabaas

Ho.E.4:36). Yeroodhuma kanatti, Phaawuloos Silaasin waame Sooriyaa fi Qiiliqiyaa keessa naanna'uudhann waldoota achitti argaman jajjabeessaa turan. Yeroo jalqabaaf utuu gara Anxokiyaatti hin deebi'in waggoota danuu Phaawuloos Xarsees keessa ture (Ho.E. 9:30, 11:25, 26). Waldoota armaan dura bu'uuresse deebi'ee daawwachuuuf carraa argate. Kan ta'es ta'ee, karoorri Waaqayyoo hubanna Phaawuloos isa jalqabaa baay'ee caala.

**JALQABA TORBANII
Lisxiraatti Deebi'uu**

Hagayya 26

Taateewwan filachuun barreessuun Luqaas kallattiidhaan Phaawuloosiin gara Derbee fi Lisxirraatti fide. Sooriyaa fi Qiiliqiyaa ilaachise wanti tokkittiin jedhame waldoota jajjabeessa keessa darbuu isaa qofa (Ho.E. 15:41).

Hojii Ergamoota 16:1-13 dubbisi. Asitti, gocha Phaawuloos irraa maal baratnaa? Warra kaan bira gahuuf miira ho'aa fi fedha qabaachuu isaa iraa?

Yoo abbaan Ximootewos Orma ta'e iyyuu, haati isaa Yihuudii kiristaana turte. Maqaan isee Ewuniqee jedhama. Yoo kan dhagna hin qabanne ta'e iyyuu, Ximootewos mucummaa isaa irra jalqabee Caaffata Qulqullaa'aa beeka (2 Xim. 3:15), kun namma qulqulluu ta'uu isatti hiikama. Akka kiristaanaatti, dinqisi-ifannaa fi kabaja amantoota naannoo hundumaa argateera. Yihudummaa isaa toora abba isaa utuu hin ta'in, toora haadha isAAF Yihuudoti beekamtii kennaniif, kanaaf Ximootewos Yihuudii dha. Dhalatee gaafa guyyaa saddeettaffaa dhagna hin qabanne, tarii sababa abbaa isaa ta'a, abbaan Giriikicha, akka garajabinaatti ilaala.

Ximootewos wajjin hojjechuus fedha qabaachuu fi kan dhagna hin qabanne ta'u isaa beekuun, akka Yihuudi dhagna hin qabannetti, hadheessaa amantii ganuu jala waan jiruuf mana sagadaa Yihuudotaa senuun isAAF dhowwaadha, Phaawuloos isa dhagna qabe. Kaka'umsi gochaa Phaawuloos hojiin kan mul'atuu fi

wageela lallabaa turan waaan faallessuu kan hin qabneedha.

Naannoolee imala isaa jalqabaatti keessa ture erga daawwatee booddee, Phaawuloos gara kibbalixaa deemuuf murteef-fate, Efesoon ta'uu mala, kutaa Asiyaa keessa, gara sana irra akka hin adeemne Hafuurri Qulqulluun isa dhowwe. Achii gara kaabatti socho'e, Bittaaniyaa dhaquuf yaale, Ammas haala ifa hin taaneen Hafuurri akka achi hin deemne dhorke. Sababiin isaa inni armaan dura Misayaa keessa darbeera waan ta'eef, filannoo tokkicha Phaawuloos qabu Kallattii lixaan gara buufata doonii Xiro'aas, achi irraa kallattii hedduun dooniin adeemuu danda'a ture.

Mul'ata halkaniin, haa ta'u malee, akka inni galaana Ejiyyaa qaxxaamuree gara Maqedooniyaa dhaqu Waaqayyo isatti mul'ise. Miiltonni isaa yammuu waa'ee mul'aticha baran, dhuguma akka wangeela warra Maqedooniyaa waliin qooddatan Waaqayyo kan isaan waame ta'uu isaa hubatan.

Phaawuloos maaliif akka Ximootewosiin dhagna qabe me itti yaadi. Kun maal nu barsiisuu qabaa waa'ee waan tokko godhuuf fedha qabaachuu, kan nuyi yeroo hunda irratti walii hin galle yookaan waan itti amanne, garuu kaayyoo guddaa fiixaan baasuuf kan hojjetu?

WIIXATA Filiphisiiyus

Hagayya 27

Erga Maqedooniyaa ga'anii, Phaawuloosii fi miiltoonni isaa gara Filiphisiiyusitti imaluun, achitti waldaa kiristaanaa isa jalqabaa Awuropaa keessatti bu'uressan.

Hojii Ergamootaa 16:11-24 dubbisi. Guuyyaa Sanbataatti ergamooni eessa dhaqan, maaliif? Xumura irratti maaltu achitti isaan mudate?

Yeroo hunda Phaawuloos yammuu magaalaa tokko ga'u, shakkalli isaa guyyaa Sanbataatti mana sagadaa naanoo barbaadee dhaquun achitti Yihuudotatti dhugaa ba'a (Hojii Ergamoot-

aa13:14, 42, 44; 17:1,2; 18:4). Filiphisiyutti, isaa fi gareen isaa gara qarqara lgaa adeeman dubartoota achitti argatan waliin kadhachuuuf, isaan Yihuudotaa fi Ormoota Waaqayyoon waqessan turan, magaalattii keessa tarii manni sagadaa waan hin jirreef ta'uu mala. Barbaachisummaan kanaa, Phaawuloos gara mana sagadaa kan deemuuf hojii wangeelaa qofaaf akka hintaane, garuu guyyaan kun guyyaa waaqeffannaa isaa ti, in waaqeffatas jechuu dha.

Hojii Erga,mootaa 16:25-34 dubbisi. Seenaahidhamtoota amananii irra deebi'ii ilaali. Fayyuuf maal god-huu qabaa?

Phaawuloosii fi Siilaas deebii isaan gaaffii hidhamtootaaf kenneen wangeelaan kan wal simeedha, fayyinni amantiidhaan karaa Yesus waan ta'eef (Room. 3:28; Gal.2:16). Wanti seenicha irraa nuuf hin hubatamne, haa ta'u malee, Yesusitti amanuun waan cuuphaaf barbaadamuu dha, utuu qajeelfama fi barsiisa amantii (doctrine) alatti hambisuun.

Waa'ee namicha hidhamaa sanaa maal beeknaa? Yihuudii moo kana amane Yihuudii? Gara lachuunu wanti isa barbaachisu Yesusitti amanuu, akka Gooftaa fi Fayyisaatti. Maaltu ta'a ture uttu Orma duraan Waaqayyoon beekuu fi waqessu ta'ee, akka Qorneelewos, Liidiyaa (Ho. E. 16:14), kan biroo hedduu Hojii Ergamootaa keessatti kan argaman. Armaan dura yammuu Phaawuloos bakka wal gahiitti (magaalaa keessatti) wangeela barsiisu yoo hordofeera ta'e, maaltu ta'aa? Waa'ee isaf wanti fedhe yoo ta'e iyyuu, gootummaan seenichaa ariitiin cuuphuuf sababa hin ta'u.

Hojii Ergamootaa 16:31-34dubbisi. Aarsaan Kiristoos nuuf hammam raawwatee guutuu ta'uu isaa barumsa akkamii ar-ganna? Abdii tolaan fayyisuu Kiristoositti boqochuun guyyma guyyaan akkamitti baratnaa?

Tasaloniiqee fi Beriyaa

Phaawulosii fi Siilaas yammuu manma hidhaa irraa ba'an, Ergamoonni Filiphisiyus lakkisanii adeeman (Ho.E. 16:35-40). Filiphisiyus irraa, Phaawuloosii fi miiltonni isaa kallattiidhaan gara magaalaa guddoo Maqedooniya, Tasaloniiqee dhaqan.

Hojii Ergamootaa 17:1-9 dubbisi. Phaawuloos Ormootatti lallabee milkaa'uun isaa Yihuudotì Tasaloniiqee akkamitti ilaalan?

Ammas uttu Phaawuloos mana sagadaa, iddoor itti wangeela lal-labu barbaaduu argina. Giriikota of kennanii fi dubartoota beekamoo baay'eetu ergaa isaatti amanan. Jarreen amanan kun Phaawuloosii fi Siilaas duukka bu'uun isaanii garee warra kaan irraa adda bahe uumuun mana sagadaa alatti, tarii mana Yaasonitti wal gahan ta'a.

Hinaaffaadhaan sochoofamanii, mormitooti isaanii jeequmsa kaasan. Akeeki isaanii Phaawuloosii fi Siilaas-Ximootewos hadheessuun yaa'ii magaalattii dureatti fiduu ture. Ergamoota argachuun waan isaaniif hin dandeenyeef, Yaason mataa isaa fi amantoota haaraa muraasa warra olola siyaasaa geggassaniif da'oo laattan jedhanii hadheessuun gara bulchaa naannootti isaan geessan.

Hojii Ergamoota 17:10-15 dubbisi. Simannaan Yihuudota Beriyaa kan Tasaloniiqee wajjin wal bira qabamee yammuu ilaalamu akkam turee?

Jechi *eugenēs*(Ho.E. 17;11) jedhu jalqaba "warra gaarii" jechuutti hiikama, booddee garuu, caalaatti walumaagalatti "warra ilaalcha gaarii", "warra yaada gaarii" isuma amma ilaalaa jirru kana. Yihuudonni Beriyaain jajaman, sababiin isaa

Phaawuloosii fi Siilaas wajjin waan walii galaniif miti, wangeela qorachuuf waan fedha qabaniif, matuma isaaniin, guyyuma guyyaan qoratu, yoo waan ergamoonni jedhan dhugaa ta'eef. Deebiin miiraan kennamu itti fakkeessaa fi waanuma yeroo gabaabduu ti, yoo beekumsa barbaachisaa qabaatan malee.

Utuu yeroo dheeraa hin turin, hojii bu'a-qabeeessa Phaawuloos Beriyaa keessatti hojjechaa ture ari'annaan addaan kutuun gara kibbaatti, Ateenaa dhaqe.

Yeroo dhiyootti kan ati Caaffata Qulqullaa'aa sirriitti qu'at-tee "wantooti akka jedhaman ta'uu isaanii" adda baste yoomii?

ROOBII

Phaawuloos Ateenaa Keessatti

Ateenaa wiirtuu beekumsa Giriikota durii kan turte, kan waaqolii tolfamoo keessa guutanii dha. Siidaaleen namaa fi waaqolii dhagaa maaabil jedhamu irraa tolfaame magaalatti keessatti bakka halletti, addummaan karaa wal qaxxaamraa, bakka yaa'ii uummataatti, argamu, naanoo jirenya magaalaa ibsu. Bal'inaan argamuun waqqolii tolfamoof sagaduu, Phaawuloosiin baay'ee dhiphise, kanaaf, shaakala isaa duraanii gara mana sagadaa adeemuu jijiiree, hojii lama wal faana adeemsisuutti fufe: Torban torbaniin mana sagadaa keessatti Yihuudotaa fi Ormoota Waqqayyoon sodaatan waliin falmii (mare) geggeessu, bakka yaa'ii uummataatti immoo guyyuma guyyaan Giriikota walin (Ho.E. 17:15-22 ilaali).

Akkuma warri Ateenaa waan haaraa dhaga'uuf qophii turan, hayyooni falasamaa lallaba isaa waan jaallataniif mana mare magaalichaa, Aariyophaagositti akka lallabuuf isa afeeran. Dubbii isaa keessatti, Phaawuloos akka nama Yihudiitti dubbatutti utuu hin dubbatin, wangeela keessaa luqqifannoo fudhatee, seenaa Isiraa'el irraa ka'ee hin dubbanne (Ho.E.13:6-41 waliin dorgomsiisi); Dhaggeeffattoota akkasiif dhiyaannaan kun miira hin kenuuf. Qooda sanaa, dhugaa wangeelaa qabatee dhiyaate, kan qarooman amanti-dhableen (pagan) akka hubachuu danda'anitti.

Hagayya 29

Hojii Ergamootaa 17: 22-31 dubbisi. Dubbii Aariyophaagositti dubbateen, waa'ee Waaqayyoo, fayyina, seenaa, namummaa dhugaa guddaa akkamii namootatti lallabee?

Amanti-dhablee, garuu immoo qaroomoon sun, waa'een Waaqayyoo fi amantii sirriitti kan hin hubanne, jechooti Phaawuloos ga'isa isaanitti fakkaate. Haala Phaawuloos dubbii isa gara xumuraatti fide nuuf ifa hin taane, yammuu inni waa'ee firdii Waaqayyo addunya irratti ta'uuf jiruu dubbate, isa dhaabsisan (addaan kutan) (Ho.E.17:3). Amannaan kun yaada Giriikotaa lamaan mataan walgipa'an (walitti bu'an): 1. Waaqayyo raawwatee hundaa ol waanta'eef, dhimma biyya lafaa fi namootaaas kamiinuu keessa hin galu. 2. namni erga raawwate du'e ka'uu hin danda'u. kun maaliif wangeelli Giriikotaaf gowummaa akka ta'e ibsuuf gargaara (1 Qor.1:23) fi lakkofsi amantoota Ateenaa jiraatanii xinnoo dha.

Ta'us, namaoota amanuun gara Phaawuloos dhufan keessatti namoota beekamoo hawaasa Ateenaa akka Diiyonisiyos, miseensa Aariyophaagosii fi Damaariis, maqaan waamamuun isee hawaasicha keessatti iddo guddaa qabaachuu isee mul'isa, yoo miseena mana mare ta'uu dhaabaatte iyuu (Ho.E. 17:34).

Aariyophaagos durattti dhiyaannaa adda ta'een dhiyaachuun Phaawuloos garaagarummaa hawaasaa fi aadaa waan beekuuf ture. Inumaa iyuu walaloo nama hin amanne eruun dubbateera (H.o.E. 17:28) dubbii isaa ibsuuf. Namoota adda addaa bira ga'uuf adeemsa itti fayyadamuu qabnu filachuuf kun maal nu barsiisaa?

**KAMISA
Phaawuloos Qoronxos Keessatti**

Hagayya 30

Hojii Ergamootaa 18:1-11 waan phaawuloos Qoronxos keessatti hojjete ibsa, bakka kana wagga tokkoo fi walakkaa ture. Aqiilaa fi Phrisqilaan michootta isaa umrii guutuu turan (Ho.E.16:3; 2 Xim. 4:19). Seenaan Jara kana lamaanii akka ibsutti, yammuu gara Qoronxos dhufan duraanuu kiristaana turan, sababiin isaa

warri Yihuudotaa Mootii Kilaadiwosiin waan Roomaa baafamanii dha. Hayyuun seenaa Roomaa Suetonus jedhamu sababi Roomaa baafamuu isaanii nama maqqn isaa Kiristoots jedhamuun jeequmsi hawaasa Yihuudotaa keessatti waan ka'eef ta'uu isaa ibsa, wangeelli Yihuudotaa amantoota naannoon lal-labamuun bu'aa jeequmsa kanaa ti. Kanaaf, Aqilaa fi Phirisqiilaan hojii wangeelaa kana keessatti himataniiru. Karaa kamiinuu, amantii wal fakkaatu qabaachuun isaanii cinatti, hidda Yihuudummaas wal fakkaatu qabu, dabalataanis Phaawuloosii fi michooti isaa ogummaa wal fakkaatu qooddatu.

Hojii Ergamootaa 18:4-17 dubbisi. Hojiin eradma Phaawuloos Qoronxos keessatti bu'aa akkamii argamsisee?

Siilaasii fi Ximootewos yammuu Maqedooniyaa irraa dghufan, maallaqa gargaarsaa waldoota irraa fidanii dhufan (2 Qor. 11:8.,9) kun immoo Phaawuloos guutummaa hojii wangeelaa akka hojjetu isa gargaare. Phaawuloos bara tajaajilaa ture keessatti imaammata(policy) baasii mataa isaan ofii isaa geggeessuu hordofa ture, yoo akka itti fufee argamutti barsiisaa ture iyyuu, “Akkasuma immoo warri wangeela labsan waan ittiin jiraatan wangeelichumaan akka argatan Goofichi abboomeeraaf” (1 Qor. 9:14).

Yoo Yihuudota irraa mormii cimaan ergaan Phaawuloos gufachiiise iyyuu, Yihuudota keessa gam-tokko amananiiru, akkasuma Ormoota Waaqayyoon waaqesson. Warra amanan keessaa Sostenees, isa dura-butuu waldaa fi guutummaa maatii isaatu argama. Namoonni Qoronxos baay'etu amanee cuuphame. Akku-ma seenan isaanii mul'isu, warri Yihuudotaa gidduu isaaniitti jeequmsa qabu (Ho.E. 18:12-17), Phaawuloos dafee Qoronxos keessa ba'uuf karoorfate, garuu mul'ata halkaniin akka inni achi turu Waaqayyo isa jajjabeesse (Ho.E.18:9-11). Imala gara Anxokiyaatti deebi'uu keessatti, Phaawuoools Aqilaa fi Phirisqiilaan of duukaa fuudhee adeeme, Efesonitti isaan dhiisee, guyyoota muraasa achi ture, hamma imala isaa itti fufutti. Yeroo

achi turetti mana sagadaa naannootti Yihuudotaatti lallabuuf carraa argatee ture. Simanaan isaanii , “Yoo fedha Waaqayyoo ta’e deebi’een dhufa jedhee isaan abdachiise (Ho.E. 18:18-21). Kunis imala isaa itti aanutti raawwateera.

Phaawuloos simatamuun isaa waan isa sodaachiseef, lubbuun achi jiran akka haa fayyanif Gooftaa biraa jajjabina barbaade. Dubbiin Waaqayyo isaatti dubbate (Ho.E. 18:10), yeroo miirri isaatti dhaga’ame nuttis dhga’amu sagalichi maal nuun jedhaa?

JIMAATA

Hagaya 31

Qu’annoo Bal’inaan: “Warri har’ a dhugaa baay’ee hin beekamne barsiisan darbee darbee warruma kiristaanaa ofiin jedhaniin ta’ e illee, yoo mormiin simataman hamileen isaani cabuu hin qabu, waan Phaawuloosii fi obboloonni isa wajjin hojjetaa turan godhaniin alatti, ergamoонni fannoo kadhataa fi of eeggannoо cimaan of hidhachiisuudhaan jajjabinaa fi amantii yeroo hunda maqaa Yesusiin hojjechuudhaan gara fuulduraatti adeemuu qabu.” —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 230.

“Yoo miiraan seenaa biyya lafaa gara xumuraatti kan fidnu ta’ e, warri dhuga-ba’umsi isaanitti lallabame, fakkeenyaa warra Beeriyyaa hordofuu qabu, fardii (daily) sagalee gara isaan dhufu qu’achuun sagalee isaanitti dubbatame Caaffara Qulqulla’aa wal bira qabanii ilaaluu, har’ a namoota baay’eetu seera Waaqayyoof amanamoo dha, amma namooti sagalicha wal mad-dii qabanii. muraasa.

“Hundumtuu akka ifa isaaf kennemeetti itti faradama. Gooftaan ambaasaadaroota Isaa ergaa fayyinnaa wajjin isaan erge, warri sagale garboota Isaa dhaga’ an sagalicha akkamiitti akka fudhatan Inni itti gaafatamummaa in fudhata. Warri miira ho’aan dhugaa barbaadan qu’annoo cimaa geggeessu, barsiisa amantii gara isaanii dhufe, ifa sagalee Gooftaan wal bira qabanii qoratu.” —Page 232.

Gaaffiilee Maree:

- 1.Haala qu'anno gaafa Wiixataa keewwata xumuraa, daree keessatti hiika ibsa kanatti fufe njiru mari'adhaa: “namani gara cuuphaatti qaadhimame, caalaatti raawwate qophaawuutu irraa eegama. . . . qajeelfami jirenya Kiri-staanaa nama haaraa amane tokkoof sirriitti ibsamuu qaba.” —Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 6, pp. 91, 92.
- 2.Gaaffii xumuraa Roobbii irratti mari'adhaa. Akka wal-daatti, garaagarummaa aadaa fi namoota sadarkaa isaan irra jiraatan irratti quunnamuuf fedhii qabaachuu, wangeelaa fi eenyummaa amantii kenyas gara araaraatti uttu hin fidin fedhii Phaawuloos qaba ture akkamitti mul’isuu danddeenyaa.
- 3.Ateenaatti gaaffiilee sadan ergaa Phaawuloos irratti dhiyaatan irraa maal baratnaa? “(1) Kaan isatti ga’isan. Yihuudii keessummaa ta’uu isaa fi garraamummaan dhiyaachuu isaatti in kolfan. Isatti qoosanis. Warri kana godhan wanti isaan kolfaan jalqaban xumurri isaa gadda ta’uu qaba. (2) kaan immoo murtii isaanii kaasan. Guyyaa hamaan hunda caalu, yammuu namichi waa’ee borii haasa’uun salphaa ta’uu isaa baruu dha. (3) Gam-tokko immoo in amanan. Namni ogeessi kennaan Waaqayyo kan didu nama gow-waa qofa ta’uu beeka.” —William Barclay, *The Acts of the Apostles*, rev. ed. (Philadelphia: Westminster, 1976), p. 133.
- 4.Warri Aateenaa akka erga isaa hubataniif, Phaawuloos luqqifannoo barreessa Orma ta’e tokko fudhatee. Yeroo tokko tokko burqaaragaa akkasiitti fayyadamuun maal nutti himaa? Gama kaaniin immoo balaa akkamii qabaa?

Imala Ergama sadeessoo

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo Torban Kanaaf kana dubbisi: Ho.E. 18:24–28; Ho.E.19; Ho.E.20:7–12, 15–27; 2 Qor. 4:8–14; Ho.E. 21:1–15.

Yaadanno: - Heertuu

“Haa ta'u iyyuu malee hojiin wangeelaaa ayyaana Waaqayyoof dhugaa ba'uu, Gooftaa Yesus biraa anatti kennameera. Ani immoo ergaa koo fi hojii koo kana raawachuu duwwaa nan barbaada; kana irraa kan hafe jirenyaa koo akka waan gatti anaaf qabuutti hin lakkaa'u” (Ho.E. 20:24).

Seenaa imala Phawuloos sadaffaa Luqaas akka tasaatti jalqabe. Seenichi akka jedhutti erga Anxokiyaa takka ture,(Anxokiyaan wiirtuu ergama Phaawuloos turte) ergamaa Phaawuloos achi irraa ka'uun imala biraa qabate,milkaa'inaan kutaalee Galaatiyyaa fi Firiigiyaa keessa naanna'uun ergamoota jajjabeessaa ture” (Ho.E. 18:23). Kanaaf imalli maaylii 1,500 hima tok-kichaan haguugame.

Xiyyeffannaan imala kanaa Efesooni, Phaawuloos imala isaa keessatti magaalaa kam iyyuu caalaa yeroo dheeraa Efesoon keesatti dabarse. Ija hojjetaa wangeelaan yoo ilaalamee, hojiin wangeelaa Efesoon keessatti hojjetame baay'ee kan milkaa'aa ture. Dhiibbaan lallaba Phaawuloos kutaa Asiyaa hunda ga'e (Ho.E. 19:10, 26). Tarii yeroo kana ta'a karaa Ephafraas Qolaasaayis, Heraapholisii fi Laa'odiiqeyaa keessatti

waldooleen kan hundeeffaaman (Qol. 4:12,13), Ephafraas namaoota Phaawuloos wajjin hojjechaa turan keessaa isa tokko (Qol.1:7).

Imala kana wanti adda godhu yoo jiraate, kun Phaawuloosiif Hojji Ergamoota keessatti kan galmeeffame imala isa xumuraa dha. Phaawuloos imala kana akka nama bilsaatti raawwate. Luqaas imala Phaawuloos kan biraa galmeesee ture, yeroo kana gara Roomaatti, garu akka nama hidhamaatti.

JALQABA TORBANII

Fuul-bana 2

Efesoon: Kutaa 1

Hojji Ergamootaa 18:24-28 keessatti akkuma galmaa'ee argamu, utuu Phaawuloos amma iyyuu gara Efesoonitti imala jiruu, Yihuudiin amane tokko, maqaan isaa Apholos jedhamu,gara magaalaa Efesoon dhufe. Apholos nama dubbanaan isa onne rukutuu fi hubanna Caaffata Qulqulla'aa qabuu dha.Apholos hordoftoota Yesus keessaa isa tokko yammuu ta'u, Akkaataa Luqaas waa'ee isaa ibse caalaa ifaa dha (Inni cuuphaa Yohaannis duwwaa beeka, dubbii Gooftaas waa barsiifame, hafuura guddaa dhaan waa'ee Yesus qajeeltootti in lallaba , in barsiisas ture (Ho. E. 18:25). Ta'us, cuuphaa Yohaannis qofa beeka. Yohaannis cuuphaan erga cuuphame, bara Yesus lafa irra ture Isaan wal bare,taateewwaan guyyaa Pheenxeqoosxee dura, gara magaalaa Iskindiriyaatti socho'e.

Kanaaf, Aqiilaa fi Phirisqiilaan qajeelfama dabalataa kennuufii kan danda'an. Yesus Masihi Isiraa'el akka ta'e (Ho. E. 18:28), erga bara tajaajila Yesus irraa eegalee dhimmoota Kiriistaanaa irratti odeeffannoo argachuun yeroo waliin deemuu qaba. Haa ta'u malee, Aqiilaa fi Phirisqiilaan waan kanaa ol godhaniif, amantoota warra kaan waliin ta'anii xalayaa deegarsaa gara Akaayyaatti barreessaniif (Ho.E. 18:27), kun immoo Qoronxos keessatti hojji fiixaan ba'e akka inni hojjetu isa gargaare (1 Qor. 3:4-6, 16:12).

**Hojji Ergamootaa 19:1-7 dubbisi. Yammuu Phaawuloos
Efesoon ga'uu, maaltu isa mudatee?**

Seenaan Apholos seenaa namoota kudha lama Phaawuloos yammuu mandara Efesoon ga'etti argeen hidhata qaba, sababiin haalli isaanii wal fakkaata. Akka bartootaatti ibsamun isaanii sbaba tokko(Ho.E. 19:1) Gaaffi Phaawuloos isaan gaafate, akka ibsuttii, isaan duraanuu Yesusitti kan amananii dha. Haaluma wal fakkaatuun, deebii isaan Phaawulosiif kennan, kan Apholos fakkaata, isaanis duraan bartoota Yohaannis cuuphaa turan, utuu Pheenxeqoosxee irratti hin argamin hordoftoota Yesus warra ta'aniidha. Gooftaa waajjin muuxannoo gammachuu gadi fagaata qabaachuuf carraa argachuu qabu turan.

"Yammuu Efesoon ga'etti, Phaawuloos, Apholosiin kanneen fakkaatan bartoota Yohaannis cuuphaa kanneen turan obboloota kudhalama arge. Akkuma isaa waa'ee ergama Kiristoos hamma tokko beeku. Dandeettii Apholos qaba ture hin qaban, akkuma isaa miira cimaa fi amantiidhaan beekumsa bal'aa argatan tamsaasuu barbaadu." —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 282

Ifa adda ta'een isa haaraa cuuphaa isaanii ilaaluu qabna. Kutaa Kiristaana biraa keessaa hin dhufne, yookaan amantii hin geeddaranne. Yaa'a Kiristaanaa isa guddaatti hammataman. Ha-fuurri isaan irratti bu'ee afaan haaraa dubbachuun isaanii tarrii akkuma Apholos Kiristaana ergamoota ta'u, isaan kun amma waa'ee Yesus bakka hundaatti dhuga ba'uuf guutummaatti humni kennameeraaf.

WIIXATA

Fuul-bana 3

Efesoon : Kutaa 2

Efesoon keessatti, Phaawuloos akkuma amaleeffatetti ittuma fufee jalqaba mana sagadaa keesaatti barsiisuu jalqabe. Yammuu mormiin ka'etti, Phaawulosii fi amantooti haaraan gara mana barumsaa Xiraanositti socho'an, achitti guyyuma guyyaan wag-goota lamaaf barsiisaa ture. Luqaas tajaajila Phaawuloos Efesoon keessaa walitti yammuu qabu, guutummaa kutaa biyya sanaa keessatti hojiin wangeelaa hojetameera (Ho.E.19:10,26).

Hojii Ergamootaa 19:11-20 keessatti, Luqaas waa'ee seenaalee dinqisisoo itti dabaluudhaan mandaraa warri qoricha namatti hojjetanii fi waaqa tolfamoo waaqessan hedдуммаатан keessatti mo'icha humna Waaqayyoo ibsa. Waaqayyo Phaawuloos akka fayyisuu danda'u mamii hin qabu. Erbeen huccuu bartooti harkaan qaban illee humna fayyisuu qabu (Ho. E. 19:12) warra kaaniif waan ta'ee hin beekne isaanitti fakkaachuu danda'a, kun isa Yesus dubartittii dhiigni isee dhangala'aa tutre fayyiseen wal fakkina yoo qabaate iyyuu (Luqaas 8:44). Waaqolii tolfamoo kan waaqessan warri Efesoon akka Waqayyo dinqii adda ta'e karaa Phaawuloos hojjetuuf sababa ta'e, akka Luqaas jedhutti (Ho.E.19:11). Kun tarii, fakkeenyaa, Waaqayyo fedhii saba isaa guutuuf sadarka isaan hubachuu danda'aniin isaanitti dhiyaatee dha.

Ergama isaa Efesoon xumuun Phaawuloos Yerusaalemitti deebi'uuf murteesse (Ho.E. 19:21). Luqaas imala kanaaf sababa hin kenuu, garuu xalayaa Phaawuloos irraa kaanee beekna, rakki-na (hiyyuma) waldaa Yerusaalem furuuf, horoo waldoota irraa walitti qabaa ture geessuu waan jaallateefi (Roomaa 15:25-27, 1 Qor.16:1-3).

Waggaa jalqabaatti dhiheessii hoomishaa waan qabba-naa'eef, bara "kilaawudiwos" beelli baay'ee cimaan waan tureef, amantooti Yihuudaa in deegan, Phaawuloos kana iyyata isan gar-gaarsaaf dhihheeffatan keessatti (Gal. 2:10) carraa amantii ergamoota irratti qabanii fi walfoonni aadaa wal jijjiroon tokkummaa isaanii cimsuun barbaachisaa akka ta'e arge, balaaf kan isa saax-ilu akka jiru yoo beeke iyyuu. (Ho.E.20:22, 23; Room. 15:31).

Hojii Ergamootaa 19:23-41 duubbisi. Xumura Jireenyaa isaa Efesoon keessa jiraatetti, mormiin Phaawuloos irratti ka'e sababiin isaa maal turee?

Mormiin ka'e waaqolii tolfamoo waaqessuu waliin hidhta qaba, Kan barsiisi Phaawuloos baay'ee isaan yaaddesse. Kaka'umsi dhugaa Demeexiros horoo (finance) ta'uun isaa ifaa dha, garuu,

gara amantiitti naannese, sababiin isaa waldaan Ateenaa (yookaa Diana), wantoota dinqisiisoo torbaan addunyaa keessaa tokko ta'uun beekamti.

Hojii Ergamootaa 19:27 dubbisi. Demeexiros akkamitti ogummaan qulqullina gara keessaatti fiduudhaan horoon akka dhingala'u godhuu isaa qalbifadhu. Akka Kiristaanotaatti maaliif of eeguun nu barbaachise itti fakkeessaa amantii sobaa

KIBXATA

Xiros

Jeequmsicha booddee (Ho.E. 1923-41)Phaawuloos Efesoonin dhisee adeemuuf murteesse.Karaa jalqaba kallat-tiidhaan Yerusaalem dhaqu geeddaree karaa marfata dheeraa qabu Maqedoonyaa fi Akaayyaa keessa darbuu murteese (Ho.E.20:1-3). Imala kana irratti, bakka bu'oni waldoolee Or-moota hirmaataniiru. (Ho.E.20:4).

Fuul-bana 4

Hojii Ergamootaa 20:7-12 dubbisi. Sanbati gara Jalqaba Torbaniitti geeddaramuu isaa mirkaneessuuf gargaara yaadi jedhu dogoggora maalii qabaa?

Xiros keessa bubuluun Phaawuloos wal gahii Jalqaba Torbanii waldatti geggeeffameen gara xumutaatti dhufe (Ho.E. 20:7). "Buddeena cabsachuuf" walitti qabaman, tarii irbaata Gooftaa ta'u mala, kun isa bara waldaa Yerusaalemii eegalee obbolummaan buddeena waliin cabasatan dabalatee yookaan utuu hin dabalatin (Ho.E.2:42- 46). Ta'uun danda'a yaada jedhu kan mirkaneessu waancaa fi kadhati kamuu hin ibsamne. Haa ta'u male, ijoon dubbichaa seenaan, bara Phaawuloos keessa yoo xin-naate waldooleen Ormoota duranuu akka guyyaa waaqaeffannaati Sanbata gara Jalqaba Torbaniitti jijjiiraniiruu isaaniif akka ragaatti eerama.

Ta'us, uttu gara yaada kanaatti hin dhufin dura, guyyaa wal gahiin geggeeffame sirriitti adda baasuun barbaachisaa dha, akkasumas akeeka wal gahiichaas. Ibsaatti fayyadamuun (Ho.E.20:8) ergaan Phaawuloos hamma halkan walakkaatti dheerachuu isaa argisiisa (Ho.E.20:7), wal gahii halakanii ta'uu isaa ifaa godha.

Gaaffichi, yoo halkan Jalqaba Torbanii dura ta'e yookaan halkan Jalqab Torbanii booddee. Deebiin isa sirna yeroon maramu irratti hundaa'a, isa Luqaas fayyadame, maraa yeroo Yihuudotaa lixaa hamma lixaatti yookkaan Kan warra Roomaa halakan walakkaa hamma halkan walakkaatti. Yoo isa duraa ta'e, Sanbata galgala jechuu dha. Yoo isa boodaa ta'e, Jalqaba Torbanii galgala jechuu dha.

Karaa lachuunuu, qabiyyeen Hojii Ergamootaa 20:7-12 yoo wal gahichi Jalqaba Torbanii halkan ta'e iyyuu, saganta idlee waldaan wal gahii geggeeffattu miti, garuu, wal gahii addaa borumtaa isaa ganama Phaawuloos waan adeemuuf geggeessaa isaaaf walitti qabaman. kana fudhachuuun ulfaataa dha, heertuun qobxii fi addaa kun warra jalqba Torbanii akka Sanbataatti eegan akkamitti deeggaraa? Dhugaan isaa garu, hin deeggaruu dha.

Sababoota gatti Sanbata Guyyaa Torbaffaa ee-guudhaaf kennaman hunda irratti mari'a dhaa. Macaafa Qulqulluun deegaruun isaa eenyummaa keenya akka Adiventistoota Kiristaanaa fi isa itti waamamne ergaa ergamoota sadanii addunyaatti labsuuf isa nutti kennname mirkanoeffachuuuf yaadi Macaafa Qulqlluu irratti hundaa'ee kun akkamitti nu gargaaraa?

ROOBBI

Fuul-bana 5

Miilexos

Imala isa gara Yerusaalem keessatti, Phaawuloos iddo biraa dhaabbate,yeroo kana Miilexositti, asitti geggeessaa durabu'oti waldaa Yerusaalem isaaaf godhan isaanitti dubbachuuuf carraa arigate.

Hojii Ergamootaa 20: 15-27 dubbisi. Phaawuloos seensa dubbii isaa keessatti maaliif xiyyeffannoo kennet?

Imala haaraa Roomee fi Isphaaniyaa hammate duraan waan karoorseef (Room.15:22-29), Phaawuloos akka lammata Asiyaatti hin deebine amane ture. Dubbii isaa gabaasa gaafatummaa waggoota Efesoon keessatti dabarse gabaasuun jalqabe. Gabaasi kun waan darban qofa irratti miti, innis akkamitti akka warra Efesoon gidduu jiraate qofa uttu hin nta'in, gara fuul-duraattis isa mudachuuf jirus: Yerusaalemiitti wanta isa irra ga'uu danda'u waan sodaateef ta'u danda'a.

Sodaan Phaawuloos kun kan bu'uura hin qabne miti. Waldaan Yerusaalem ija shakkiin isa ilaalti, yoo walitti bu'iinsa ta'u baate iyyuu, yeroo darbettii ari'ataa fi wangeela dhagna qabaa irraa bilisa ta'e waan lallabeef (Ho.E.21:20-26). Geggees-sitoota Yihuudaaf, inni homaa miti, gantuu, amantii fi aadaa isaanii kan gane jedhu (Ho.E. 23:1, 2). Walakeessa jaarraa tok-koffaa, bara seenaan bulchiisi Roomaa badaa ture sanatti, Yihuudaan warraaqsa fi sa-boontummaan qabamtee turte. Qileen-sichi kutaa hawaasa Yihuudaa hundaa fi waldaa bira ga'eera. Haala kana fakkaatu keessatti, hojiin Fariisoti duraan Ormoota keessatti hoijetan isa hamaa beekamaa taasise (Ho.E. 21:27-36). Phaawuloos ammas waan godhu qaba. Hojii Ergamootaa 20:28-31, Phaawuloos geggeessitoota waldaa Efesoon irratti xiyyeffate, akkamitti dhimma barsiisota sobaa akka qaban, warra inni akka yeyyii hamoo fi saba Waaqayyoo dogoggoorsuu fi karaair-raa kaachisuutti lakkaa'e. Waldaa keessatti illee, barroota wa'daa jalqabaa illee, balaan barsiisota sobaa iifa ture. Akkuma Solo-monyeroo biraa, haala biraan jedhe, "Wanti dur ta'e tureammas ta'uuf jira; wanti dur godhamee ture, ammas godhamuuf jira; wanti aduu jala jiru nkeessaa wanti haaraan tokko illee hin jiru" (Lallaba 1:9). Balaa guddaa barsiisoti sobaa waldaatti fidan Seenaan waldaa Kiristaana in mul'isa. Rakkoon kun hamma xu-muraatti ittuma fufa(2 Xim.4:5). Wantooti hedduun akka samuu

phaawuloos keessa jiru gaaffii hin qabu wantooti isaa quuqan hedduu, ta'us amanamummaan isaa, dadhabuun isaa kan raafamnee dha.

2 Qoronxos4:8-14 dubbisi. Phaawuloos as irratti maal jedhaa jiraa ofii keenyaaf hojiin kan mul'isnu, addumaan yammuu firdiin nutty dhufu? Phaawuloos abdii isaa isa xumuraa eessa kaa'atee?

KAMISA

Xiiroosii fi Qiisariyaa

Miilexos booddee, seenaa imala Phaawuloos gadi fageenyaan Luqaas barreesseera. Ammas imalaichi galaana irra, ergamaa Phaawuloos Xiros keessa torban tokko ture, qarqara galaana Finiiqueen, bakka dooniin mi'a bbuusu ga'an (Ho.E.21:1-6). Haa ta'u iyyuu malee, utuu inni achi njiruu, amantoonni akka inni Yerusaalem hin dhaqne jabeessanii gaafatan. Hafuurri amantoonni ittiin geggeeffamanii Phaawuloosiin akekkachiisan geggeessaa Hafuurraa duraan Phaawuloosiif kennameen bu'uura irraa hin faaleesu, Aafaan Giriikiin *etheto en tō pneumatic* ibsi kennames Hojii Ergamootaa 19:21 keessatti, Phaawuloos Hafuuraan guutame murtoo kana irra fa'uu isaa ibsa, kanaaf murtichi yaada dhuunfaa Phaawuloos miti jechuu dha. Tuqaa ijoon balaa fuula dura karaa Phaawuloos irra jiru Hafuuri Kiristaa-naota Xiroositti mul'iseera, kanaaf fedha namaan alatti akka inni imala isaa itti hin fufne isa abbooman. Yerusaalemittis maaltu akka isa mudachuuf jiru Phaawuloos waan mirkanoeffate hin qabu (Ho.E. 20:22:23). Gggeessaan Hafurraa yeroo hunda waan halle ifa hin godhu, nama akka Phaawuloosiif ille.

Fuul-bana 6

Hojii Ergamootaa 21:10-14 dubbisi. Imala Phaawuloos gara Yerusaalemiitti imalu keessatti, taateen adda ta'e maaltuta'ee?

Hojii Ergamootaa 11:17-30 keessatti akkuma ibsame, seenaa bara beela sana faana raajii beekame, Agaabos jedhamu tureera. Karaa raajiilee bara Kakuu Moofaa fakkaatuun (fakkeenyaaf Isaayyaas 20:1-6; Ermiyaas 13:1-10) ergaan isaa kun hojii irra kan oolee dha, kun yammuu Phaawuloos Yerusaalemin ga'u waan isa irra ga'uu maluu fi akka mitti akka harka Ormootaatti (Roomaa) dabarfamee kennamu danda'u sirriitti ibsa.

Warri Phaawuloos waliin turan ergaa Agaabos akka raajiitti utuu hin ta'in akka akekachiisaatti fudhatan, kanaaf akka Phaawuloos gara Yerusaalemiitti ol hin bane amansiisuuf waan danda'an hunda godhan. Mormii isaanii gadi fageenyaan yoo onnee isaa rukute iyyuu, Phaawuloos ergama isaa fiixaan baasuuf in murteeffate, hamma lubbuu isaa gatii baasutti ille. Isaaf amanamummaan wangeelaa fi tokkummaan waldaa nageenya lubbuu isaa yookaan fedha isaa caalaa baay'ee barbaachisoo dha.

"Armaan dura takkaa, Phaawuloos garaa gaddaan gara Yerusaalem dhaqee hin beeku. Michoota xinnoo fi diinota baay'een akka argu beeka ture. Gara magaalattii isee Ima Waaqayyoo mormitee fiqaltee; dheekkamsi Waqayyoo inni so-daachisaan bakka itti fannifame." —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, pp. 397, 398.

T'aus, waan inni jedhu hubatumuu dhabus, hamatamus, akka malee qabamus fi ceephaa'amus amantii isaa gadi hin qabne. Haala abdii kutachiisaa keessatti waanuma Phaawulos godhe akkamitti goonaa?

JIMAATA

Fuul-bana 7

Qu'anno Bal'inaan: "Guddinaa fi baballinni hojii wangeelaa Yihuudota keessatti aarii haaraa kaase. Yeroo dhaa gara yerootti oduun milkaa'ina barsiisa haaraa akka ibsutti Yihuudonni dur sirnoota ayyaana seeraa kabajaa turanii fi Ormooti balfamaa tu-

ran Yihuudootaa waliin akka ijoolee Abrahaamitti lakkaa'amuun mirga wal qixximmaa agatan. . . . ‘Qabxii ijoo inni/ Phaawuloos dubbate, “Egaa si’achi Giriikii fi Yihuudii, nama dhagna qabatee fi nama dhagna hin qabatin, wallaalaa isa jireenyaa isaa hin qajeelfatin, garba birmaduu jechuun hin jiru; Kiristoos garuu hundumaaf jira, Inni nama hundumaaf waan hundumaa ti’(Qol.3:11) kana diinoti isaa maqaa Waaqayyoo ija jabinaan akka arrabsuuttu lakkaa’uun sagalee isaa callisiisuuf murteeffatan.” Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 390.

“ Mararfannoo fi deeggarsa obboloota amantii argachuu hin dandeenyeye. Yihuudot warri hin amanne gara inni itti adeemu hundumaatti hordofuun waa’ee isaa fi hojii isaa oduu hin taane Yerusaalemiitti qaamaa fi xalayaan tamsaasu; ergamootaa fi jaarsolii keessaa gabaasa sobaa kana akka dhugaatti kan fudhatan jiru, olola soba Phaawuloos irratti geggeefffamus hin mormine, isaan wajjin tokkummaa uumuufis fedhii hin argisiifne.” —Page 398.

Gaaffiilee Maree:

1. Ergamooni kudha lamaan warri Phaawuloos waliin Efesonitti wal argan duraan hordoftoota Yohaannis cuuphaha kan turan fi warra bartoota Yesus ta'anii dha(Ho.E. 19:1-7). Yammuu kiristaanota waldaa biraatti cuuphamanii gara waldaa Adiveentistii dhufan irra deebi'an cuuphuun maaliif akka barbaachise ibsuuf heertuu kanatti fayyadamuu qajeelaa dha. Apholos irra deebi'amme hin cuuphamin hafuun isaa barbaachisummaa maalii qabaa?
2. Me waa’ee Phaawuloos yaadi mee. Namaota biyya isaa, warra Yesusitti amanneen mormame. Yihuudot warri Yesusitti amanan illee, baay’een isaanii Phaawuloosiin ija shakkiin ilaalan. Sababiin isaa inni “wantoota bebbeekamoo” jijiira jedhan. Warri hin amanne wangeela inni lallabaa jiru jibban. Ta’us maalii ree? Utuu

hamma kana mormamuu maaliif Phaawuloos amantiitti jabaataa? Yoo ofii keenyaa Phaawuloosiin ta'uudhaa baanne iyyuu, seenaa isaa irraa maal fudhanaa?

3.Sanbati gara Jalqaba Torbaniitti jijiirameera yoo ta'eef, yookkaan itti fufee kan hojenne ta'uu fi dhiisuu isaa amansiisuuf yaada falmii namooti dhiheessan irratti yaa-di. Falmii akkasii akkamitti deebii laatnaaf? Yeroo deebii laattus akkasitti deebisi: abboommiin Sanbataa abboom-mota sagalan hafan caalaa abboommii seera eeguu miti; Kunis immoo yoo nuyi amantiin abboomamnee fi iddo abdiin fayyina keenyaa tokkichi jiru hubachuu akkaataa mul'isuun wajjin ta'uu qaba?

Barummsa 11ffaa Fuul-bana 8-14

Yerusaalem Keessatti Hidhamuu

SANBATA WAAREE BOODA

**Qu'anno Torban Kanaaf Heertuwwan Armaan Gadii
dubbisi:** Ho.E. 21; Room. 2:28, 29; Gal. 5:6; Ho.E.22; Ho.E.
23:1-30; Maat. 22:23-32.

Yaadannoo :
Heertuu

“Gooftichi gaafuma sana halkan Phaawuloositti dhiyaatee, ‘Laphee jabaadhu ! Yerusaalemiitti akkuma anaaf dhugaa baate akkasuma mandara Roommaattis anaaf dhugaa baa'uun siif in ta'a.’” (Hojii Eragamootaa 23:11).

Imala ergama Phaawuloos jalqabaa booddee, Ormooti akkamitti amantiitti simatamu gaaffiin jedhu waldaa keessatti garaagarummaan bu'uuraa fiduun isaa ifa ture (Ho.E.15:1-5). Wal diddaan caalu akka dhufuu danda'u Phaawuloositti waan dhaga'ameef, tokkum-maa waldaa irratti hojjechuuf karorse. Sababiin isaa wal gahii mana maree irratti akka hiyeesota yaadatu isa gaafatan (Gal.2:10), kanaaf, Phaawuloos waldaan Ormootaa obboloota Yihuudaatti argaman akka gargaaraniif afeeruu murteesesse. “Gargaarsa qulqulloot-aaf walitti qabamu” (1 Qor. 16:1), tarii garee lamaan gidduutti riqi-cha ijaara jedhame abdatamee ture.

Xumura imala isaa sadeessootti yoo balaa qabaate iyyuu, Yerusaalem dhaquuf murteeffachuu isaf kun sababa ibsuu danda'u ta'a. Harka tokkoon, obboleeyyan isaa Yihuudotaaf jaalala dhugaa qaba (Room.9:1-5); gama biraan, waldaa tokkoomte(united) dharma'e(Gal. 3:28, 5:6). Akkuma Yihuudotaa fi Ormooti wal qixxee amantiin fayyan, karaa hojii seeraa utu hin ta'in (Room.3:28-30). Sirnota ayyanaa seerri barbaadu irratti hundaa'anii jirenyha-waasummaa ala wal godhuun uumama hammattummaa wangeelaa faallessa (Efe. 2:11-22).

Jireenyaa haaraa ergamaa Phaawuloos itti seenaa jiru kana me haa hordofnu.

JALQBA TORBANII

Fuul-bana 9

Mana Maree Yerusaalem Wajiin Wal Arguu

Yammuu Phaawuloos Yerusaalem gahetti, amantoota Minaasoon waliin hidhata qabaniin simannaa ho'aan simatame, isuma biras akka turu ta'e (Ho.E.21:16,17).

Hojii Ergamootaa 21:18-22 keessatti, Yaaqoobii fi jaarsoliin waldaa amantoonni hinaaffaa seera Museef qaban ilaalchi isaan Phaawuloosiif qaban kan isaa yaaddesse ta'uu ibsan. Akka Phaawuloos Yihuudota biyya alaa jiraatan seera Musee gatan, “ijoollee isaanii akka dhagna hin qabne, wanta amala ta'e duukaa akka hin buune, barsiisun kee isaanitti himameera” (Ho.E.21:21).

Kun dhuguma dhugaa miti. Wanti Phaawuloos barsiise waa'ee fayyinaa ti: dhagna qabachuu fi dhagna qabachuu dhabuun homaa miti, akkuma Yihuudii fi Ormmi wal qixxee karaa amantii Yesusiin fayyan (Room.2:28, 29; Gal. 5:6; Qol.5:11). Kun Yihuudonni seer-aa fi wanta seerri barbaadu eeguu akka dhiisan karaa adda ta'ee fi ifa ta'een jajjabeessuu dha. Dhuguma, abboomamuun seeratti cich-uutti hin hiikamu, beekaa akka inni hiika sana qabaatuuf yoo jal'isan malee.

Hojii Ergamootaa 21:23-26 dubbisi. Phaawuloos amma iyyuu Yihuudii amanamaa ta'uu isaa akkamitti argisiise?

Phaawuloos hubannoo siyaasaa sirrii akka qabaatuuf gorfame ture. Waa'ee isaa oduu odeeffamu soba ta'uu isaa waan Yihuudotii jaallatan godhuudhaan argisiisuu qaba: wareega Naazireet, kan amantoota Yihudotaa deeggareera. Seerri wareega galchuu kun gochaa addaa warri amantiitti cichan—Yihuudiin tokko ofii isaa Waaqayyoof aarsaa godhee karaa ittiin of dhiheessuu dha.

Kan hin carroomne, Phaawuloos mudaan qaba. Gootota, warra Macaafa Qulqulluu keessatti argaman dabalatee, mudaan qabu, jireenyaa Abrahaam, Musee, Pheexiroosii fi kanneen biroo hedduu ilaaluun in danda'ama. Phaawuloos sona adda ta'e hordofa: yam-

muu Yihuudii wajjin dubbatu, akka Yihuudiitti (1 Qor.9:19-23), akka dhiyootti Phaawuloos wareega galche gabaafameera (Ho.E.18:18), yoo waa'een wareega sanaa sirriitti kan ifa hin taane ta'e iyyuu. Haa ta'u male, yeroo kana, kaka'umsaa leelillistummaa seeraa booddee yaada jiru dabarsuuf wal fakkeessuu dha. Hiiki isaa yaada kanaa sirriidhumatti waan Phaawuloos ciminaan mormuu yaalee dha: wangeelota lamatu jira, tokko Ormootaaf—fayyinni amantii dhaan, inni lammataa immoo kan warra Yihuudotaati—fayyinni hojii dhaan isa jedhu. Hamma isaan gaafatan kennuuf Waaqayyo isaaf (Phaawuloosiif) aboo hin laatneef.” Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 405.

Yammuu haala ta'e fakkaachuuf yaalii goonu, dogoggora kana fakkatu akka irra hin deebineef, of eeggannaak kamii godhuu qabnaa?

WIXATA

Fuul-bana 10

Jeequmsa Mana Sagadaa Keessatti

Yaada jaarsolii waldaa fudhachuun, Phaawuloos namoota gargaaree wareega raawwachuuuf, guyyoota torbaaf sirna of qulqulleessuu keessa darbuu qaba (Lakk. 19:11-13). Haaluma wal fakkatuuun, akkuma aadaan Yihuudotaa ibsutti, namni biyya Ormaa irraa dhufu xuraa'aa in ta'a, kanaaf mana sagadaa lixuu hin danda'u. Kanaaf Phaawuloos adeemsa Warra Naazireetotaa(Ho.E. 21:26) wajjin adeemeef, of qulqulleessee, qullaa'uu isaaf immoo lubootaaf gabaasa dhiheessuu qaba ture.

Hojii Ergamootaa 21:27-36 dubbisi. Xumura yeroo qullaa'ummaa guyyota torbaa booddee Phaawuloos irra maaltu ga'e?

Gooliin in ka'e, warra namoota Phaawuloos irratti kakaasaniin ka'e, mallattoo amantii Yihuudotaa waan miidheef, addumaan immoo mana sagadaa waan xureesseef jedhanii. Miiltoo Phaawuloos kan ture namicha Orma ta'e, biyya Efesoos, Xirofimoos jadhamu, isaan wajjin ture (Ho.E. 21:29), Phaawuloos namicha mana sagadaa kutaa gara keessaa, isa Yihuudota qofaaf ehamamu seensiseera jedhanii yaadan. Yoo hadheessaan isa irratti dhiyaate kun seera qabeessa ta'e, Phaawuloos badii guddaa balleesseera jechuudha. Keenyan isa kutaa alaa fi keessaa adda baasu mallattooleen Afaan Giriikii fi Afaan Laatiniiin jiran Ormootaaf akeekkachiisa kennu,

mallattoolee sana darbanii akka hin seenneef, yoo kanaa achii hadheessaa du'a isaanitti farachiisu dhuunfaan itti gaafatamu.

“Akka seera Yihuudotaatti, namni dhagna hin qabanne tokko mana sagadaa kutaa gara keessaa seenuu yakka, adabbiin isaa du'a. Phaawuloos Xirofimoos, nama biyya Efesoon, waliin utuu adeemuu mandaracha keessatti argameera, gara mana sagadaatti isa fideera jedhanii tilmaaman. Kana inni hin goone; inni mataan isaa akka Yihudii tokkootti mana sagadaa seenuu isaa seera cabseera hin jechisisu. Yoo walumaa galatti hadheessaan sun soba ta'e iyuu, namoota jibba qaban kakaasuuf hojjetere. Iyyi sun yammuu ol fudhatamu, karaa kutaa mana sagadaa yamuu dhalatu hoomaan namootaa achi turan gammachuu bineensummaa isaanii ibsu keessa galan.” — Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 407.

Yammuu oduun jeequmsichaa mooraa waraana Roomaa bira ga'u, ajajaan waraana Roomaa Kilaawudiyoos Liisiyaas jedhamu (Ho.E.21:31,32; 23:26) waraana fudhatee dhufee utuu goolessitooti isa hin ajjeesin dursee, Phaawuloosiin du'a oolche.

Akka nama xiyyeffannaajajeechaa jala jiruutti, Phawwuloos qabamee fuuncaan hidhamee, ajajaan kutaa waraana Roomaa qorannoo itti fufe. Yammuu aariin gooleessitoota boba'eetti ajajaan waraana Roomaa Phaawuloos ergamaan gara mooraa waraanaatti akka geeffamu ajaje.

**Oduu fi oduun sobaa goolii kana kaasuuf gargaareera.
Maaliif oduu sobaa akkasii irraa baay'ee of eeggachuun kan nu
baarbaachisee? Oduu dhaga'u, isa dhageenyes dabarsuu fi
facaasuu irraa akkamiti of eegganna?**

KIBXATA

Fuul-bana 11

Hoomaa Goolessitootaa Duratti

Hojii ergamootaa 21:37-40 waa'ee waan itti aaneet ta'ee nutti hima. Phaawuloos fuuncaan hidhamee qrannoof gara mooraa warna Roomaatti geeffame. Achitti Angafi kumaa qorannoo itti fufe, yeroodhumma kanatti Phaawuloos namoota isa ajjeesuuf itti gaman kanatti dubbachuu akka barbaadu ehama gaafate.

Akkuma inni Afaan Giriikiin Angafa Kumaatti dubbateen, fuulli Phaawuloos fuula namicha biyya Misir wagga sadii dura Yerusaalem keesssatti bulchiinsa Roomaa irratti fincila kaase fak-

kaata jedhee yaadee, Angaf kumaa. Haa ta'u malee, fincilichi humna waraana Roomaan rukutame, hordoftooti isaa hedduun ni ajjeefman yookaan ni hidhaman, namni biyya Misir sun harkaa ba'e.

Erga sana jedhee booddee, inni kan dhufee Misir irraa utuu hin ta'in Xarsees irraa dhufuun isaa hubatamnan akka dubbatuufis ehama argate. Dubbii isaa keessatti waa'ee hadheessaa isa irratti dhiyaate gadi fageenyaan deebii hin laatne (Ho. E. 21:28), garuu seenaa jijiiramuu isaa isaanitti hime, amantii Yihuudaattis ham-mam akka jabaa turee fi warra Yesusitti amanan ari'achaa akka ture hamma tokko ibse. Yammuu irra deddeebi'amee mul'ata Gooftaan dirqisiifamu, filannoo biroo hin qabu hordofuu malee. Kun jirenya isaa waliigalaa fi Ormoottatti akka lallabuuf kan waamame ta'u isaa ibsa. Qooda barsiisa amantii fi mare qabaachuu, Phaawuloos muuxanoo fi mudanoo isaa fi maaliif akka sana godhes isaaniti dubbate.

Hojii Ergamootaa 22:22-29 dubbisi. Phaawuloos ergamaa Ormoottaa ta'u isaa fi ibsa inni kenne irratti namoota isa dhaggeeffachaa turan irraa deebii akkamii argatee?

Murtoon akka Phaawuloos dubbatuuf ehama kennisiise hin hoijenne. Dubbii isaa kessatti gargaarsa Ormoottaaf godhe kan mirkaneesse waan fakkaateef, Phawwulos kana godhuun dhu-gummaa hadheessaa isa irratti dhiyaatee akka dhugoomsuutti fudhatama (Ho.E. 21:28), kanaaf, hoomaan namoota ammas isa irratti ka'an.

Ajajaan waraana Roomaa wanti Phaawuloos jedhe hundinuu waan galeef hin faakkaatu. Kanaaf qorannoo nuffisiisaan isa qoruuf murteesse. Ta'us, dhiigi isaa Yihuudii qulqulluu ta'uun cinatti (Fili. 3:5), Phaawuloos lammummaa Roomaa qaba, yeroo inni kana ibse, Ajajaan waraana Roomaa qorannoo isaa in dhiise. Akka lammii Roomaatti, Phaawuloos dhiphina sana fakkaatu jala galuun irra hin turre.Dubbii Phaawuloos dubbate dubbisi (Ho.E. 22:121). Phaawuloos of irra faccisaa obboloota isaa Yihuudotatti wangeela akka lallabe ragaa maalii qabdaa? Seenaa jijiiramuu isaa maaliif isaanitti himuun barbaachise? Seenaa jijiiramuu keessatti waa'ee maalitii wanti humna guddaa qabu?

Fuula Maanguddootaa Duratti

Phaawuloos nageenya biyyaaf sodaachisaa akka hin taane yammuu beeke, Ajajaan Roomaa, walitti bu'umsi kun dhimma keessaa Yihuudotaatti jechuun maanguddoota gaafate, dubbicha ol dabarsuuf (22:30; 23:29).

Hojii Ergamootaa 23:1-5 dubbisi. Yaa'ii maanguddootaa duratti Phaawuloos akkamitti of irraa faccisee?

Ibsi Phaawuloos seensa dubbii isaa keessatti ibse deebiin isaa kballaa afaan isaatti kennuu ta'e, akka nama hidhamaatti maqaa Waaqayyoo dha'uu isaa akka arrabsootti lakkaa'an. Angafa lubaa waamuun, . . . “ ‘Alaa gaarri akka keenyan nooraa dibamaa nana’ ” (Ho.E. 23:3), Isa Yesus ‘ Fariisota of hin arginee nana’ jedhee Fariisota ceepha'e irra deebi'uu isaa ti (Maat. 23:3). Ta'us, Phaawuloos angafa lubaatti akka dubbachaa jiru dhugma waan hin hubanneef, rakkina qaroo hin qabu hin jechisiisu.

Hojii Ergamootaa 23:6-10 dubbisi. Phaawuloos akkamitti haqummaan adeemsa yaa'ichaa addaan kutee?

Gumiin maanguddootaa Saaduqootaa fi Fariisota kan of keessatti qabate yammuu ta'u, dhimmoota hedduu irratti wal mormu, qabxiin mormii isaanii tokko barsiisa amantii ti. Warri Saaduqootaa, fakkeenyaaaf, Macaafa Musee shanan duraa qofa irratti hundaa'u, du'aa ka'u warra du'aniitti hin amanan (Maat. 22:23-32).

Ibsi Phaawuloos (Ho.E. 23:6), kenne yaada maanguddootaa waliin dha'uuf tooftaa gaarii ture. Yesus Isa du'aa ka'e karaa Damaasqoo irratti arguun, hundee jijiiramuu (amanuu) fi tajaajila Phaawuloos, du'aa ka'uun dhugaa akka ta'e, isaanis kan isatti faradamu (Ho.E. 24:20,21; 26:6-8). Hinaaffaa isaa duraa irraa jijiirame gara jirenya isaa ammaatti akkamitti akka dhufe isa male kan ibsuu danda'u kan biraa hin jiru. Utuu Yesus du'aa hin kaane ta'e, dhuga-ba'umsu isaa gatii hin qabu, innis in beeka (1 Qor.15:14-17).

Halkan sana yammuu Phaawuloos mooraa waraanaa keessa turetti, Gooftaan jajjabeessuu Isaan isatti mul'ate: “ . . . ‘Laphee jabaadhu! Yerusaalemitti anaaf akkuma dhugaa baate akkasuma mandara Roomaattis anaaf dhugaa ba'uun siif in ta'a’ ” (Ho.E.

23:11). Haala rakkisaa sana keessatti abdiin akkasii addumaan Phaawulosiif hiika guddaa qaba. Roomaa dhaqee lallabuuf hawwiin isaa yeroo dheeraa hin milkoofne (Ho.E. 19:21, Room.1:13-15; 15:22-29).

KAMISA

Qiisaariyaatti Jijiiramuu

Karaa seeraan Phaawulosiin dhabamsiisuu waan dadhabaniif, gareen tokko shira karoorsuun riphaniif Phaawuloosiin aijesuuf koratan.

Hojii Ergamootaa 23: 12-17 dubbisi. Karoorri isaanii maal turee? Karoorichi akkamitti fashalaa'ee? Namoonni dubbii sobaaf miira guddaa qabaachuu isaanii maal nu barsiisaa?

Yihuudota afurtama ta'antu Phaawuloos irratti korate, waliifis kakan, kun immoo ergamichi Yerusaalem keessatti jibba kaasuu isaa mul'isa. Luqaas waa'ee eenyummaa namoota sanaa hin ibsine yoo ta'e illee, leellistoota amantii Yihuudotaa miidhaa gantoota irraa eeguuf tarkaanfii kaminuu fudhachuuf qophii warra turanii dha. Leellistummaan amantii sadarkaa kanaa warraaqsa fi sab-boontumman jaarrraa jalqabaatti Yihuudaa fi naannoo iseetti hin beekamneen wal sime.

Oduun shira Phaawuloos irratti karoorfamee eessuma Phaawuloos biraatti dhaga'ame. Waanti gaddisiisaan tokko yoo jiraate, waa'ee maatii Phaawuloos waan tokko ille beekuu dhabuu keenyaa, isaa fi obboleettiin isaa Yerusaalemitti guddataan (Ho.E. 22:3), obboleettiin isaa asitti heerumte yoo xiqaate ilma tokko qabdi. Ilmi obboleetti isaa, ijoolee xixinnoo keessatti kan lakkaa'amu yoo ta'u (Ho. E. 23:18,22), angaf kumaa harkaa isaa qabatee deemuun umurii isaa kudhaa keessaa ta'u isaa argisiisa (Ho.E. 23:19), haala kanaan eessuma isaa mooraa waraanaa keessatti hidhame jiru ilaaluu dhaqe.

Hojii Ergamootaa 23:26-30 dubbisi. Ajajaa, Liisiyaas waa'ee Phaawuloos ergaa akkamii bulchaa biyyichaa, Feelksiti ergee?

Xalayichi haala dubbichaa Feelksiif gabaasa gaarii kenne. Dabalataanis Phaawuloos lammii Roomaa ta'uun isaa hammam akka isaa gargaare mul'isa. Seerri Roomaa guutummaatti mirga lammiawan isaa in tiksa. Fakkeenyaaaf akka mirga dhaddacha seeraatti dhiyaachuu, abbaa seeraa duratti dhiyaatanii mirga ofii falmachuu (Ho.E. 25:16), yoo murtiin jallate mirga mootii dhgeessifachuu (Ho.E. 25:10,11).

Sadarkaa ulfina Mootichaan gaditti, Feeliks Phaawuloosi-in haala gaariin keessumiise. Qorannoo jalqabaa erga qoratee booddee, hamma warri isa hadheesan dhufanitti eegumsa jala akka turu ajaje.

Jireenya Phaawuloos keessatti waan Waaqayyo godhe yaadi. Dhiphinaa fi rakkina keessa dabartee waan Waaqayyo jireenya kee keessatti siif godheef gadi of deebitee waan Waqayyoo siif godheef hammam galateeffattaa?

JIMAATA

Fuul-bana 14

Qu'anno Bal'inaan: “ Sirna kana irratti Phaawuloosii fi miiltowan isaa gargaarsa waldaa Ormootaa irraa obboloota hiyyessota Yihuudotaaf jaarsolii waldaa Yerusaamlemitti kennan. Kennaan fedhaa kun qindaa'aa hojii Waaqayyoo guutummaa biyya lafaa irratti hojjetamuuf amanamoo ta'uu isaanii kan mul'isu yoo ta'u, garaa guutuun fudhatan. Ta'us, Phaawuloosii fi miiltowan isaa namoota fuula isaanii dura dhaabbatanii jiran keessaa hafuura jaalala obbolummaa kennaa kanaaf isa isaan kakaase akka hin galateeffatne ifaa dha.” —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, pp. 399, 400.

“Utuu geggeessitooti waldaa miira aarii isaani hundumaa ergamicha irratti qaban raawwatani dhiisuun, akka nama waamicha addaan Waaqayyo waametti, wangeela gara Ormootaatti akka geessuutti simataniiru ta'e, silaa Gooftaan isaaniif eeba haa ta'uuf ergee. Hojiin Phaawuloos itti waamae battaluma sanatti gara xumuraatti akka dhuffuf fedha Waaqayyoo miti. Haala fi hundee ka'umsa yaada geggeessitoota waldaa Yerusaalem kan faallessu dinqii hin hojenne.

“Ammas haalli wal fakkaatu gara bu'aa wal fakkaatutti geessaa jira. Kennaa ayyaana Waaqayyoof galateeffachuu diduu fi

of fooyessuu dhabuun isaanii waldaa ebba baay'ee dhowochiise.Utuu hojiin ergamootaa gammachuun simatameera ta'ee, bara dhuga-ba'umsa tajaajiltoota amanamoo ta'anii Gooftaan ham-mam dheeressa ture. Garuu, Yoo waldaan diina lubbuuf karaa laat-tee hubannoo isaanii doomsite,sagalee fi hojiiwan garboota Kiristoos akka malee hubatu, akka malee hiikkatu. Yoo isaan karaa Isaa dura dhaabbatan, ebba Isaa yoo gufachiisan, Waaqayyoo yeroo tokko tokko ebba isaaniif kenne isaan irraa fuudha.

“Erga harki harma dhikifanna hin qabne irraa fuudhamee booda, yeroo sagaleen akeekkachiisaa fi jajjabina cal jedhutti, warri rincicoon in dammaqfamu ta'a, ebba isaan irraa fudhatame akka arganiif. Waan jireenyi isaanii raawwachuu dadhabe du'i isaan gara xumuraatti fida.” —Pages 417, 418.

Gaaffilee Maree:

- 1.Akka hin simatamne utuma beekuu gara Yerusaalem dhaquun, Phaawuloos fedhii waldaa fedhii dhuunfaa isaa ol kaa'uu isaa argisiisa. Hamma sanatti fakkeenyummaa isaa hordofuun nu irra jiraa?
- 2.Wal faakkeessuu Phaawuloos Yerusaalemitti raawwate irraa maal baruu dandeenyaa? Utuu seera jirenyaa keenyaa hin lakkisin, akkamitti bilchina siyaasaa qabaachuu dandeen-yaa? in dandeenyaa?
- 3.Tokkummaan waldaa yoom iyyuu barbaachiisaa dha. Wal taane , tokko taanee, utuma garaagarummaa ilaalchaa qabnu akkamitti waliin wajjin hojjena?


Barummsa 12ffaa

Fuul-bana 15-21

Qiisaariyaa Keessatti Hidhamuu

SANBTA WAAREE BOODA

Qu'anno Torban Kanaaf Kana Dubbisi: Ho.E. 24, Ho.E. 25,
Ho.E. 26, 1 Qor. 1:23.



“Phaawuloos deebissee, ‘yeroon isaa gabaabbatus, dheeratus, si duwwaa iyuu utuu hin ta’in, warri har’aa na dhaggeeffatan hundinuu hidhamuu koo irraa kan hafe, akka koo akka ta’an Waaqayyo nan kadhadha” (Ho.E. 26:29).

Phaawuloos gara Qiisaaiyaatti dabarfamuun yeroo hidhaa waggoota lamaa jalqabe (Ho.E.24:27), mana Herodis ijalarsisee, masaraa beekamaa bulchitoota Roomaa, keessatti eegumsi akka godhamuuf taasifame (Ho.E. 23:35), Waggoottan sana keessatti dhaddacha adda addaa duratti dhiyaachuun bulchitoota Roomaa lama(Feeliks fi Feestus) fi mootii 2 Agiriiphaa durratti dhiyaateera, carraa kanaanis hojii Waaqayyo isatti kenne caalaatti fiixaan baaseera (Ho.E. 9:15).

Dhaddacha hunda duratti, Phaawuloos akka balleessa hin qabne falmateera, hadheessa dharaa ragaan dhiyaachuu hin daneenye, raggoonni dhabamuun himatichi dhara ta’uu isaa mirkan-eessa. Seenaan isaa hundi akka jedhutti sadarkaa hidhamuutti kan isa geessu homaa waan tokko illee hin balleessine.Utuu Qeesaaritti ol iyyanno hin fudhanne ta’ee gad lakkifama ture (Ho. 26:32). Dhaddachooti kunneen irratii waa’ee Yesusii fi abdii guddaa du’aa ka’uu isaa keessaa argamuu dhugaa ba’uuf carraa argateera.

Ta’us, yeroon sun, yeroo yaaddoo cimaa, yeroo kophummaa nuffisiisaa, akka nama waldaa Yerusaalem irraa gargaarsaa bifaa kamii iyuu hin qabne fakkaatee mul’ate ture, geggeessitooti waldaa

morkii fi jibba isaan gidduutti uumameef kan gaafatamummaa fudhatu phaawuloos jedhu. —Ellen.” G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 403.

Jalaqaba Torbanii

Fuul-bana 16

Fuula Feeliks Duratti

Erga Phaawuloos Qiisaariyaatti dabarfamee,guyyoota shan booddee, gareen hoggantoota bebbeekamoo Yihuudotaa: angafa lubaa, miseensota gumii maanguddootaa, ogeessa seeraa maqaan isaa Xerxilos waliin Yerusaalem irraa gadi bu'anii fuula Feeliks dura dhaabaatan hadheessaa ergamicha irratti qabaniif (Ho.E. 24:1-9).

Mana murtiitti habukaattoo dhaabbachuun hadheessitoota Phaawuloos Kun isa jalqabaa fi isa tokkicha. Deeggarsa abbaa biyichaa hawwachuuuf jedhee, dubbii isaa keessatti Xerxilos tarsiimoo cimaa baafate. Salphaadhumatti dhugaa miti, bara bulchiinsa Feeliks, Yihuudonni nageenya bara dheeraaf qabaataniiru jedhe. Dhuguma bulchaan biraa kan baay'ee cunqursaa fi abbaa irree ta'e hin turre, cunqursaa fi ukaamsaan kun bulchiinsa Roomaa ilaachissee Yihuudota giduutti amajaajummaa guddaa uumee ture. Karaa dhugaa irraa baay'ee fagaateen, Xerxilos imaammata bulchiinsa abbaa biyyaatti fayyadame isa amansiifachuuf, tarkaanfii humnaa fudhchuun tasgabbii siyaasaa akka fiduu danda'utti, dhimma kana qofa tarkaafii ukkaamsaa cimaa akka fudhatu gaafate.

Kana booddee, itti fufee himata sadii Phaawuloos irratti dhihees: 1. Guutummaa biyyattii keessatti dhaabbataadhaan Yihuudota gidduutti olola geggeessuun goolii uuma (Ho.E. 24:5); 2. Garee warra Naazireetootaaf dura-butuu dha (Ho.E. 24:5), kun immo Kiristaanummaan akkuma walii galaatti sochii golessaatti akka hiikamu godhuuf yaaluu dha; fi 3. mana qulqullummaa Yerusaalem xureessuuf yaaleera (Ho.E. 24:6).

Hojii Ergamootaa 24:10-19 dubbisi. Phaawuloos tokkoon tokkoon himannaa isa irratti dhiyaatee akkamitti deebissee?

Tuqaalee dabalataa lama Phaawuloos dhihees, hadheessitoota isa baay'ee naasise: 1. Raggiooleen Asiyaa irraa dhufan argamuu dhabuu isaanii (Ho.E. 24:18,19), isaan kun hadheessicha gatii dhabsiisuu in danda'u turan, fi 2. Yihuudonni warri achitti argaman

Phaawuloos torban tokko dura yaa'ii warra biyya seerratanii duratti dhiyaatee qoratamaa turuu isaa qofa dubbachuu danda'u (Ho.E. 24:20), wanti biraan isaan isa himatan tokko illee hin jiru du'aa ka'uutti amanuu isaa malee (Ho. E. 23:6 wal bira qabii nilaali).

Ulfaatinni falmii Phaawuloos Feelksiif dafee gale, sababiin isaa karaa haadha warraa isaa isee Yihuudittii, Dirusilaa, jedhamtuu, waa'ee Kiristaanummaa hamma tokko waan beekuuf. Kanaaf murtoo godhe, dhaggeeffachuu dhaabuuf, hamma beeksisi dabalataa ba'uutti (Ho. E. 24:22).

Hojii Ergamootaa 24:24-27 keessatti deebii Feeliks kenne amala isaa argisiisa ture: har'a bor jechuun beellama dheeressuu, harka fuudhiif haala mijeffachuu, nama ejjennoo hin qabane, ta'uu isaa mul'isa. Nama akka Feeliks bira murtoo qajeelaa argachuun Phaawuloos bay'ee dhiphaa dha.

Hojii Ergamootaa 24:16 dubbisi. Kanaafis yeroo hunda, “‘Waaqayyoo fi nama duratti garaa qulqulluudhaan argamuudhaaf ani ofii kootii nan dhama'a.’ ” kana jechuun maal jechuu dhaa?

**WIXATA
Fuula Fesxoos Duratti**

Fuul-bana 17

Deeggarsa Yihuudotaa argachuuf jedhee Phaawuloosiin waggoota lamaaf hidhee turse. Fesxoos akka bulchaa biyya Yihuudaatti Feelksiin bakka bu'e (Ho.E.25:1-5). Barri bulchiinsa Fesxoos Dh.K . B. 60 – 62 dha.

Hojii Ergamootaa 25:1-5 dubbisi. Dhugaa namni jibba-maan lallabu warra hin namanne akka amanan godhuuf kun akkamitti nu gargaaraa?

Tarii Feelksiin amansiisuun akka inni hadheessaa isaan Phaawuloos irratti qabanitti isaan deeggaruuf yaalii isaan jalqaba godhan waan jalaa kufeef biyya –seerrattuun Yihuudaa carraa biraaf hin dhamaane. Fexoos waanuma fedhe yoo ta'e, yammuu inni jalqaba Yerusaalem dhufu, dhimmi himata isaanii gara Yrusaalemitti naanna'ee akka aangoon murtii kennuu fi

Phaawuloosiiniis deebisee akka isaanitti kenu, gumiin maanguddootaa (Sanhedrin), akka seera Yihuudootaatti itti murtessuuuf gaafatan.

Fesxoos akkuma Qiisaariyaatti deebi'een, dhaddachaa walitti qabe, mormitooti Phaawuloos hadheessa isaanii Phawwuloos irratte tarreessan (Ho.E. 25:7). Yeroo kanatti Luqaas hadheessa isaanii irra deebi'ee gabaasuu hin barbaanne, deebii Phaawuloos irratte xiyyeffate (Ho.e. 25:8). Hadheessaan isaanii ammaa kun isa waggaa lama duraa waliin wal fakkaatina qaba, olola geggeessa, biyyaafis sodaachiisaa dha, isa jedhu itti dabalan malee.

Hojii Ergamootaa 25:9-12 dubbisi. Yammuu Fesxoos dhimma siyaasaaf isa hidhuu bare, Phaawuloos akkamitti deebii kenne?

Xumura irratte, Fesxoos tarsiimoo siyaasaa keessatti, Feeliks irraa garaagarummaa kan hin qabne ta'e (Ho.E. 24:27). Phaawuloos balleessa hin qabu jedhee gadi dhiisee, jalqaba bulchiinsa isaa keessatti deggarsa Yihuudotaa dhabuu waan hin barbaadneef, gaaffii isaanii isa jalqabaaf deebii kennuu yaade, innis Phaawuloos dabarfamee Yihuudotaatti kennamee, Yerusaalemiitti, gumii jaarsoliin akka itti murtaa'uuf.

Kun Phaawuloos biratti fudhatama hin qabu, achitti murtii qajeelaa akka hin arganne dursee waan beekuuf, diinota, warra isatti gamanitti kennamuu morme. Mirga lammii Roomaa irratte cichuun dhaddacha Roomaan akka murtoo argachuu qabu falamate, wanta hin amansiiifne wanti gaariin waan hin argamneef, mana murtii sadarkaa ol,aanaa Roomaa, Mootii moototaatti dhageessifchuuf murteeffate.

**WIXATA
Fuula Agriiphaa Dura**

Fuul-bana 18

Fesxoos gaaffii isaa in fudhate, Phaawuloos Roomaatti ergama (Ho.E. 25:12). Yeroodhuma kanatti, Mootii Herod II Agriiphaa daawwannaaf gara sana waan adeemuuf, haala kana akka carraatti fayyadamee waa'ee Phaawuloos isa mariisisuu barbaade, ad-daummaan, yammuu xalaya fi gabaasa waa'ee Phaawuloosiif erguuf jiruu keessatti maaltu akka barbaadamuu Mooticha irraa

yaada barbaade ture. Fesxoos waa'ee Yihuudotaa waan baay'ee waan hin beekneef, Kanaaf akka Agriiphaan isa gargaaru barbaade (Ho.E.26:2,5).

Hojii Ergamootaa 25:13-22 dubbisi. Fesxoos waa'ee Phaawuloos Agriiphaatti maal himee? Mootichis akkamitti deebisee?

Agriiphaa 2ffaan, hidda Mootii Heroodis isa xumuraa yammu ta'u, bulchaa biyyaa isa haaraa ilaaluuf obboleettii isaa Berniiqee wajjin gara Qiisaaiyaa dhufe.

Dhimma Phaawuloos yammuu ibsu, hadheessaan Phaawuloos irratti dhiyaate balleessaa cimaa siyaasaan yookaan yakkaan kan hidhata hin qabnee fi kunis kan isa dinqisiisee ta'uu isaa Fesxoos mul'iseera. Qooda kanaa, kun dhimma amantii Yihuudotaa, ad-dumaan immoo waa'ee namicha Yesus jedhamuu ti, "Inni du'eera, Phaawuloos garuu, 'Inni jiraataa dha'" jedhe (Ho.E. 25:19). Phaawuloos armaan dura gumii maanguddootaaf ibsee ture, du'aa Yesusitti waan amaneef murtii eeggachaa kan jiru ta'uu isaa. Amma immoo Fesxoos ifa godhe ijoon dubbichaa kana akka ta'e.

Hojii Ergamootaa 25:23-27 dubbisi. Sirna Phaawuloos itti-in fuula Agriiphaa duratti dhiyaate Luqaas akkamitti ibsee?

"Egaa Phaawuloos, amma illee fuuncaan hidhamee, yaa'ii namootaa dura dhaabata. As irratti wanti faalaan maaltu dhiyaatee! Agriiphaa fi Berniiqeen aangoo fi aboo qabu, kanas waan ta'eef biyyi lafaa isaan deeggarti. Isaan garuu amala Waaqayyo jaallatutti immoo hiyyeyyii dha. Isaan seerota Waaqayyoo irra ejjetaniiru, garaa fi jirenya isaanii keessatti jal'ina hoijetaniiru. Toorri hojii isaanii waqaan jibbameera." —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 434.

Seenaan kun maal nu barsiisa waa'ee wanta karaa alaa mul'atu, tarri ija namaatti bareedaa kan fakkaatu, waa'ee wanta karaa alaa mul'atuu dogoggorsuu danda'u ? Kan mataa keenyaas akkamii? Karaa alaa wanti argamuu fi dhugaan ham-maam garaagarummaa qabuu?

Faccisa Phaawuloos

Erga manni murtii qxaa'ee, keessummooti gurguddoo fi akkasumas bulchaan biyyaa iddo qabtanii taa'anii booddee, hidhamticha ol seensisan, faccisa isaa haa dhageessifatuuf, addumaan Agriiphaan akka dhaga'uuf barbaada, Fesxoos duraan dhaga'eera waan ta'eef (Ho.E. 25:8-11).

Hojii Ergamootaa 26:1-23 dubbisi. Fuula Agriiphaa duratti, Phaawuloos dubbii isaa keessatti maal godhee? Dubbiin Phaawuloos dubbate seenaa jirenya isaa jijiiramuu duraa fi booda kan ibsu ture. Qabiyyeen isaa isa Hojii Ergamootaa 22:1-21 keessatti ibsame nu yaadachiisa, isa inni yaa'ii namoota duratti Yerusaalemitti dubbate sana. Ergamaa Phaawuloos dubbii isaa kan jalqabe deggarsa Agriiphaa argachuu irratti kan xiyyeffatee dha. Namoota beekamoo duratti yaada isaa ibsachuuf carraa akkasii argachuu isaaaf baay'ee galateeffate, sababiin isaa Agriiphaan aadaa Yihuudotaa fi dhimmoota amantii isaaniin hidhta qabu sirriitti waan beekuuf. Kanaaf, Agriiphaan dhimma hadheessaa isa irratti dhiyaatee bulchaa Roomaa hubachiisuuf shoora guddaa qaba, himati isa irratti dhiyaate waa'ee kan hin baafne, dhara.

Dubbii inni dubbate bakka sadiitti quoduun in danda'ama. Kutaa 1ffaa keessatti (Ho.E. 26:4-11), Phaawuloos Fariisummaa isaan leellisaa amantii akka ture ibsee, kun immoo hiriyoota isaa Yerusaalemitti argaman giddutti baay'ee beekamaa dha. Akka Far-iisichaatti du'aa ka'uu warra du'anitti in amana, abdii abboota Isiraa'eliif kenname ulaagaa guutamuu qabu keessaa tokko. Kanaaf, Yihuudonni, barsiisa Phaawuloosiin mormuun wanta wal faallessu hojjetan, waan biraa makata hin qabu, bu'uruma irraa Yihuudii dha. Yaada isaanii sirriitti in hubata, Phaawuloos mataan isaa Waaqayyo akka Yesusiin du'aa kaasee fi amantoota du'aa ka'uutti amanan baay'ee ari'achaa tureera.

Kutaa 2ffaa keessatti (Hojii E. 26:12-18), erga karaa Damaasqoo irratti Yesusiin tufii walitti ba'anii waa'ee jijiiramuu ilaalcha Phaawuloos gabaase, akkasumas wangeela gara Ormoot-aatti akka geessuuf kan waamame ta'uu isaa ibsa.

Xumura irratti Phaawuloos akkas jedha, waan inni (Hojii Ergamootaa 26:19-23) keessatti arge sanaaf abboomamuu malee

filmaata hin qabu, kanaaf hojii ergamummaa hojjechuu dha. Sababa kana qofaaf, murtii eeggachaa jira. Dubbii dhugaan hidhamuu isaa garas jiru, seera Yihuudotaa cabse yookkaan mana sagadaa xureesse isa jedhu dha. Caalaatti, barsiisa Yesusii fi du'aa ka'uu isaa ti, kun immoo barreeffama qulqullaan'a'aa waliin tokkummaa kan qabuu fi Ormoota amananiif fayyina keessatti mirga wal qixxee akka qabaatan ehama.

Hojii Ergamootaa 26:18 dubbisi. Akka heertuu sanaatti, warra fayyina isaannii Kiristoositti qabaataniif maaltu ta'aa? Dhugaa kana shaakalteetta?

KAMISA

Fuul-bana 20

Phaawuloos Fuula Hoggantootaa Duratti

Yoo Phaawuloos Agriphaatti dubbataa jira yoo ta'ee iyyuu, dursee kan deebii keenne Fesxoossi (Ho. E. 26:24). Utuu Phaawuloos waa'ee lubbuu cubbuu keessa jirtuu dubbatee, Festxxos rakkoo hin qabu ture. Inumaa iyyuu Giriikoo-Roomaa durii yaada lamaanuu beeku—cubbuu if du'aa ka'uu haala gaarii ta'een waliin hin deeman. Kanaaf, isaan isa duraa fudhatanii isa boodaa gatani. Kanaaf Phaawuloos wangeelli Ormootaaf gowwummaa dha kan jedheef (1 Qor. 1:25). Phaawuloos karaa ulfina- qabeessa ta'een fayyummaa isaa fi yaada isaa erga falmatee booddee, gara Agriphaatti garagalee, Yihuudiin tokko dubbii isaa hubachuu danda'uu qofa utuu hin ta'in, garuu, wanti inni dubbate raajota Ibirootaan kan walii galuu ta'uun isaa mirkaneessuu danda'a.

Hojii Ergamootaa 26:27,28 dubbisi. Gaaffii ulfaataa Phaawuloos gaafateef deebiin Agriiphaa maal turee?

Gaaffiin Phaawuloos Agriphaa rakkina guddaa kssaa buuse. Akka Yihuudii tokkootti, barreeffama Qulqullaan'aatti amanuu isaa hin haalu; harka biraan, Yoo eeyyee jedhee deebisee, isaaf filmaati biraan hin jiru Yeusiin akka Masihiiitti fudhachuu malee. Deebii inni ogummaan deebisee, kiyyoo keessaa isa baase: "yeroo gabaabduu keessatti kiristaana na gochuuf jetta.' "(Ho.E. 26:28)

Dinqisiisaa kan ta'e gaaffii fi deebiin Phaawuloos Hojii wangeelaaf of kennaa ta'uun isaa sadarkaa ol'aanaan mul'ise:
" Yeroon isaa gabaabbatus , dheeratus si duwwaa iyyuu utuu hin

ta'in, warri har'a na dhaggeeffatan hundinuu, hidhamuu koo irraa kan hafe, akka koo akka ta'an Waaqayyoon nan kadhadha." (Ho.E. 26:29). Mana murtii keessatti jechooti isaa xumuraa, ergamichi akka warra isa dhggeeffachaa turanii bilisa haa ta'uuf hin kadhanne. Qooda kanaa, fuuncaa harka isaattii malee, akka isaa akka ta'an hawweef. Hinaaffaa Phaawuloos dhuga-ba'umsaaf qabu nageenya mataa isaa irra baay'ee caalaaf.

Hojii Ergamootaa 26:30-32 dubbisi. Agriiphaan garraa-mummaan Phaawuloos balleesaa akka itti ta'ee akkamitti ibsee?

Fesxoos kan Agriiphaa barbaadeef, gabaasa qopheeffachuu keessatti akka isa gargaaruuf (Ho.E. 25:25-27). Qeesaaritti ol iyyannoон Phaawuloos gaafate fudhatameeraaf (Ho.E. 25:12). Hidhamtichi kana booddee warra kutaa biyyaa bulchan irraa murtii hin eeggatu jechuu dha.

Hojii Ergamootaa 26:24-28 dubbisi. Phaawuloos xumura irratti maal kadhate, dhimmoota amantii keessatti aboon keenya yeroo hundaa maal akka ta'uu qabu, kun maal nu barsiisaa?

JIMAATA

Yaada Bal'inaan: "Jechooti kunniin sammuu Agriiphaa gara boodaatti deebisuun waa'ee seenaa ifaajee maatiin isaa Isa Phaawuloos waa'ee Isaa lallabuu mormuun godhan ija malee hafuu isaa yaadachiise? Waa'ee akaakilii isaa, Herod Yaadeeraa, akkasuma balleessaa malee waa'ee ajjeefamuu ijoollee Beetileyem? Waa'ee abbaa eessuma isaa (akaakayyuu) Antiipaas jedhamuu, waa'ee ajjeefamuu Yohaannis cuuphaa yaadeeraa? Waa'ee abbaa isaa 1 Agriiphaa, waa'ee ergamaa Yaaqoob, isa aarsaa ta'ee yaadeeraa? Dha'ichaa, isa kufaattii moototaa ariifachiise, yakka garboota Isaa irratti waan raawwataniif, Waaqayyo gochaalee sanatti akka hin gammanne kun raggaan dha. Guyyaan ayyaanaa fi argisiisaa sun ,Agriiphaa, abbaan isaa,mootii aango-qabeessi yeroo wal fakkatu kanattti, uffata bareedaa fi calaqqisaa uffatee mandarat-tii dhuma kana keessa dhaabata, namoonii immoo inni waaqayoo jechuun iyyaa turan ? Namoota iyyaa isa jajachaa turan duratti ak-

Fuul-bana 21

kamitti akka du'e, ijaa baafachuu, saffisa, rakkina, ulfina mootii isa akkasumaanii tarii in irraanfate laata? Waantoota hunda kana keessa wanti Agriiphaan yaadachuu dadhabe akkasumaan ta'uun isaa isa gowwomse, wantoota caccalaqqisoo fuula isaa dura jiran, boonuu, ol of qabuu hundi isaanii yaada garii samuu isaa keessaa balleessan.” ”—Ellen G. White Comments, *The SDA Bible Commentary*, vol. 6, pp. 1066, 1067.

Gaaffiilee Maree:

1. Daree keessatti waa'ee Phaawuloos Qeesaarim dhagessifachuuf murteeffate irratti mariadhaa. Murtiin kun sirrii dhaa? (Ho. E. 25:25; 26:31,32 wal maddii qabi ilaali)? Guutummaatti eegumsa Waaqayyoo irra dhaabachuu dhiisnee karaa seera-qabeessa ta'een murtii tarsimmaa'aa murteessuun hammama mata keenya eeguu dandeenyaa?

2. Ibsa Phaawuloos Agriiphaaf godhe irratti yaada kenni: “Kanaaf yaa Agriiphaa mootii, ani mul'ata isa waaqa irraa anaaf dhufe jalaa hin didne.” (Ho. E. 26:19). Waa'ee Phaawuloos kun maal nutti himaa? Akka Kiristaanotaatti ergama itti waamamneef hammam amanamoo dhaa?(1 Pheeexiroos 2:9,10).

3. Phaawuloos namootaaf jaala (ho'a) qaba—lakkosfsaaf miti, garuu namootaaf. Isa xumuraa yamuu mana murtii Qiisaariyaa keessatti, namoota isa dhaggeeffachaa turaniin akkas jedhe hawwii isaa ibse: onneen isaa in hawwa, utuu hundi isaanii akka isaa ta'anii, ayyaana Waaqayyoon kan fayyanu (Ho.E. 26:29). Gadi dhifamuu fi bilisummaa yookaan haqa mataa isaa caalaa utuu nagoonni fayyina Waaqayyoo dhandhamanii hawwe. Fakkeenyaa kana irraa nuyi maal barachuu dandeenyaa? akka wangeellii baba-la'tuuf aarsaa barbaachisu baasuuf hammam fedha qabnaa?

4. Agriiphaan afaan Phaawuloos irraa wangeela dhaga'uuf carraa argatee ture. Ta'us in fudhanne. Carrooti gurguddoон yammuu


5. kallattiidhaan dhufanii fuula keenya dura dhaabatan, akka nu harkaa hin baanetti of eeggannaa akamii godhuu qabnaa? Dhugoota nu marsanii jiraniif akkamitti hafuuraan jabaannee dhaabannaan?

Barummsa 13ffaa Fuul-bana 22-28

Imala Gara Roomaatti

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'anno Torban Kanaaf Heertuuwan Armaan Gadii Dubbisaa: Ho.E. 27,28; Room. 1:16-20.



“Hin sodaatin yaa Phaawuloos, mootii warra Roomaa dura dhaabachuuf jirta; kunoo, Waaaqayyo, ayyaana isaatiin namoonni warri si duuka jiran hundinuu du'a akka ool in godha anaan jedhe” Ho.E. 27:24).

Phaawuloos Roomaa daawwachuuuf dharraa qaba ture, Yesusaalemitti hidhamuun isaa waan hunda jijiire. Dhiibbaa leel-listoota seeraa geggeessitoota waldaa Yerusaalem isa irra ga'een, qabamee isa yeroo imala galaana irraa gara Xaaliyaanii dabalatee hidhaa waggoota shanii mana hidhaa Roomaatti raawwate. Jijjiiramni kun miidhaa hamaa karoora hojii ergama isaa irratti fide. Guufuun yoo isa mudate iyyuu, Yesus mataan Isaa amma iyyuu ergamichi waa'ee Jesus warra Roomaaf akka dhugaa ba'u abdachiiseera (Ho.E. 23:11). Yeroo nuyi hojii Waaqayyoo milkeessuu dadhabnu, (karaa irraa maqnu), Waaqayyo amma iyyuu carraa biraa nuuf kenna. Rakkoo hojiin keenya nutti fidu irraa yeroo hunda nu hin oolchu yoo ta'e iyyuu. Phaawuloos akka hidhamaatti Roomaa qofatti hin geeffamne, garuu, takkaa Ispahaniyaa dhaqeera yoo ta'e, ragaan Macaafa Qulqulluu kan mirkaneessu hin jiru, akkuma Roomaa dhaquuf abdate (Room. 15:24). Hidhaa Roomaa isa jalqabaa irraa erga hiikame, Phaawuloos ammas hidhamuutu irra ture, marsaa kana dhiphifamuun wareegamuuf jira (2 ximo. 4:6-8) bara Mootii Neeroo Dh.B. 67. Eyyee, Phaawuloos Roomaa ga'eera, mana ajjaratetti hidhamee, fuula Mootii Mootootaa duratti dhiyatee murtii fudhachuu

eeggachaa jira, yoo funyoo siibiilaan hidhamee iyyuu (Efe.6:20; Fili.1:13) dhowwa malee warra gara isaa dhufan (Ho.E. 28:30,31), hundumaa simata: Abbootii taayitaa mana Mootii Qeesaar dabalate (Fili. 4:22).

JALQABA TORBANII Dooniin Gara Roomaatti

Fuul-bana 23

Qiisaariyaa keessatti, erga waggaa lama hidhamee booddee (Ho. E. 24:27), gara Roomaatti ergame. Imalii bishaan irra gara Ixaaliyaatti ta'u kun dheeraa fi balaafamaa waan ta'eef maqaa dachaan fi qabeenya guddaa kan gaafate ture (Ho.E. 27:1; 28:16), Luqaas miilttoo Phaawuloos, akkasumas Kirstaanni biraa Arisxaarkos(Ho. E. 27:2). Nmani beekamaan imala kana keessatti hammatamu ajajaa waraana Roomaa kan ta'e, Yulii'os, hidhamaa kan biraa fuudhee adeema(Ho.E. 27: 1).

Yammuu isaan gara Roomaatti imala jalqaban, tibbi gannaan seenee bubbuleera. Hagabuun /sooma sun (Ho.E. 27) guyyaa araarsaa Onkolololessa walakkeessa lammataatti geggeeffamu waliin hidhata qaba. Sababa haala qilleensa gannaa(winter) galaana Mediteraaniyaa irra imaluun ulfaataa waan ta'eef,Sadaasaa hamma Bitootessaatti addaan kutuun beekamaa dha.

Haa ta'u malee, yeroo kana, jalqaba irraa kaasee rakkoo guddaatu isaan mudate, xumura irratti yeroo dheeraa booddee, iddo buufata doonii xinnoo biyya bishaanin marfate, Qareexis, keessatti argamtu, buufata ba'eessa Haveens jedhamtu ga'an (Ho.E. 27:8).

Hojii Ergamootaa 27:9-12 dubbisi. Utuma buufata doonii ba'eessa Haveens jiranii, Phaawuloos akkamitti seenicha gidduu seenee, seenicha keessa galuun isaa akkamitti simatamee?

Akeekkachiisi Phaawuloos hin qalbifatemne, Kanaaf gara lixaatti maayilii 40 gara buufata doonii (Phoniks) Yeroo gannaan , yeroo qilleensa hamaa, achitti haala gaariin dabarsuun in danda'ama. Hin carroomne, haalli qilleensa tasa geeddaramuu wajjin, bubbee ci-maan qabamanii, warri doonii sana keessa turan, dooniin isaanii lafa

irraa fagaatee, qilleensaan oofamee, gara kibba-lixaatti socho'uu malee filmaata hin qaban turan. Utuu hin turin ba'aa doonii irra ture galaanatti gadi darbachuu jalqaban, meeshaa jijiirraa doonichaa utuu hin hambisin galaanatti naqan, gadi liqimfamuu kan jalqabe doonichi, akka itti salphatuuf yaadamee. Haalichi diraamaa fakkaata. Guyyota hedduuf utuu ifa aduu hin argin, dukkan keessa, rooba jabaa fi qilleensa balaafamaa booddee, eessa akka turan kan hin beekne, raawwatanii kan dadhaban, xumura irratti, "yammusuma ooluudhaaf, abdiin nuyi qabnu hundinuu in cite" jedhan (Ho. E.27:20).

Hojii Ergamootaa 27:21-26 dubbisi. Seenicha keessa gidu-seentummaa lammataa Phaawuloos maalii?

Jechoota raajummaan, garee doonii sana irra turanitti Phaawuloos ergaa Waaqayyo biraa fudhate isaanitti himee ture. Sababiin abdii kutanna hin jiraatu. Amma iyyuu balaa fi badiisi jiraachuu danda'a, garuu, hundi isaanii in baraaramu.

Garbichi Gooftaaf ofii isaa kennee fi amanamaan akka Phaawuloos maaliif hamma kana dhiphina sadarkaa adda ad-daa keessatti dhiphifamee? Muuxannoo kana irraa barumsa akkamii fudhanna?

WIIXATA

Fuul-bana 24

Balaa Dhidhimuu Doonichaa

Seenicha keessa giddu-seentummaa isaa lammataan, Phaawuloos namoonni 276 imala irra kan turan hundi (Ho. E. 27:37) yoo wanti hundinuu gaarii ta'uudhaa baate iyyuu, miidhamni tokko iyyuu hin jiraatu, doonicha qofatu dhidhimuu danda'a (Ho.E.27:22). Guyyota kudhafur booddee dubiin ergamichaa in raawwatame. Amma iyyuu, dha'icha galaana hamaa jala jiru, doonichi raawwatee galaana irra to'anno warra oofuun alatti bololi'a jira, warri doonii oofan waan qaama lafaatti dhiyaatan se'an, sababiin isaa sagalee hoomachaa fi bishaan hededatti rukutamuu waan dhaga'an-if(27:27). Sagalee wal irraa hin cinne erga dhaga'aa turanii booddee, doonichis dhagaa qarqara galaanaa jirutti rukutama

jedhanii sodaatanii, qofoo sibilaa, isa ittiin doonii dhaaban afur doonicha gama duuban galaanicha keessa buusan saffisa akka gadi buusuuf, abdii kutannaan bari'ee akka ifa arganiif waaqolii isaanii kadhatan (Ho.E. 27:28,29).

Hojii Ergamootaa 27:30-44 dubbisi. Seenaa kana keessa barumsa akkamiiitu jiraa, kan barachuu dandeenyu?

Jalqaba imalichaatti, angafi dhibbaa Phaawuloosiin yoo qabaa gaarii qabe iyyuu, akka nama waa'ee doonii, dha'icha galaanaa fi qilleensa irratti beekumsa qabuutti ergamicha amanuuf sababa hin qabu, waan inni dursee raajes akkasuma. Torban lama booddee haalli adda ta'e. Waa'een dhidhimuu doonii gidduu galuu isaan, akka Phaawuloos ulfina angafa dhibbaa argatu godheera (Ho.E.27: 21-26), gara raawwamatamuu isaa irratti ulfina argate.

Phaawuloos namoota doonichaan deeman mara akka isaan nyaataa nyaatan gorse, yoo kana ta'uudhaa baate bishaan daakanii gara qarqaraatti ba'uuf jabina hin argatan waan ta'eef. Waaqayyo waan hojjechuu qabnuu ala nu hin godhu. "Jalqabaa hamma xumura seenaa kanaatti, Waaqayyo, Isa nageenya isaanii mirkaneesse fi ifaajee namooti nageenya isaanii mirkaneffaachuuf godhan giduu madaallii gaariin eegameera." —David J. Williams, *Acts* (Grand Rapids: Baker, 1990), p. 438.

Akkuma bariin lafaa dhiyaachaa adeemuun, warri doonii ofan lafa argan, gorba lafaa ti, akka galoo wayi, achi baqatanii adeemuuf murteeffatan. Doonichi qarqara galaanaachaa bira hin geenye. Cirracha kuufamaatti dirmee, achumatti humna dha'aa galaanaan caccabee gargar ba'e. Warri waraanaa warra hidhamtootaa ajjeesuuf karoorsanii turan, bishaan daakanii nu jalaa baduu danda'u jedhanii waan sodaataniif, garuu angafa dhibbaatu isaan dhowwe, tarii, sababa Phaawuloosiif ta'uun danda'a. Xumura irratti, akkuma Waaqayyo kakuu gale, lubbuun tokko iyyuu hin badne.

**Maal nuun jedhaa? Humni dhuga-ba'unsa Phaawuloos, amalli isaa, Phaawuloosiin jiraachisuuf fedha qaban irraa ka'uun warri waraanaa hidhamtoota keessaa tokko iyyuu hin ajjeesne?
Kun ergaa akkamii nuuf dabarsaa.**

Malaaxiyaa Keessatti

Imaltoonni baraaraman erga qarqara galaanaatti ba'anii akka Malaaxiyaa ga'an baran. Malaaxiyaan odola xinnoo wiirtuu galaana Mediteraaniyaa keessatti argamtuu dha, xiqqoo gara kibba Qiiliiqiyaatti. Torban lamaaf qilleensaan oofamanii galaana irra yeroo bololia'aa turanitti, erga buufata doonii garii Haveens jedhamuu ka'anii walumaa gala maayili 475 galaana irra adeeman, buufati kun Qareexis keessatti argamti. Amma utuu imala isaanii itti hin fufin hamma tibbi bonaa (winter, tibbi kun biyyoota naannoo Galaana Mediteraaniyaaf tibba roobaa ti) darbutti ji'a saddiif achuma turuun eeggachuu qabu (Ho.E. 28:11).

Hojii Ergamootaa 28:1-10 dubbisi. Odola Malaaxiyaatti maaltu Phaawulos irra gahe? Waaqayyos akkamitti karaa isaa hojjechuu jaallatee?

Uummati Malaaxiyaa namootaaf jaalala guddaa waan qabaniif, haala gaariin simatanii keessumsiisan. Wanti isaan jalqaba godhan Phaawuloosii fi miiltoowwan isaa bishaaniin xoolla'aniif qorraan rukutamaniif ibidda qabsiisanii akka ho'ifatan godhan. Tibba sanatti ho'inni Malaaxiyaa F50 hin caalu.

Taateen bofichaan wal qabatu akka namoonni Phaawuloos irratti xiyyeffatan godhe. Jalqaba irratti warri ormaa adaba waaqayyo biraaj kennamee dha jedhan. Nama gumaa akka ta'ee fi du'a jalaa ba'uuf xillinfoo bishaan lixee, garuu waaqoliin qabame, yookaan waaqattii Giriik, Dikē, qabame jedhan. Ergamichi waan hin duuneef, akka waaqolii keessaa isa tokkootti ilaalam, akkuma waggoottan dura Lisxiraatti ta'e (Ho.E. 14:8-18). Yoo Luqaas seenicha gadi fageenyaan ibsuudhaa baate iyyuu, Phaawuloos carraa kanatti fayyadamee Waaqayyo Isa tajaajiluuf dhugaa ba'eera jechuun tilmaama qajeelaa dha.

Phophlii'os abbaa alangaa Malaaxiyaa yookaan nama naanno sanatti abo-qabeessa beekamaa ta'uu danda'a, Phaawuloosii fi miiltota isaa guyyoota sadiif mana isaatti akka firaatti isaan simate, hamma bakka isaan turan iddo dhaabaataa arganiifitti. Madaallii

kamiinuu abbaan namicha kanaa harka Phaawuloositti fayyuun, phaawuloosiif carraa tajjajila fayyisuu saba Malaaxiyaa keessatti akka inni jabaatee hojjetu godhe. Seenaa Luqaas barreessee keessatti, yammuu Phaawuloos Malaaxiyaa ka'u nama jijiirame tokko, yookaan waldaa achitti dhiisee adeemuu isaa wanti tooko ille hin ibsamne. Irra darbuun akkasii kun tasa ta'uu danda'a. Ta'us ergami keenya biyya lafaa kana keessatti cuuphaa yookaan waldaa ijaaruu ol akka ta'e argisiisa. Namootaaf yaaduu fi waan isaan barbaachisu—fedhii isaanii guutuu hammata. Kun kutaa amala wangeelaa isa shaakalaan argisiifamuu dha (Ho.E. 20:55, Tiitos 3:14 waliin wal bira qabii ilaali).

Namoonni doofaan odola irra jiraatan kunnin miira haqa Waaqayyoo qabaachuun isaanii akkam namatti tolaa? Maayyi irratti, miirri sun eessaa dhufee? Room.1:18-20 ilaali.

ROOBII

Fuul-bana 26

Xumura Irratti Phaawuloos Roomaa Keessatti

Phaawuloosii fi miiltoowwan isaa ji'oota sadii erga Malaaxiyaa turanii booddee, xumura irratti imala isaanii itti fufuu danda'aniiru (Ho.E. 28:11). Mandara Photiyoli jedhamtu ga'an (Ho.E. 28:13)— Pozuwaam ammayyaa ti, galoo galaana Nepils, achi irra ka'anii miillaan gara Roomaatti imaluu in danda'u (Ho.E. 28:11-16).

Oduun Phaawuloos dhiyaachaa adeemuu dafee Roomaatti dhga'ame. Gareen amantootaa tokko gara kibbaatti maayiloota hedduu imalan isa simachuuf. Yoo takkaa Roomaa dhagee hin beekne iyyuu ta'e, ergamichi michoota baay'ee qaba mandara Roomaa keessaa: waliin wajjin kan hojjetan, kan jijiiraman (amanan), firoota, akkasumas namoota hedduu inni jaallatu (Room. 16:3-16). Wal gahiin Karaa Aphiyyaa irratti ta'e hala dhidhimuu doonichaan wal qabateen garaa namootaa baay'ee cabse, gama kaaniin immoo Phaawuloos hidhamaa ta'uun isaa adda godha. Michootaa fi kan-neen isa kunuunsan hamma kana jaalala adda ta'e argisiisuun isaaniif, ergamichi Waaqayyoon in galateeffate, murtiif isa fuula Mootii Moototaa dura dhaabachuuf jiruufis jajjabina argate.

Fesxoos gabaasa isaa keessatti, akka seeraa warra Roomaatti Phaawuloos yakka hojjete tokko iyyuu hin jiru jedhee dhuguma barreessuun isaa hin oolle. (Ho.E.25:26,27; 26:31,32). Kun maaliif akka inni mana dhuunfaa ajjarate ibsa (Ho.E.28:30) qooda gara ma-

na hidhaa idileetti yookaan mooraa waraanaatti ergamu, yoo akka hojimaata Roomaatti yeroo hundaa fuuncaan waraanatti hidhame iyyuu. Phaawuloos baasii mataa isaan jiraachuun isaa akka inni hojii ogummaa isaa hojjechuu danda'u argisiisa (Ho.E.18:3).

Hojii Ergamootaa 28:17-22 dubbisi. Phaawuloos akkuma mana ajjaratee tasgabbaa'een battala sanatti maal godhee?

Yoo Phaawuloos gara mana sagadaa dhaquu baate iyyuu, manni sagadaa gara isaa dhufuu danda'eera. Bataluma achi ga'een, imamaammata isaa jalqaba gara Yihuudotaa dhaquu hordofee (Room.1:16), geggeessitoota Yihudota naannoo hunduma waamuun walitti sassaabe,yakka tokko illee akka hin qabne isaaniif ib-suudhaaf, akkuma armaan dura godhe, Inni kan hidhameef sababa hin qabu abdii Isiraa'el irra kan caale (Ho.E.23:6; 24:15; 26:6-8). Akeeki isaa badii hin qabu jedhee hamma kanatti of irraa faccisuu miti, qillensa wal amantaa uumuuun wangeela lallabuuf akka mijittuuf, abdii abboota Isiraa'el isa karaa du'aa ka'uu Yesus raawwatu akkamitti akka ta'u argisuuf. Waa'ee Phaawuloos Yerusalem irraa odeeffanno hin fudhanne, garuu haalichi isaan kan dinqi-see ta'us, Yihuudoti ergamicha dhaggeeffachuuuf murteeffatan.

Hojii Ergamoota 28:22 dubbisi. Lolli hanga ammaatti amantoota irratti geggeefame ilaalchisee kun maal nutti himaa? Yammuu warri kaan waa'ee amantii keenya faallaa yoo dubbatan iyyuu, akkamitti amanamummaan keenya qabannee turraa?

KAMISA

Fuul-bana 27

Injifanno Wangeelaa

Guuyyaa beellamaatti, barsiisa wangeelaa Phaawuloos dhaga'uuf Yihuudonni baayyatani dhufan (Ho.E.28:23).

Hojii Ergamootaa 28 :24-31 dubbisi. Haala kana keessatti qabxiin ijoo Phaawuloos Isaayyaas keessaa fudhate maalii?

Gaaffin Isaayyaas 6:9,10 keessa jiru, yammuu namoonni ergaa Waaqayyo issaaniif dabarsee fudhachuu didan maal akka ta'u kan ibsuu dha. yoo Yihuudota keessaa gam-tokko amanan iyuu warri kaan immoo hin amanne. Sababa walitti bu'insa guddaa kanaa, ergamichi ammas gara Ormootaatti deebi'uu malee filmaata biraa hin qabu (Ho.E. 13:46,47;18:6). Phaawuloos wagga lama eeguu qaba murtii Mootaa argachuuf. Yoo mana hidhaa mataa isaatti daangeffame iyuu, warra gara isaa dhufan hundaaf ittisa malee wangeela qooduufii danda'eera. Akka taatee xumuraa Hojii Ergamootaa keessaa isa tokkootti, isa injifannoo wangeelaaf xiyyeef-fanna keennuu dha. Yihuudota yookaan wara Roomaa, humni ballina wangeela dhaabu hin jiru. Luqaas Macaafa isaa tuqaa kana irratti xumuruun isaa ifaa miti. Hadheessaan Phaawuloos irratti dhiyaate dadhabaa waan ta'eef, mana hidhaa hiikamee, imala ergama biraa dhaquu isaaf ragaan waan jiruuf. Ammas Roomaatti geef-famee, achumatti ajjeffame (2 Xim. 4:6-8). Tarii, akka hubannaa Luqaasitti, fageenyaan hamma Roomaatti illee lallabamuun, wangeelli andaara lafaa ga'eera (Ho.E. 1:8) jedhee yaadeera ta'a.

“Bara dheeraa fi hidhaa haqa dhabeessa sana keessatti Phaawuloos obsaa fi gammachuun qabaachuun isaa, jajjabinaa fi amantiin lallaba wal irraa hin cinnee dha. Hafuurri isaa hafuura biyya lafaa baay'ee addaa. Humni guddaan biyya lafaa caalu akka isaan wajjin jiru dhugaa ba'eera. Fakkeenyummaa isaan, Kiri-staanoti,akkuma Phaawuloos hojii mataa isaanii dhiisuun, gara humna guddaa kanaatti dhufuun akka habukaattoo wangeelaa ta'an isaan dirqisiise. Karaalee kanneeni ture kan bartoonni jaibina dhiibbaa geessissuu danda'u argatan. Yammuu jabinna fi barbaachi-summaan isaa waan xumurame fakkaatetti, akka ilaalcha namoot-aatti waan xinnoo hojjete, kana booddee maasii (maasaa) guutum-matti irraa alatti hambifame irraa Kiristoosiif bissii walitti sasaabe.”—Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 464.

Haa ta'u malee, ergama waldaa irraa ka'uun, Macaaf Hojii Ergamootaa yookaan seenaan baballina wangeelaa hin xumuramne, hafeera jechuun in danda'ama. As irratti tokkoo tokkoon keenya fak-kicha keessa seenna. Jaarrota keessatti boqnnaalee hawwatoo fi diraamawaa ta'an baay'eetu barreeffame, yeroo tokko tokko dhiiga warra amanamoo Waaqayyoof dhugaa ba'aniin barreeffame. Amma

boqonnaa tokko, isa dhuma (abdii qabna) itti dabaluuf dabareen isaa keenya.Kana godhuun ergama Yesus bartootatti kenne gara guutummaatti raawwachuuuti fidna—“kana boodees dhumni in dhu-fa” (Maat. 24:14).

JIMAATA

Fuul-bana 28

Qu’anno Bal’inaan: “ Kiristoos gaafatatumummaa qulqullaa’aa waldaatti kenne. Miseensi hundinuu badhaadhummaa ayyaana Isaa fi barbaacha kan hin qabne qabeenyaa Kiristoos biyya lafaatti labsamuuf hujummoo ta’uu qabu. Warra Isa bakka bu’uun Hafuuraa fi amala Isaa biyya lafaatti labsan caalaa wanti Fayyisaan barbaadu tokko illee hin jiru. Jaalala Fayyisaa isa karaa namootaa mul’tu caaalaa wanti biyyi lafaa barbaaddu tokko illee hin jiru. Waaqni (heaven) hundinuu dhiirotaa fi dubartoota Waaqayyo humna Kiri-staanumaa keessaan mul’isu eeggataa jiru.” —Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 600.

“Tajaajilli hafuuraa akka waldaa dhuunfatuuf, Waaqayyo yeroo dheeraaf eegaa ture, kana booddee hundinuu akka dandeettiisaatti Isaaf akka hojjetuuf fedhii Waaqayyoo ti. Yammuu miseensoti waldaa Waaqayyoo hojii isaanitti kennname akka barbaachisummaa isaatti: dirreetti, manatti, hamma biyya alaatti hojj-etan ergami wangeelaa inraawwatama, guutummaan biyya lafaa in akeekkachiifamti, Kiristoos gara biyya lafaa kanaatti aangoo fi ulfina guddaan deebi’ee in dhufa.” —Page 111.

Gaaffiilee Maree:

- 1.Imala hamma Roomaatti ta’e keessatti Luqaas amantii Phaawuloos Waqayyootti qabu akkamitti ibsee? Amantii haalaan hin daangeffamne akkasii kun warra kaan irratti akkamitti dhiibbaa gessisa?
- 2.Wantoota baay’ee keessa yoo darbe iyyuu, Phaawuloos amantii yookaan ergama isaa hin dhiifne. Bilisummaa dangofte yoo qabaate iyyuu, Room keessatti wangeela lallabuu it-tuma fufe. Yammuu qoramnee wangeela namootatti labsuu dhiisuuf jennu maal godhuu dandeenyaa?

- 3.Roomee 1:14,15 dubbisi. Wangeela nama kamittuu lallabuuf, Phaawuloos maaliif mataa isaa dirqama jala galchee? Dirqami keenya kan isaatii gadii? Ibsa kana qalbifadhu, “Lubuu oolchuun hojii umurii guutuu nama hundaa warra Kiristoosiin labsanii dha. Ayyana isa karaa Kiristoosiin nuuf kennameef, ifa nu irratti ifeef,bareedinaa fi humna dhugaa nuuf kennameef, biyyi lafaa gatii (LIQII) nu irraa qabdi.” —Ellen G. White, *Testimonies for the Church*, vol. 4, p. 53.
- 4.Isaayyaas keessaa keewwata Phaawuloos itti fayyadame ammas dubbisi. Yaadi kun akkamitti nu irratti hojjetaa? Eyyee, dhugaatu guddaatu nutti kenname, garuu yoo itti mataa jabaanne, yookaan isa gudaa dhiifne, waanuma xinnoo fudhannee, innumtuu yammuu fedhii fi hawwii keenyyaan wal faalleessu, balaa hafuuraa akkamiiitu nu mudataa danda’aa?
- 5.Me waa’ee waraana(poolisii) Phaawuloos itti hidhame yaadi. Namicha isa baay’ee itti maxxanee hidhame sana keessatti maal arge jettee yaaddaa?

Namoota dhuunfaadhaanis ta'e Jaarmiyaa (Dhaabbataan)
Caaffatoota Raagaa (Hafuura Raajii) Hiikuu fi Maxxansuu;
Akkasumas Raabsuu barbaadan hundaaf-

YAADACHIISA!

Caaffanni Hafuura Raajii (*Spirit Of Prophecy-SOP*) qabeenya
dhaabbataa Waldaa Adiveentistii Guyyaa 7^{ffaa} Addunyaawaati.

Kanaafu, kitaabota kana guutummaa isaas ta'e gartokkeesaa, namni
dhuunfaas ta'e dhaabbantni gara Afan biyyattii keessatti dubbatamu
kamiitti iyyuu hiikee maxxansuu fi raabsuu yoo barbaade hojii isaa utuu
hin eegalin dursee qaamaanis ta'e barreeffamaan Waajira Olaanaa Ma-
na Maxxansa Yuuniyen Miishinii Itiyophiyaa ayyamsiisuudhaan erga
waliigaltee irra ga'ee booda hojii isaa itti fufuu ni danda'a

Haala kanaan , dhaabatnis ta'e namni dhuunfaan kitaabota raagaa
(Hafuura Raajii) kana maxxansee wangeela biyya lafaatiin ga'uu kan bar-
baadu hunduu ni jajjabeffama.

Haata'u malee garuu; ayyama Waldaa Adiveentistii Guyyaa 7^{ffaa} Ad-
dunyaawaatiin ala maqaa waldattiitiin caaffata Hafuura Raajii kana
maxxansiisanii raabsuun akka seera biyyattiittis ta'e akka mirga
maxxansaadunyaatti kan itti nama gaafachiisu ta'uu isaa ibsaa, itti
dabalee immoo kitaaba dhaabatni kun hiiksisa jiru qaamni biraan
immoo hiikee dubbistootaaf dhiyeessuun qisaasama dinagdee, humnaa
fi yeroo hordofsiisa.

Sababa kanaaf, hundumti keenya iyyuu akkaataa Seeraa fi Danbii ittiin
Bulmaata Waldattiitiin barreeffamoota keenya maxxansiisuudhaanis ta'e
raabsuudhaan Ergaa Ergamoota Sadanii ariifachiisuu akka dandeenyuuf
Gooftaan nu haagargaaru.

DHAABBATICA IRRAA!!!



የኢትዮጵያ አዲስአበባ ፌዴራል የተሰኞ ደምዥ

ትግርኛ

መቶ 12:00 - 12:30
9530 KHz 31 ማ.በንድ
 ማ.ቁ. 1:30 - 2:00
15130Khz 19 ማ.በንድ
 አየር ቅጂያ
 ስልክ +251 115 511199
 የወሰን መስመር 205
 ወይም
 +251 910 145105



ፖ.ሳ.ቁ. 145 አዲስ አበባ

አማርኛ

መቶ 12:30 - 1:00
1500 KHz 19 ማ.በንድ
 ማ.ቁ. 2:00 - 2:30
17570Khz 16 ማ.በንድ
 አየር ቅጂያ
 ስልክ +251 115 511199

አድራሻ
 የወሰን መስመር 242
 ወይም
 +251 911 137222

እርጥኛ

መቶ 12:00 - 12:30
15500 KHz 19 ማ.በንድ
 ማ.ቁ. 2:30 - 3:00
15155 KHz 19 ማ.በንድ አየር ቅጂያ
 አድራሻ
 ስልክ +251 115 511199
 የወሰን መስመር 237
 ወይም +251 921 600938

የተለለ ተደግልዎችን አንድነት ለማቅረብ ከመረጃ መረጃዎች www.awr.org እና በመግባት አንድነት ማግኘት ይችላሉ::

የኢትዮጵያ አዲስአበባ ፌዴራል
 የአማርኛ ቀንቃ ስርዓቱን በከርስቲያን ቀናል ማስታ
 ወሰን ከዚህ በታች በተመጠው መሰረት የገኘች
 HC The Voice of Hope
 Frequency: 12574
 Symbol Rate: 09700
 Polarity: Horizontal
 Satellite: Intel Sat 68.5E
 LNB: KU BAND

በተጨማሪዎች
 በአማርኛ የለ አድማራልዎችን 712 432 9970
 በመጀመሪያ አንድነት ማግኘት
 በአንጻራ የለ 033 001 03890 በመጀመሪያ
 ተደግልዎችንን በማግኘት ማግኘት
 ማቅረብ ይችላሉ

የኢትዮጵያ አዲስአበባ ፌዴራል የተሰኞ ደምዥ ያደምዥ ያደምዥ

ለወደፊት በማስተዋወቂና በመግቢት የበረከብ ተካኔ. ይህን